



**XIINXALA WANTOOTAA DANDEETTII AFAAN OROMOOTIIN
KEEYYETA BARREESSUU BARATTOOTA KUTAA 10^{FFAA} IRRATTI
HUDHAA TA'AN: HAALA FINFINNEE MANA BARUMSAA
MADAANAALAM SADARKAA 2^{FFAA}**

**QORATAAN: TAAMMANAA FUFEE
GORSAN: KURII BAAYISAA (PhD)**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEJJII NAMOOMAA,
FAAKAALTII QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2016/2024
FINFINNEE**

Yuunvarsitii Addis Ababaa
Dhaabbata Qorannoo Digrii Lammaffaa (M.A)

Waraqaan Qorannoo Kun Ulaagaa Digrii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Barsiisuuf Gamisaan Guuttachuuf Mata- Duree: ‘Xiinxala Wantoota Dandeettii Afaan Oromootiin Keeyyata Barreessuu Barattoota kutaa 10^{ffaa} Irratti miidhaa fidan. Haala Finfinnee Mana Barumsaa Madaanaalam Sadarkaa 2^{ffaatti} Taammanaa Fufaatiin qophaa’e sadarkaa Yuunvarsitii Finfinnee kan guute ta’uu nimirkanessina.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

MIRKANEEFFANNAA

Aniqorataan mallattoon kiyyaa gaditti mallatteffame qorannoon kun kan kiyyaa ta'uufi kanaan dura Yuunvarsitii kam keesstuu qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta'uusaa akkasumas,wabiileen dubbise hundi haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabeeffachuu koo nan mirkaneessa.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaaa _____

Galata

Hunda dura Waaqa uumaa gargaaree sadarkaa kanaan nagaheefi hojii kana naxumursiise guddaan galateeffadha. Itti aansuudhaan, hojii qorannoo koo kanaaf jalqabaa hanga dhumaatti nuffii tokko malee mata-dureekoo fooyyessuurraa eegalee hanga gabaasa dhumaa barreessuutti hojii kana kan qajeelchan Barsiistuu Kurii Baay'isaa (Dr.) eebbifamaan jedha. Yaadaan cinaakoo dhaabbachuufi kadhannaan kan na gargaaraa turte haadha manaakoo barsiistuu Taaddalech Tsaggaa, ijoollota koo kan ta'an Amaanu'eel Taammanaafi Ilillii Taammanaatiin naaf guddadhaan jedha. Itti aansuun abbaakoo Obbo Fufaa Qannoofi haadhakoo aadde Kabbabush Dafaa xinummaa kaasanii barsiisanii kan naguddisan Seenaan isin haayaadatu. Akkasumas, barsiisotaafi barattoota odeeffannoo naa kennuun na gargaaraniifi hooggantoota koo baay'ee haala naa mijeessuun na gargaaraa turan guddaan galateeffadha. Dhumarratti, Obboleessa koo Sooraa Qananii Ayyaanaa kompiitera gumaachuun kan na deeggeran guddaan isaan eebbisa.

Jibsoo

Afaan Oromoo

Afaan Tokkoffaa

Duubdeebii

Mala qoraannoo Akkamtaa

Mala qorannoo Hammamtaa

Odeef-kennitoota

Afaan Ingilzii

Target Language

Feedback

Qualitative Research

Quantitative Research

Respondent

Baafata

Fuula

Galata	iii
Baafata	v
Tarree Gabateewwanii.....	ix
Axareeraa	x
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1. Seen-duubee Qorannichaa.....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa	3
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo	4
1.3.2. Kaayyoo Gooree	4
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	5
1.5. Daangaa Qorannichaa	6
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	6
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU	7
2.1. Maalummaa Barreessuu	7
2.2. Maalummaa Keeyyataa.....	7
2.3. Caasaa Keeyyataa	9
2.3.1. Hima Ijoo	9
2.3.2. Hima Ijoo Jalqaba Keeyyataarratti Argamu	10
2.3.3. Hima Ijoo xumura Keeyyataarratti Argamu.....	10
2.3.4. Hima Ijoo Gidduu Keeyyataarratti Argamu	10
2.3.5. Hima Ijoo Jalqabaafi Dhuma Keeyyataarratti Argamu	11
2.3.6. Himoota Gargaartuu.....	11
2.3.7. Hima Goolabaa	12

2.4. Gosoota Keeyyataa	12
2.4.1. Keeyyata Addeessaa.....	12
2.4.2. Keeyyata Seenessaa	13
2.4.3. Keeyyata Ibsaa	13
2.4.4. Keeyyata Amansiisaa	13
2.5. Amaloota Keeyyata Gaarii.....	14
2.5.1. Tokkummaa.....	15
2.5.2. Walta'iinsa Himootaa	16
2.5.3. Qindoomina Keeyyataa.....	17
2.5.4. Tartiiba Ijaarsaa.....	18
2.5.5. Guutummaa.....	19
2.5.6. Xiyyeeffannoo.....	19
2.6. Tooftaa Keeyyata Barreessuu Barsiisuu.....	19
2.6.1. Waan Barreeffamu Adda Baasuun Beekuu	19
2.6.2. Waan Barreeffamu Irratti Odeeffannoo Funaanuuf Filachuu.....	20
2.6.3. Barreessuu Eegalu.....	20
2.7. Hanqinoota Keeyyata Barreessuu	20
2.7.1. Hanqinoota Qubeessuu	21
2.7.2. Hanqina Sirna Tuqaaleetti Haalaan Fayyadamuu	22
2.7.3. Hanqinoota Qub-Guddeessatti Fayyadamuu.....	23
2.7.4. Hanqina Hima Sirrii Barreessuu	23
2.7.5. Hanqina Caasaa Keeyyataa Eeganii Barreessuu	24
2.7.6. Hanqina tartiiba Keeyyataa Eeganii Barreessuu	24
2.8. Maddoota Dogoggoraan Keeyyata Barreessuu.....	24
2.8.1. Shaakala Barreessuu Dhabuu.....	25
2.8.2. Meeshaalee Barnootaafi Adeemsa Baruu fi Barsiisuu	25

2.9. Miidhaa Dogoggoraan Keeyyata Barreessuun Fiduu	26
2.10. Keeyyata Barreessuu Akkaataa Ittiin Cimsachuun danda'amu	27
2.11. Yaadiddama Qorannichaa.....	28
2.12. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii.....	28
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA	29
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	29
3.2. Madda Ragaalee.....	31
3.2.1. Madda Ragaa Duraa.....	31
3.2.2. Madda Ragaa Lammaffaa	31
3.3. Irraawwatama Qorannichaa	31
3.4. Mala Iddatteessuu	32
3.5. Meeshaalee Ragaaleen Ittiin Funaanaman	32
3.5.1. Sakatta'a Dookmantii	33
3.5.2. Bargaaffii.....	33
3.5.3. Afgaaffii	34
3.5.4. Qormaata.....	35
3.6. Tartiiba Odeeffannoon Ittiin Funaaname	35
3.7. Mala Ragaaleen Ittiin Qaacceffame	35
BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI IBSA RAGAALEE	36
4.1. Qaaccessa Ragaalee Bargaaffii Barattootaa.....	37
4.2. Qaaccessa Qormaata Barreeffamaa Barattootaa	47
4.3. Himoonni armaan gadii yoo qindaa'an keeyyata tokko ta'u.Qubee isaan irra jiran fayyadamii qindeessii keeyyata tokko taasisi.	49
4.4. Xiinxala Ragaalee Afgaaffiidhaan Barsiisota Irraa Funaanaman.....	50
4.5. Qaaccessa Ragaa Sakatta'a dokmantiin Argame	57
4. 5.1. Sakatta'iinsa kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10ffaa	57
4.5.2. Sakatta'a Barruulee Barattootaa.....	59

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA	60
5.1. Cuunfaa	60
5.2. Argannoo	62
5.3. Yaada Furmaataa	63
Wabiilee	64
Dabalee A	67
Bargaaffii Barattootaaf Qophaa'e	67
DABALEE B	70
Afgaaffii Barsiisota Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa barsiisaniif dhiyaate.	70
DABALEE C	72
Cheekliistii Haala Barruulee Barattoota Kutaa 10ffaa Itti Qaaccessuuf Qophaa'e	72
DABALEE D	73
Cheekliistii Kitaaba Barattoota Kutaa 10ffaa Itti Qaaccessuuf Qophaa'e.	73

Tarree Gabateewwanii

Gabatee 1: Shaakala addaa qabiiyyeetti dabalamee barsiifamu	37
Gabatee 2: Miidhaa hanqinni barreeffamaa quunnamtii isaanii irratti qabu.....	38
Gabatee 3: Xiyyeeffannaa barattoonni dandeettii barreessuuf qaban	38
Gabatee 4: Miidhaa hanqini barreessuu barattootarraan gahu	39
Gabatee 5: Haala duubdeebii abbaltii itti kenname	39
Gabatee 6: Wantoota keeyyata bareessuurratti miidhaa fidan	40
Gabatee 7: Rakkolee keeyyata barreessuu biroo	41
Gabatee 8: Kaka'usa duubdeebii sirreeffachuu barattootaa	42
Gabatee 9: Hammamtaa barattoonni dogoggora sirreeffatan	43
Gabatee 10: Duubdeebii waliif kennisiisuu barsiisaa	43
Gabatee 11: Dandeettii barreessuu akka hin guddifanne wantoota gufuu ta'an	44
Gabatee 12: Ilaalcha barsiisoonni barattoota dogoggora uumaniif qaban	45
Gabatee 13. Gahee barreeffamni gahumsa qabu guddina Afaan Oromoof qabu.....	45
Gabateen 14: Haala barattoonni keeyyata ittiwaliif gulaalan.....	46
Gabatee 15. Facaatii dandeettiiwwan afaanii	58

Axareeraa

Qorannoon kun Xiinxala wantota dandeettii Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattoota Kutaa 10^{ffaa} irratti hudhaa ta'an: Haala Finfinnee Mana Barumsaa Madaanaalam Sadarkaa 2^{ffaa} irratti kan adeemsifameedha. Dandeettiin barreessuu yeroo tokkotti kan goonfatamu osoo hintaane shaakala yeroo dheeraa keessa kan gabbifatamuudha. Barattoonni kutaa 10ffaa kunneen, Afaan Oromoo akka afaan Iffaatti baratan kun, kutaa Iffaa eegalanii Afaan Orommo akka gosa barumsa tokkootti barachaa, Afaan Oromoonis barnoota sadarkaa Iffaa barachaa barnoota sadarkaa Iffaa xumuranii jiru. Haata'u malee, barnoota sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa-10ffaa ga'anii hanga jiranitti Afaan Oromootiin keeyyata sirriitti barreessuu hin dandeenye. Qoratichis, kanumaafi muuxannoo horate ka'umsa taasifachuun mata duree qorannoo kanaa filatee qorateera. Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan Wantoota Dandeettii Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa irratti miidhaa fidan xiinxaluudha. Qorannoo kana geggeessuufis malleen qorannoo jiran keessaa mala makaa (akkamtaafi hammamtaa) fayyadamee jira. Argannoon qorannoo kanaa inni ijoonis barattootni dandeettii keeyyata barreessuu haala gahumsa qabuun barreessuu dhabuufi barsiisonni adeemsa keeyyata barreessuu barattootaa irratti xiyyeeffannoo kennuu dhabuudha. Barreessaan tokko seerota keeyyataa eegee osoo hinbarreessin barreeffamaan ergaa isaa sirriitti dabarfachuun rakkisaa ta'uu danda'. Keeyyanni gaariin immoo tokkummaa yookiin xiyyeeffannoo hima ijoof taasifamuu qabu, qindoomina yaadaafi guutummaa qabaachuu qaba. Barreessaan, dubbisaasaa kallattiin waan hin agarreef barreeffamasaa keessatti qubee dogoggora hinqabne, jechoota barbaachisoo, himoota qindaa'oofi ifa ta'anitti gargaaramuu qaba. Walumaagalatti, keeyyanni gaariin tokko qaamolee yookiin caasaa keeyyataa hima ijoo, himoota callaafi hima goolabaa kan hammate ta'uu qaba. Kanamalees, jechoota, himoota qindaawoo ta'anniifi sirna tuqaalee eeganii barreessuungariidha.

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon kun, Xiinxala Wantoota Dandeettii Afaan Oromootiin Keeyyata Barreessuu Barattoota Kutaa 10^{ffaa} irratti hudhaa ta'an. Haala Finfinnee Mana Barumsaa Madaanaalam Sadarkaa 2^{ffaa} irratti kan geggeeffame yoo ta'u, boqonnaalee shaniifi mata-dureewwan addaddaa of jalatti qabatee jira. Haaluma kanaan, boqonnaa 1ffaa jalatti qabxiiwwan akka seen-duubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoowwan qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqinoonni qorannichaafi walduraa duubaan dhihaatee jira. Dabalataan Boqonnaa 2ffaa keessatti immoo sakatta'a barruutu dhihaate. Boqonnaan sadii mala qorannoo yoo ta'u, isa jalatti saxaxa qorannoo, maddeen ragaalee, irraawwatama qorannichaa, mala iddatteessuu, meshaalee ragaan ittiin funaanaman, tartiiba odeeffannoon ittiin funaanameefi mala ragaaleen ittiin qaacceffamantu dhihaate. Boqonnaan Afur jalatti qaaccessa ragaatu taasifame. Boqonnaa dhumaa jalattiimmoo, cuunfaa qorannichaa, Argannoo qorannichaafi Yabootu kaa'amee jira.

1.1. Seen-duubee Qorannichaa

Tooftaa namni waan keessa isaa jiru ittiin ibsatu keessaa tokko barreeffamaani. Barreessuun ammoo al-tokkotti osoo hintaane irra deddeebiin shaakala taasifamuun kan dhufuudha. Barreessuu shaakaluun kan jalqabamu sagaleefi sagaleen walitti dabalamanii birsaga uumu. Birsagiifi birsagni immoo jecha uumu. Akkasuma jechiifi jechi walitti dabalamanii gaalee yoo uuman; Gaaleefi gaaleen immoo hima ijaaruu danda'u. Dhumarratti himoonni yoo qindaa'an Keeyyata guutuu ijaaruu danda'u. Barattoonni kutaa 10^{ffaa} qorannoof filataman kun Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti kanneen barataniidha. Akkasumas, barattoonni kunniin barnootaa Afaan Oromoo kutaa tokkoffaa irraa eegalanii Afaan Oromoo barachaa, Afaan Oromootiinis barachaa turaniiru. Ta'us, Afaan Oromootiin sirriitti keeyyata barreessuu hindandeenye. Kitaabni barnootaa qophaa'ee ittiin baratanis barattoota Afaan Oromoo akka Afaan tokkoffaatti barataa jiraniif kan qophaa'eedha. Barataan keeyyata gaarii saayinsiisaa hordofe hinbarreessin barreeffamaan ergaa barbaadame dabarfachuu hindanda'u.

Geetaachoo, (2015:45) yoo barbaachisummaa keeyyataa ibsu, "Keeyyanni bu'uura caasaafi qaama ijoo ogbarruuti." jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu keeyyanni, barreessuu bira darbee ogbarruufiyyuu bu'uura akka ta'e ibsa. Ogbarruu barreeffamaa keessatti keeyyanni ga'ee murteessaa qaba. Sababnisaa Asoosama, Diraamaafi kanneen biroon yeroo barreeffaman keeyyanni qinda'aan yaada ijoo mata-duree waan barreeffamuu qabatee dubbistootaaf ifa ta'a. Yaada kanarraa akka hubatamutti, maatiin hawaasa tokkoof bu'uura akkuma ta'e, himoonni keeyyata tokko keessa jiran akka maatii mana tokko keessa jiraniitti ilaalama. Keeyyanni tokko yeroo barreeffamu duraa duuba gochaa eeguudhaan barreeffama. Kana malees keeyyanni tokko: daangaa yaada handhuuraa ta'eeti, jechoota dhibba yookaan himoota 7-10 qabaachuu danda'a.

Geetaachoo, (2015)

Keeyyanni caasaa adda addaa qaba. Caasaan keeyyataa tajaajila kennan irratti hundaa'uudhaan bakka sadiitti qoodamu. Isaanis: Hima ijoo, himoota gargaartuufi hima goolabaati. Hima ijoo jechuun keeyyata tokko keessatti yaada keeyyatichaa guutummaatti hammatee yookaan himoota keeyyata sana jala jiran keessaa dimshaasha kan ta'eefi kan yaada handhuuraa qabateedha. Himni ijoo barreeffama tokko keessatti jalqaba, dhuma, jidduufi jalqabaaf dhuma keeyyataarratti argamuu nidanda'a jedha.

Yaada armaan olitti tuqamerraa wanti hubatamu, keeyyanni caasaa tajaajila addaddaa qabu akka qabuufi himoota tajaajila addaddaa kennan ergaa tokko dabarsuu akka qabaniidha. Keeyyanni tokko keeyyata gaarii jedhamuuf amaloota kanneen akka tokkummaa, walqabannaa, xiyyeeffannoo, guutummaafi kanneen biroo qabaachuu qaba. Barreessaan keeyyataa, dubbisaasaa kallattiin waan hin agarreef; barreeffamasaa keessatti qubee sirrii ta'e, jechootaafi himoota qindaa'oo ta'anitti gargaaramuutu irraa eegama. Akkasumas, sirnoota tuqaalee bakka barbaachisaa ta'etti gargaaramuu, haala walta'iinsa qabuun qindeessee kaa'uun barreessaarraa eegama.

Kanas Misgaanuu (2011:73) waa'ee keeyyata barreessuu akka ibsutti,

Daa'imman afaan itti dhalatanii guddataniin yeroo dubbii taasisan osoo hedduu hindhiphatiin yookaan itti hin yaadiin dubbatu. Keeyyata Barreessuun garuu, mana barumsaattis ta'e alatti kan qajeelchaan baratamudha. Unki keeyyataa tokkoofi haalli qindoomina isaa sirriitti baratamuufi to'atamuu qaba. Kun immoo haala dubbisaaf ifa ta'uun barreessuudha. Kana jechuun, keeyyata barreessuun beekumsa qabiyyee barreeffamuufi qindoomina yaadaa waan barbaaduuf hanqinni beekumsaa qabiyyee rakkoo barreessuuf sababa akka ta'edha.

Barreessuun mallattoolee beektotaan irratti waliigalame qindeessanii yaada dabarfachuu barbaadan barreessuudha. Waggootan dheeraa dura Afaan Oromoo afaan sadarkaa dhaggeeffachuufi dubbachuu qofaan daanga'ee ture. Qabsoo uummtaa Oromoon garuu yeroo ammaa Afaan Oromoo afaan dubbii qofa osoo hintaane afaan baruu barsiisuu, afaan qorannoofi qo'annoo, afaan miidiyaafi afaan ogbarruu ta'ee jira. Haata'uu malee dhaabbiilee mootummaafi miti-mootummaa keessatti keeyyatni barreeffamaan hanqinoota seeraafi caasaa afaan sanaa eeganii kan barreeffaman miti. Keeyyata barattootni sadarkaa addaddaa keessatti barreessanis dogoggoroota hedduu kanneen akka qubee sirreessanii barreessuu dadhabuu, sirna tuqaalee bakka barbaachisutti fayyadamuu dadhabuu, caasaa keeyyataa, qindoomina keeyyataafi walta'insa yaadaa eeguun ga'umsaan keeyyata barreessuu dhabuutu mumul'ata

Misgaanuun (2011:34) hanqina keeyyataa akka gadiitti ibsa.

Barattoonni hedduun rakkoo yookiin hanqina keeyyata barreessuu qabu; barreeffamatti gargaaramanii sirriitti of ibsuufi yaada isaanii calaqqisiisuu hindanda'an. Fakkeenyaaf, keeyyata barreessuu sadarkaa gadaanaatti to'atamuu danda'an kanneen akka qajeelchanii barreessuu, jechoota sirriitti qubeessuu, itti fayyadama qub-guddeessaa, sirna tuqaalee fayyadamuu irratti hanqinoota hedduutu jira," jechuun barreessa.

Hanqinoonni kunneen ammoo barumsa afaanii qofa osoo hintaane barumsa biroo keessattillee dhiibbaa fiduu danda'a. Ergaa darbus hir'uu taasisa. Walqunnamtii irratti rakkoo uuma. Gama afaaniitti yoo deebinu ammoo guddina afaaniirratti gufuu ta'uufi barattoonni gara fuula duraatti dorgomaa cimaa akka hintaane taasisuu danda'a. Kanaafuu maddoota hanqinoota kanaaf akaakuu hanqinoota kanaa adda baasuun furmaata barbaaduun murteessaadha. Kanumarraa ka'uun qorannoon kun Xiinxala wantoota Dandeettii Afaan Oromootiin Keeyyata Barreessuu Barattoota kutaa 10ffaatti miidhaa fidan irratti xiyyeeffateera.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Keeyyata barreessuun sadarkaa addaddaatti tajaajila addaddaa kennaa. Kunis, barattoonni mana barumsaa keessatti dandeettii kana fayyadamuun waan dhaggeeffatan irraa waan dubbisaniifi waan ijaan argan irraa odeeffannoo argatan walitti qindeeffachuun akka barreessaniif baay'ee murteessaadha. Akkasumas, aadaafi seenaan saba tokkoo, guddinni saayinsiifi teekinolojii kan ittiin dhalootaa dhalootatti darbuudha. Qorannoo kana geggeessuuf ka'umsa kan ta'e yeroo Afaan Oromoo afaan barnootaa ta'ee guddachaa jiru kanatti, Barattoonni Mana Barumsaa Madaanaalam Sadarkaa 2^{ffaa} Kutaa 10^{ffaa} Afaan Oromoo akka afaan 1ffaatti barachaa jiran irra

deddeebiin ga'umsi isaan keeyyata barreessuu irratti qaban gadi aanaa ta'ee argameera. Kanamalees, keeyyanni isaan barreessan hanqinoota hedduu kan ofkeessaa qabu ta'uu qorataan ofiisaa arguu danda'eera. Kanarraa ka'uudhaan dandeettii kana cimsachuu yookaan gonfachuu kan isaan dhorke sababootni maal akka ta'an qoratichi adda baasuu barbaadeeti. Kanamalees, Afaan Oromoon barreessuun bu'aa guddaa qaba. Ta'us, barattoota Mana Barumsaa Madaanaalam Sadarkaa 2^{ffaa} kutaa 10^{ffaa} baratan Afaan Oromootiin sirriitti keeyyata barreessuu hin dandeenye. Kunimmoo barattoota sadarkaa 2^{ffaa} waliin yoo ilaalamu gadi bu'aa ta'ee argameera. Sababiinsaa barttoonni kun Afaan Oromoo barachaa, Afaan Oromootiin barachaa barnoota sadarkaa 1^{ffaa} akka xumuran seenduubeen isanii agarsiisa waan ta'eefi. Kanarraa ka'uun qorataan filannoo qorannoo irratti adeemsisuu taasifateera. Qorannoon kunis, Xiinxala Wantoota Dandeettii Afaan Oromootiin Keeyyata Barreessuu Barattoota Kutaa 10^{ffaa} Afaan Oromoo akka afaan 1^{ffaa}tti baratan irratti kan adeemsifame yoo ta'u, gaaffiilee bu'uuraa armaan gadii irratti xiyyeeffateera.

- Maddi hanqinoota Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10^{ffaa} maalfaa ta'uu danda'a?
- Fedhaafi kaka'umsi barattoonni keeyyata barreessuuf qaban maal fakkaata?
- Qabiyyeen kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 10^{ffaa} keeyyata barreessuu barsiisuu keessatti qabu maal fakkaata?
- Haalli barsiisonni barattoota Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu itti shaakalchiisan maal fakkaata?
- Hanqinoota mul'ataniif furmaatni taasifamuu danda'u jiraa?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa kaayyoo gooroofi gooree jedhamuun qoodamanii jiru. Isaanis, akka armaan gadiitti dhihaataniiru.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa wantoota dandeettii Afaan Oromootiin Keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10^{ffaa} irratti miidhaa fidan xiinxaluudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaaimmoo:

1. Fedhaafi kaka'umsa barattoonni keeyyata barreessuuf qaban addaa baasuu.
2. Madda hanqinoota Afaan Oromootiin Keeyyata barreessuu barattoota Kutaa 10^{ffaa} maal maal akka ta'an ibsuu.
3. Qabiyyee kitaabni Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barsiisuu keessatti qabu agarsiisuu
4. Haala barsiisonni Afaan Oromoo keeyyata barreessuu itti shaakalchiisan adda baasuu.
5. Furmaata hanqinoota Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barsiisuu keessatti mul'atanii kaa'uu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaa qorannoo jechuun qorannichi erga qoratamee goolabamee booda faayidaalee inni kennuudha. Faayidaaleen isaas eenyu fa'iin akka ta'u kan ittiin ibsamuudha. Kanamalees, qoratichi argannoowwaniifi firii qorannoo isaa maal ittiin gochuu akka barbaade, ariifachiisummaafi hatattamummaa qorannichaa kutaa itti mul'isuudha. Kanas, Yaadasaa (2018:23) akka jedhutti, "Qorannoon tokko faayidaa inni hawaasa naannoo tokkoof kennuu danda'u mata-duree 'barbaachisummaa qorannichaa' jedhu keessatti ibsuun barbaachisaadha" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu qorannoon bu'aa tokko giddugaleessa godhachuusaati. Akkasumaas, gulantaan kun bu'aa qorannoo kanaatti eenyufaatu fayyadama? Gaaffii jedhu deebisa. Kun ammoo, kanneen ragaaleen irraa funaanameefi qaama dhimmi qorannoo kanaa hammatu ilaallata. Barbaachisummaan qorannoo tokkoo barbaachisummaa mata-duree qorannichi irratti gaggeeffameefi qabatamummaa odeeffannoo bu'uura qorannichaa ta'e irratti hundaa'a. Addunyaa (2011:55) "Qorannoo keenya yeroo barreessinus, bu'aa qorannoo kanaatti namoonni garee garaagaraa gargaaramuu danda'u" jechuun barreessa.

Haaluma kanaan, barbaachisummaan qorannichaa:

1. Barattoonni Mana Barumsaa Madaanaalam Sadarkaa 2^{ffaa} qorannoo kana dubbisuudhaan fayyadamtoota ta'u.
2. Barsiisonni Mana Barumsaa Madaanaalam Sadarkaa 2^{ffaa} qorannoo kana irraa hubannoo keeyyata barreessuu barsiisuu argachuu malu.
3. Qaamoleen sirna barnootaa qopheessan, Afaan Oromootiin keeyyataa barreessuu ilaalchisee qorannoo kana galtee godhachuu danda'u.
4. Dandeettii keeyyata barreessuu irratti qorannoo wal-fakkaatu geggeessuu kan barbaadan akka ka'umsaatti itti fayyadamuu ni danda'u.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu galma ga'iinsa isaatiif wantoota murteessoo ta'an keessaa inni tokko daangeffama isaati. Haaluma kanaan, qorannoon kun gama qabiyyeen Xiinxala waantoota dandeettii Afaan Oromootiin Keeyyata Barreessuu Barattoota kutaa 10ffaa irratti kan daanga'eedha. Kanaaf qorataan kunis hanqinoota adeemsa baruu barsiisuu keessatti barattoota mudatan keessaa hanqinoota Afaan Oromootiin keeyyata barreessuurratti qofa daangessuun qorannoo geggeesseera. Gama bakkaan ammoo Haala Finfinnee Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Gullallee Aanaa 9 Mana Barumsaa Madaanaalam Sadarkaa 2^{ffaa} irratti daangeffame. Manni barumsaa kunis mala iddattoo akkayyoo fayyadamuun filatame. Sababiin qorataan Mana Barumsaa kana filateefis, bakki hojiisaa mana barumsaa kana waan ta'eef. Kunis, itti dhiheenyaan ragaalee barbaachisoo ta'an funaannachuuf ni mijata jedhee karoorfateeti

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun yammuu adeemsifamaa ture hanqinoonni armaan gadii qorataa muudataniiru.

1. Hojii idilee cinaatti qorannichi waan dabalameef yeroo ga'aa ta'e dhabuu.
2. Maddoonni odeeffannoo, odeeffannoo gahaa ta'e kennuuf fedhii dhabuu.
3. Dhibee koronaa (covid 19) addunyaa keenya mudateen yeroo isaa eegee hojjetamuu dhabuu.
4. Mata duree kana wajjin walqabatee kitaabilee wabii gahaa of harkaa dhabuu.

Haata'u malee, halakaniifi guyyaa hojjechuun xumuruu danda'eera. Maddoota odeeffannoo kootii immoo suuta suuta toosisuun akka isaan odeeffannoo ga'aa kennan taasisee odeeffannoo gahaa ta'e argadheera. Kana malees, dhimmi kooviid 19 dhimma Addunyaa maraa waan tureef obsaan turuun bara Yuunvarsitiin Addis Ababaa dheeresse eegee xumuruu danda'eera. Garadhumaatti, Kitaaba wabii of harkaa dhabus guyyaa sanbataafi dilbataa hanga danda'amaa ta'e mana dubbisaa Yuunvarsitii Addis Ababaa seenuun dubbisuun xumureera. Waliigalatti, wantoota adaemsa qorannichaa keessatti gaaffii ta'an deeggarsaa Gorsituu kootii Kurii Baayisaafi (Dr.) hiryyoota kootiin furuu danda'eera.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Sakatta'a barruu jechuun argannoo hayyoota adda addaati. Kunis akkuma mataduree qorannichaa irratti hundaa'uun yaada hayyootaa sakatta'uurratti kan xiyyeeffatuudha. Kanaafuu, boqonnaa kana keessatti waa'ee mata duree qorannichaa ilaalchisee yaadni beektotaa sakatta'amee jira. Qorataanis yaada hayyootaa kana bifa qindaawaa ta'een tartiibaan akka itti aanutti dhiyeesseera.

2.1. Maalummaa Barreessuu

Maalummaa barruu barreessitoonni addaddaa karaalee garaagaraa ibsanii jiru. Isaan keessaa Atikiniifi warren biiroo (1998:85) yommuu ibsan barreessuun dandeettiiwwan afaanii arfan keessaa isa tokko ta'uu isaati. Leki (1989:1) immoo hiika barreessuu yommuu ibsu, mala yookiin karaa ittiin yaada ofii ibsataniifi waljijjiiran ta'uu isaa lafa kaa'a. Kanamalees, Donoughfi Shaw (1993) ibsanitti, barreessuun adeemsa barreessaan ittiin dubbistootaaf dhaamsa dabarsu ta'uu isaa ibsu. Dhumarratti, Balaay (2007:11) akka qorannoo isaa keessatti ibsutti," Barreessuun akka namoonni yaada ittiin waljijjiiran, beekumsa waliif dabarsan, seenaa darbeefi isa fuulduraa ittiin ibsan ta'ee kan tajaajiluudha." Jedhu Yaadolee barreessitoota oliirraa wanti hubatamu, barreessuun dandeettii afaanii keessaa tokko ta'ee, karaa ittiin namoonni qaamaan walbira hinjirre barreeffamaan walquunnamaniifi ergaa waliif dabarsan ta'uu isaati.

2.2. Maalummaa Keeyyataa

Keeyyanni qindoomina himootaa yaada hima ijoofi himoota gargaartuu keeyyata sana bal'isani ibsan irraa kan ijaaramuudha. Keeyyanni qaama barreeffamaa keessaa qaama xiqqaa ta'e tokkoodha. Qaama xiqqaan kan jedhameefis himoota murtaa'an waan qabaatuufi. Barreessitoonni tokko tokko akka ibsanitti keeyyanni tokko himoota 5-10 qabaachuu danda'a jedhu. Barreessitoonni biroo ammoo himoota keeyyata tokko keessatti argaman kan murteessu yaada dabarsuu barbaanne sana ta'a kan jedhanis jiru. Rabbirraan (2012:142), akka jedhuutti, "Keeyyatni haala seera qabeessa ta'een walitti qindaa'uu himootaan kan ijaaramu ta'ee yaada tokko yookiin ergaa tokko kan dabarsuudha," jechuun barreessa. Kana jechuun keeyyatni hima yookaan himoota ergaa tokko qaban walitti qindeessuun ijaarama jechuudha.

Keeyyanni tokko kan barreeffamu yaada ijoo keeyyataa qaaccesssee akka dhiheessuufi. Yeroo

tokko tokko garuu xiyyeeffannoon keeyyata tokkoo yaada tokko qofarratti hundaa'uun irraanfataamee yaadota adda addaa yemmuu of keessatti hammatu argina. Akkasumas yaada keeyyata tokko keessatti dhumuu qabu keeyyatoota adda addaatti hiramani barreeffamanii mul'atu. Rakkina akkasii furuudhaaf keeyyanni tokko yaada lama yoo qabaate keeyyata lamatti hirani barreessuu; yaada keeyyata tokko keessatti dhumuu qabu ammoo keeyyata tokkoon barreessuudha. Haala kanaan qaama keeyyataa kan ta'an himoota seeraan qindeessuudhaan yaada dabarsuu barbaadan ibsuun nidanda'ama.

Keeyyanni qaama barreeffamaa yaada ijoo tokkoratti hundaa'ee barreeffamadha. Maalummaa keeyyataa sirriitti hubachuudhaaf yaada hayyonni adda addaa kennan ilaaluun barbaachisaadha. Diyaaniifi Pat (1998) akka jedhanitti, "keeyyanni tuuta himootaa walta'anii yaada ijoo tokko dabarsanirraa kan ijaaramu ta'ee fuula waraqaarratti immoo gara keessaatti siquun barreeffama." Akkasumas Lunsfordfi warren biroo (1998) akka ibsanitti "keeyyanni hima tokko yookaan isaa olirraa kan ijaaramuufi himoonni kunis yeroo baay'ee walitti dhufeenya kan qabaniifi yaada ijoo tokko gabbisuurratti kan xiyyeeffatan ta'uusaati." Dabalataanis, maalummaa keeyyataa ilaalchisee Solomoon,(1991:23), akka jedhutti, "keeyyanni tuuta himootaa yaada ijoo tokko gabbisan irraa ijaarama." Yaaduma kana deeggaruun Alaamirrew (2000:89), akka jedhutti, "Keeyyanni qaama barreeffamaa ta'ee yaada ijoo tokko kan dabarsuudha. Yaanni ijoo kunis hima ijootiin dhiyaata." Himoonni callaan keeyyata keessatti dhiyaatanis hima ijoo kana gabbisuuf dhiyaatu.

Keeyyanni tokko himoota lamaa hanga kudhaniitti niqabaata jedhamee yaadama. Altokko tokkos himni tokko keeyyata ta'uu nidanda'a yaadni jedhamus nijira. Innis, akkuma jechi tokko hima ta'uu danda'u akkasuma himni tokko keeyyata ta'uu ni danda'a. Keeyyanni barreeffama kamiyyuu keessatti faayidaa guddaa qaba. Haaluma walfakkaatuun Lunsfordfi Honnor (2007:57), akka ibsanitti, "Keeyyattoonni bu'uura ijaarsa waraqaalee akka ta'an ibsuun garuu barsiisonni baay'een keeyyataaf hiika kan kennan dheerinarratti hundaa'uun ta'ee keeyyanni yoo xiqqaate tuuta himoota shanii hanga walakkaa fuula waraqaa tokkoo dheerata haa jedhan iyyuu malee dhugaatti barreeffama tokko kan keeyyata jechisiisu tokkummaafi walta'iinsa yaadota himoota gidduu jiruuti."

Waa'een Keeyyata barreessuu yemmuu kaafamu ogummaawwan xixiqqoo inni of jalaa qabus dagatamuu hinqabu. Qubeessuu, sagalee haala seera afaanichaatiin qindeessanii jecha

barreessuu, tartiiba caaslugaa eeganii hima ijaaruu, himoota haala ergaa sirrii dabarsuu danda'anitti tartiibaan hiriirsisanii keeyyata ijaaruu, keeyyatootas amma matadureen ibsamu sun heeyyame ibsuudhaan barreeffama tokko barreessuun dandeettiiwwan murtaa'oo dandeettii barreessuu jalatti ramadamu. Ogummaawwan murtaa'oo kana keessatti qubguddeessatti haalaan fayyadamuufi sirni tuqaalees dagatamuu hinqabani.

Walumaagalatti, maalummaa keeyyataa ilaalchisee yaanni hayyoonni garaagaraa kennan baay'inaan kan walfakkaatu ta'ee yaanni bu'uura keeyyanni kan barreeffamu yaada ijoo tokkorratti hundaa'uudhaan akka ta'eefi jechoonni yookiin himoonni keeyyata ijaaruuf gargaaran walta'iinsa kan qabaniifi yaada ijoo keeyyataa gabbisuurratti kan xiyyeeffatan ta'uu isaati. Kana malees, yaanni ijoon keeyyataa hima ijootiin kan barreeffamu ta'uusaafi himoonni callaa immoo hima ijoo gabbisuuf kan dhiyaataniidha. Keeyyata barreessuudhaaf unkoota garaa garaa fayyadamuu dandeenya. Inni tokkoffaan, sarara haaraarratti gara keessaatti siquun barreessuu yommuu ta'u tooftaan inni lammaffaa sarara haaraarratti osoo gara keessaatti hin siqiin barreessuudha. Haata'umalee, yeroo ammaa kana keeyyata barreessuudhaaf tooftaan inni lammaffaan bal'inaan hojjiirra oolaa kan jiru ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

2.3. Caasaa Keeyyataa

Keeyyata tokko keeyyata kan taasisu caasaa keeyyataa qabaachuu isaati. Rabbirraan (2012:243) akka jedhutti. "Keeyyatni tokko keeyyata jedhamuuf caasaalee sadii of keessaa qabaachuu qaba. Caasaaleen kunis: hima ijoo, himoota callaafi hima goolabaati." Mee isaaniinis haala armaan gadiitiin haa ilaallu.

2.3.1. Hima Ijoo

Himni ijoo qaama keeyyataa keessaa tokko ta'ee yaada barreessaan keeyyaticha keessatti dabarfachuu barbaade yaada dimshaashaafi handhuura ta'e kan qabatudha. Addunyaa (2014:17) akka barreessetti. "Himni ijoo yaada keeyyatichaa guutummaatti dimshaashessee kan dhiyeessudha. Kana malees, keeyyata keessatti himni ijoo hima yaada keeyyatichaa walitti cuunfee qabee jiruudha," Himni ijoo keeyyatoota addaddaa keessatti bakka addaddaa galuu danda'a. Isaanis, jalqaba keeyyataa, gidduu keeyyataa, dhuma keeyyataafi jalqabaaf dhuma keeyyataarratti argamuu danda'a.

Himni ijoo yaada bal'aa keeyyaticha keessa jiru walitti ukkaamsee (hammatee) kan qabuufi himoonni deeggaroon waa'ee isaa kan odeessani. Hima ijoo ilaalchisuudhaan yaada hayyuu birootiin dhihaates akka armaan gadiin ilaaluun nidanda'ama.

Greethan, (2001:189) Himni ijoo akkuma maqaan isaa mul'isu ijoo keeyyata tokkooti. Dhimmoota keeyyata keessatti ka'uu qaban waan hammatuuf himoonni hafan waa'eedhuma isaa babal'isanii ibsu. Himoota sanniinis walitti qabee akka dhimma tokkorratti hundaa'an kan to'atu hima ijoo kana. Himoonni hafan, kanneen yaada hima ijoo babal'isan sunniin himoota deeggaroo jedhamu.

Ulaagaalee himni ijoo guutuu qabu, hima guutuu ta'uu, keeyyata tokkoon kan ibsamee dhumu ta'uu, yaada dimshaashaa qabaachuufi yaada tokko qofa kan ibsu ta'uu danda'uudha.

2.3.2. Hima Ijoo Jalqaba Keeyyataarratti Argamu

Keeyyatni akkasiiyaada dimshaashaarraa gara yaada murtaa'ootti deema. Hima ijootiin jalqabee himoota deeggaroodhaan ibsaa deema jechuudha. Addunyaa (2014:17) akka jedhutti." Himni ijoo jalqabaa keeyyataarratti yommuu galu keeyyatichi yaada dimshaashaarraa gara yaada murtaa'aatti deemuudhaan xumurama." Karaa biraatiin keeyyatni tokko hima ijoorraa gara himoota callaatti ijaaramaa kan deemu yoo ta'e himni ijoo jalqaba keeyyataarratti argama jechuudha.

2.3.3. Hima Ijoo xumura Keeyyataarratti Argamu

Adeemsi keeyyata akkasii yaadota murtaa'oorraa gara yaada dimshaashaatti kan taasifamuudha. Himoota deeggarootiin ibsamaa dhufee hima ijootiin goolabama jechuudha. Beekan (2015:43) akka barreessutti, "Himni ijoo xumura keeyyataarratti yommuu galu keeyyatichi yaada murtaawaa yookaan himoota callaa irraa gara hima ijooti ijaarama." Kana jechuun, keeyyatichi yaada murtaa'aan eegaluun dhumarratti yaada dimshaashaan xumurama jechuudha. Kanarraa wanti hubatamu argamni hima ijoo keeyyataa akkasii jirachuu isaati.

2.3.4. Hima Ijoo Gidduu Keeyyataarratti Argamu

Adeemsi yaada keeyyata akkasii yaada murtaa'oorraa ka'ee gidduutti yaada ammo dimshaashaa fida. Achumaan gara yaada murtaa'ootti deebi'ee isaan guduunfa. Addunyaa (2014:17) akka barreessutti, "Hima ijoo jalqabaafi dhuma keeyyataa jechuun jalqaba keeyyatarratti bifa

seensaan, dhuma keeyyataarratti ammoo jechoota biroon dhihaata. "Himni ijoo gidduu keeyyataarratti yommuu galu keeyyatichi yaada murtaawaan jalqabuun gara yaada ijootti erga guddatee booda ,deebi'ee gara yaada murtaawaatti dhufuun barreeffama," Kana jechuun, himni ijoo gidduu keeyyataarratti yeroo argamu keeyyatni sun himoota callaa irraa gara hima ijootti achumaanis gara himoota callaatti ijaarama jechuudha.

2.3.5. Hima Ijoo Jalqabaafi Dhuma Keeyyataarratti Argamu

Yaanni hima ijootiin jalqabe tokko himoota deeggarootiin ibsamaa deemee hima ijootiin deebisee yoo guduunfame himni ijoo jalqabaafi dhumarratti argama jedhama. As keessatti himni ijoo lama osoo hintaane isuma jalqabaa sanatu karaa birootiin keeyyaticha guduunfuuf deebi'ee dhumarra dhufa. Rabbirraan (2012:243) yaada kana akka armaan gadiitti ibsa.

Himni ijoo jalqabaafi dhuma keeyyataarratti yommuu galu immoo dura yaada dimshaashaatu akka seensaatti jalqaba keeyyatichaarratti dhiyaata. Itti aansuun, himoonni callaa yaada dimshaashaa sana adda baasanii ibsantu dhiyaata. Dhumarratti, yaadni dimshaashaa jalqaba keeyyatichaarratti dhiyaate jechoota birootiin yaaduma duraa deeggaruun dhuma keeyyataarratti gala.

Kana yoo jedhamu keeyyata tokkotu hima ijoo lama qaba jechuu miti. Hima ijoo tokko garuu jechoota adda addaa ta'anii bakka adda addaa gala jechuudha.

2.3.6. Himoota Gargaartuu

Himoonnicallaan ammoo yaada himni ijoo ukkaamsee qabe qaaccessuudhaan kan ibsaniidha. Himni ijoo yeroo baay'ee keeyyata keessatti murteessaadha. Keeyyanni yeroo barreeffamu ijoo keeyyataarratti hundaa'a. Garuu, keeyyanni hundi ijoo keeyyataa qabaachuuf hindirqamani. Fakkeenyaaf, barreeffamni saayinsii fi asoosamni dhaamsa dabarsuu barbaadan malee waa'ee qaamolee keeyyataatiif iddoo guddaa laachuu dhiisuu danda'u. Akka walii galaatti himni ijoo keeyyata tokko keessa jiraatu yaada dimshaashaa yoo qabaatu, himoonni deeggaroon ammoo yaada murtaa'oo qabaatu. Iddoon qubata isaas yeroo baay'ee jalqaba keeyyataatti argama.

Rabbirraan (2012:243), "Himoonni deeggaroo caasaa keeyyataa ta'anii keeyyata tokko keessatti hima ijoo kanneen ibsaniifi babal'isanidha" jedha. Himoonni callaa gaaffilee hima ijoo keessatti ka'an kanneen deebisaniifi fakkeenyaan deeggaruun himoota dhiyeessaniidha. Himoonni callaan himoota deeggaroo yaada ijoo keeyyata keessatti ka'e bifa namaa galuun babal'isanii kaa'aniidha.

2.3.7. Hima Goolabaa

Himni goolabaa keeyyata tokko keessatti gara dhumaatti kan argamu ta'ee, qabiyyee ijoo keeyyata sanaatti xumura godha. Rabbirraan (2012:243) akka barreessutti, "Himni goolabaa akkuma hima ijoo fi himoota callaa caasaa keeyyataa ta'ee, keeyyata tokko keessatti yaada dimshaashaa keeyyataa jechoota birootiin cimsuun keeyyaticha kan guduunfudha." Kana jechuun himni goolabaa cuunfaa yookaan xummura waan barreeffamu sanaati.

2.4. Gosoota Keeyyataa

Hayyoonni adda addaa akkaataa dirree qorannoo isaaniin keeyyata gosoota adda addaatti qoodu. Keeyyanni qabiyyee isaarratti yookaan kaayyoofi tajaajila isaaniirratti hundaa'uun gosoota afuritti qoodamu. Kanas Beekan (2015:274) akkanaa barreessa. Isaanis: keeyyata addeessaa, keeyyata seenessaa, keeyyata ibsaafi keeyyata amansiisaadha. Tokkoon tokkoo isaanii haala armaan gadiitiin haa ilaallu.

2.4.1. Keeyyata Addeessaa

Keeyyanni addeessaa gosoota keeyyataa keessaa tokko ta'ee jechoota addeessitoota fayyadamuun waan yaadame sana sammuu dubbisaa keessatti akka hafu kan taasisuudha. Beekan (2015:43) akka barreessutti, "Keeyyanni addeessaa keeyyata barreessaan jechoota addeessitoota yookaan ibsitoota fayyadamuun waan hubate tokko akka fakkiinsaa sammuu dubbisaatti uumamu gochuun barreessudha." Keeyyata kana keessatti barreessaan yaada qalbiin ilaaluun waan inni fakkaatu, maalirraa akka hojjetame, faayidaa inni kennu, umuriisaa, guddinasaa fi kan kana fakkaatan xiinxaluun barreessee fakkaattii dhimma sanaa sammuu dubbisaa keessatti uuma. Kana jechuun, barreessaan waa'ee waan barreessuu barbaadee filatee akka dubbisaan fakkii waan dubbisaa jiruu sammuusaa keessatti argu gochuutu irraa eegama.

Addeessuu keessatti kanneen mul'achuu malan. Sammuu dubbistoota keessatti suuraan, bareedinni, nama hawwachuun, nama kakaasuun jechoota filatamootti fayyadamuun ibsuudha. Jechamootaafi dubbii haalawaan addeessuun gosa keeyyataa keessaa isa tokko ta'ee, jechoota filatamoofi dubbii haalawaa fayyadamuudhaan miira dubbisaa kakaasuudha. Akkasumas, miidhaginni wanta tokkoo akka sammuu dubbisaa keessatti fakkii uumutti qindaa'ee kan barreeffamuudha. Addeessuun barreeffamaan namoota, bakkeewwaniifi taateewwan jiraniin sammuu namaa keessatti fakkii yookiin suuraa kaasuu danda'uudha. Kun

immoo miira dubbistootaa barreeffamaan bira ga'uu danda'uu jechuudha. Kana gochuuf ammoo jechoota sirriitti waan sana agarsiisan filachuun barbaachisaadha. Jechoonni filataman kun ammoo, kanneen miira nama sanaatti dhihaatanii qirqirsuu danda'an ta'uu qabu. Keessumaayyuu, maqibsoonniifi gochibsoonni barruu addeessaa qopheessuu keessatti ga'ee olaanaa qabu.

2.4.2. Keeyyata Seenessaa

Keeyyanni seenessaa gosoota keeyyataa keessaa tokko ta'ee seenaa waan ibsamuun isaa barbaadame tokkoo duraa duubaan seenessa. Seenaa nama lubbuun jiruuf hinjirree, seenaa bakkaa, seenaa biyyaa, seenaa dhaabbata tokkoofi kanneen biroo duraa duubaan dhiheessuu yookaan seenessuu yoo barbaanne keeyyata seenessaatti dhimma baana. Addunyaa(2014:23) akka ibsutti, "Keeyyanni seenessaa seenaa waan tokkoo duraa duubaan akkaataa ta'iinsa isaatti bifa sammuu namaa keessatti hafuu danda'uun seenessa," jechuun barreessa. Gosti keeyyata kanaa ta'iinsa, gochaafi adeemsa duraa duuba waan tokkoo seenaa isaa dhiyeessudha. Keeyyanni seenessaa waan dhugaa yookaan jiruuf jireenya keessatti mudate yookaan yaad-uumeen kan ittiin seeneffamuudha. Kanaaf, keeyyata gosa kanaa barreessuuf gaaffilee waa'ee eenyuuti?, Eessatti ta'e?, Yoom ta'e?, Maaltu ta'e?, Duraa duubni isaahoo? Jedhaniif deebii kennuurratti xiyyeeffachuu barbaachisa. Kana malees, keeyyata seenessaa barreessuuf walqabsiiftota warreen akka jalqaba, itti aansee, sana booda, ergasii, yommuu sana, gidduutti, battalumatti, dhumarrattiifi kan kana fakkaatan fayyadamuun murteessaadha.

2.4.3. Keeyyata Ibsaa

Keeyyanni ibsaa gosoota keeyyataa keessaa tokko ta'ee odeeffannoo qabatamaa ta'e karaa qajeelfama hordofeen kan ibsuudha. Yaada sammuu barreessaa keessa jiru, haalota bakka tokkotti ta'an nama biraatti odeessuuf keeyyanni ibsaa dhimma baasa. Addunyaa (2014:23). Akka barreessutti, "keeyyanni ibsaa odeeffannoo dhugaafi qajeelfama kennuuf keeyyata gargaaruudha." Keeyyanni ibsaa odeeffannoo dabarsuufi qajeelfama kennuu keessatti yaadota, wantootaafi haalota dhugaa ta'an ibsuuf yookiin dhiyeessuuf keeyyata shoora olaanaa qabuudha.

2.4.4. Keeyyata Amansiisaa

Keeyyanni amansiisaa gosoota keeyyataa keessaa tokko ta'ee karaa barreessaan yaada

sammuusaa keessa jiru nama fudhachiisuuf fakkeeniyotaafi ragaalee amansiisu qindeessuun dubbisaasaa amansiisuuf deemuudha. Rabbirraan (2012:243) akka jedhutti."Keeyyanni amansiisaa keeyyata barreessaan akka dubbistoonni yaadasaa fudhataniif dhugaa jiru tokko fakkeenyaafi sababoota adda addaatti gargaaramuun yaada namootaa gara yaada isaatti fiduuf barreessuudha."Keeyyata amansiisaa barreessuu keessatti ragaalee garaagaraa tartiiba ifa ta'een kaa'uun baay'ee barbaachisaadha.Keeyyanni amansiisaa haala kamiin akka barreeffamu keeyyata armaan gadiirraa hubachuun ni danda'ama.

2.5. Amaloota Keeyyata Gaarii

Namoonni barreeffamaan yaada isaanii yemmuu dabarsan sagalee afaanichaa qindeessanii birsaga uumu; birsaga qindeessanii jecha uumu; jecha qindeessuun hima uumuun akkuma barbaachisu keeyyata tokko barreessuuf walitti qindaa'inni himootaa murteessoodha. Akkasumas, barreeffama tokko barreessuufis keeyyatoota garagaraa walitti qindeessuun barbaachisaadha.Amaloota keeyyata gaarii yemmuu jennu ulaagaalee guutamu qaban guutee yoo argame amala keeyyata gaarii qaba jedhama. Ulaagaalee inni guutuu qabu, dubbistoota gidduugaleessa godhachuufi kaayyoo isaa galmaan gahuudha. Yaada kana ilaalchisuun, Addunyaan (1998:2) akka jedhutti, "keeyyata gaarii jechuun haala fudhatamaa ta'eefi haala dubbisaan hubachuu danda'utti kan yaadni namaa barreeffamaan ibsamuudha,"jedha.Barreeffamni itti yaadamee barreeffamu yaada barbaadame galmaan gahuu irra darbee yaada wal unateefi miidhagina qabu barreessuuf gargaara.Akkasumas, barreessaa cimaan dubbistoota isaa addaan baasee beeka.Barreessaan tooftaa salphaafi ifaa ta'een dubbistoota isaa ragaa qabatamaafi fakkeenya ta'etti fayyadamuun barreeffamichi akka fudhatama argatu godha. Barreeffamni gaariin tokkummaa yaadaafi walta'umsa yaadaa qaba. Kana qofa osoo hin ta'in, barreeffamni gaariin tokko dubbistoota isaa gidduugaleessa godhachuun kan barreeffamuudha.

Barreeffama kamiyyuu keessatti keeyyanni tajaajila guddaa kenna.Kaayyanni haala gaariin qophaa'e tokko amaloota ittiin beekamu qaba. Rabbirraan (2012:142) kirkiland (1985) wabeeffachuun akka jedhutti. "Keeyyanni yaada ijoo tokkoratti hundaa'ee barreeffama. Yaanni ijoo keeyyataa kunis, hima ijootiin barreeffama. Himni ijoo kunis, himoota callaatiin deeggaramaa yaanni isaa babal'achaa deema." Kanarraa kan hubatamu himoonni callaa keeyyaticha keessatti dhiyaatan hundinuu akkaataa duraa duuba raawwii gochaa agarsiisaniin qindaa'uu isaaniiti. Kanamalees, tokko tokkoon himoota keeyyaticha keessatti argamanii

walta'insa qabaachuu qabu. Akkasumas himoonni hundinuu tokko ta'anii yaada ijoo keeyyatichaa cimsuu qabu. Kanaaf keeyyanni barreeffame tokkos keeyyata gaariidha akka jedhamu kan taasisan, walta'insa himoonni keeyyaticha keessatti qaban; tokkummaa himoonni yaada ijoo keeyyatichaa gabbisuurratti qaban; akkaataa himoonni itti qindaa'aniifi keeyyatichi itti ijaaramerratti hundaa'a jechuudha.

Amaloota keeyyata gaarii hubachuuf yaada hayyoonni garaagaraa kaa'an ilaaluun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, Beekan(1998:32) amaloota keeyyata gaarii ilaalchisee akka ibsetti, keeyyata gaarii keessatti amaloonni adda addaa kan mul'atan ta'uusaati. Amaloonni kunneenis: tokkummaa himoonni yaada ijoo keeyyatichaa waliin qaban; walta'insa himootaa; akkaataa himoonni keeyyaticha keessatti qindaa'aniifi haala yaanni ijoo keeyyatichaa itti babal'atedha. Kunis akkaataan yaada ijoo keeyyatichaa babal'suuf fakkeenyonni adda addaa itti dhiyaataniifi himoonni callaan itti qindaa'an amaloota keeyyataa waliin kan walqabatan ta'uusaati. Haaluma walfakkaatuun, Addunyaan (1985) akka ibsanitti amaloonni keeyyataa kunneen yaada ijoo keeyyatichaa ibsuudhaan guutuu taasisuu kan qaban ta'uusaati. Itti dabaluunis, keeyyanni gaariin keeyyata sirriitti qindaa'eefi himoonni isaa kan sirriitti walqabatan ta'uu qaba. Kana malees keeyyanni gaariin keeyyata ijaarsisaa guutuu ta'eefi keeyyata kaayyoon isaa sirriitti ifa ta'edha.

2.5.1. Tokkummaa

Siisaay (2016:10) "Barreeffamni tokkummaa qabu, barreeffama yaanni ijoo isaa ifaa ta'ee dhihaateedha. Himni ijoo kunis, akkuma keeyyata keessatti bakka garaagaraatti galu barreeffama keessattis, bakka garaagaraatti galuu danda'a. Barruun tokkummaa qabu, dubbistoota isaa hinrkisa." jechuun ibsite. Dubbistoonni barreeffama tokkummaa qabu yoo dubbisan haala salphaa ta'een hubatu. Kana jechuun, keeyyata tokko irraa gara keeyyata birootti akka ce'an isaan taasisa. Garuu barruun tokkummaa hinqabne dubbisuudhaaf nama rakkisa. Kun immoo, dubbistoonni yaada barreeffamichaa akka hinhubanne taasisa. Dabalataan, keeyyanni tokko tokkummaa qaba kan jennu, yaanni ijoofi himoonni gagaartuu yaada walfakkaatu tokko yoo ibsaniidha.

Yaada kana Addunyaan (2014:149) Keeyyanni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu, yaadni hima ijoo keessatti dhiyaate himoota gargaartuufi hima goolabaan yoo waltumsanidha. Tumsi himoota keeyyata tokko ijaaranii kun immoo, ergaa darbu sanaaf humna ta'a. Tokkummaan

humna kan jedhamus qabata kanaani. Keeyyanni tokkummaa hinqabne ergaa barbaachisu dabarsuuf humna dhabuurra taree dubbistoota nuffisiisa jechuun ibseera. Keeyyanni tokko keeyyata gaarii ta'uuf kan yaada tokko qofaa dabarsuufi caasaan keeyyatichaa (hima ijoo, himoota callaafi himni goolabaa) tokkummaa qabaachuun mata-duree dhiyaate haala gaariin walharkaa fuudhanii ibsuu qabu. Tokkummaa jechuun, himoonni keeyyata tokko keessa jiran hundi waldeeggaruu yookaan walfakkaachuu qabu; himoonni deeggartoota ta'an hundi waa'ee hima ijoo ibsuu qabu jechuudha.

Keeyyanni tokkummaa qabu dubbisuudhaaf nama hinrakkisu. Keeyyata tokkummaa qabu yeroo dubbisan dubbisanii ergaasaa hubachuudhaaf salphaadha. Keeyyanni tokkummaa hinqabne dubbistoonni kaayyoo barreessaa akka hinhubanne isaan taasisa. Keeyyanni tokko tokkummaa akka hinqabne kan taasisanis, namni keeyyata barreessu tokko kaayyoo isaa irratti hundaa'ee karoorsuudhaan yaada maddisiisee hinbarreessine yoo ta'e himoonni yaada ijoo keeyyatichaa waliin walsimuu dhiisuu danda'u.

Beekan (2009:45)"Keeyyanni yommuu barreeffamu kaayyoo isaa galmaan gahuuf dubbistoota isaaf akka ifa ta'utti dhiyaachuu qaba. Akkasumas himoonni keeyyaticha keessa jiran yaada ijoo waliin walqabachuu isaanii sirriitti mirkaneeffachuun barbaachisaadha."Walumaagalatti, keeyyata tokkummaa qabu barreessuudhaaf yaada ijoo tokko qofaa irratti xiyyeeffachuufi yaada ijoo sanas hima ijootiin barreessuun barbachisaa dha. Akkasumas himoota callaa barreeffama sanaan yaada ijoo keeyyatichaa wajjin tokkummaa qabaachuu isaanii mirkaneeffachuudha.

2.5.2. Walta'iinsa Himootaa

Keeyyatni ta'e keeyyata gaarii jedhamuuf ulaagaan guutamuu qabu keessaa tokko walta'umsa yookiin walqabatiinsa yaadaati. Walta'umsa qabaachuun keeyyata tokkoo kan beekamu himootni gargaartuun hima ijoo keeyyata sanaa yoo ibsani. Barreeffamni tokko akkaataa dubbistoonni yaada barreeffamichaa hubachuu danda'aniin qindaa'u qaba. Kunis, yaadonni barreeffama keessatti dhihaatan walta'iinsa kan qabaniifi haala ifa ta'een duraa duuba isaanii eeganii qindaa'uu qabu.

Geetaachoo (2009) irratti,

Keeyyanni tokko walta'iinsa qaba kan jedhamu, himoonni keeyyaticha keessaa kan walitti rarra'an ta'ee, yaadni walqabatee kan deemu yoo ta'eedha. Walta'iinsa keeyyata tokkoo eeguuf, walqabsiistotatti fayyadamuu".

walqabsiistonni kunis, keeyyata keessatti yaada dabalataa agarsiisuuf, yeroo agarsiisuuf, yaada sanaaf xiyyeeffannoo kennuuf, fakkeenya kennuuf, yaada walitti qabuufi waan kana fakkaataniif fayyadu. Tartiiba qabatamaan kaa'uu. Tartiiba qabatamaa yoo jedhamu, tartiiba yeroo, tartiiba bakkaa yookiin gocha raawwatamuu ta'uu ni danda'a. jechuun ibseera.

Walta'iinsi himoonni keeyyaticha keessatti qaban walta'insa adeemsa yaadaa yommuu ta'u qabiyyee, seerlugaafi filannoo jechootaa illee ni dabalata. Keeyyata keessatti walta'insi himootaa tooftaawwan adda addaatiin eegamuu danda'u. Tooftaawwan kunneenis: yaada keeyyatichaa mala garaagaraatiin qindeessuu, jechoota yookiin gaaleewwan keeyyaticha keessatti ijoo ta'an irra deddeebi'anii barreessuu, walqabsiistota fayyadamuu, duraa duuba yeroofi raawwii gochaarratti hundaa'uudhaan yaada qindeessuu. Karaa biraa immoo, yaada keeyyatichaa qabxiilee gooroorraa ka'uun gara gooreetti adeemuufaadha.

Walta'insa himoota keeyyatichaa eeguuf malli guddaan jechootaafi gaaleewwan keeyyaticha keessatti barbaachisoo ta'an himootaan walqabsiisuudhaan walta'insa keeyyatichaa eegsisuudha. Haaluma walfakkaatuun, Lunsford(1998) akka ibsanitti jechootaafi gaaleewwan keeyyata keessatti baay'ee barbaachisoo ta'an fayyadamuun walta'insa keeyyataa eeguu qofaa osoo hintaane dubbistoonnis dubbisicha yeroo dubbisan nuffii tokko malee xiyyeeffannoon akka dubbisan taasisa. Tooftaa inni biroo walta'insa himootaa keeyyata keessatti eeguudhaaf fayyadu bamaqaalee adda addaatti fayyadamuudhaan bamaqaaleen keeyyata keessatti himoota adda addaa walqabsiisuudhaafi irra deddeebbii maqaalee hambisuuf gahee guddaa qaba.

2.5.3. Qindoomina Keeyyataa

Beekan (2015:43). akka kaa'utti. "Qindoomina keeyyataa jechuun yaada ijoofi himoonni karaa ergaa dabarsuu danda'aniin qindaawuu jechuudha." Keeyyata barreessuu keessatti himoonni callaa kan yaada ijoo ciminaan karaa ifa ta'een deeggaran ta'uu qabu. Kanaaf immoo himoonni kunniin kan xiyyeeffannoon filatamaniifi dhugaa jiru fakkeenyaafi sababa kennuun ibsan ta'uu qabu. Keeyyanni tokko qindoomina odeeffannoo akka qabaatu taasisuuf qabxiileen armaan gadii xiyyeeffatamuu qaba.

Qabxiwwan yaadicha gadi fageenyaan ibsan, dhugaan mul'atu, fakkeenyonniifi sababoonni kennaman hammam cimoo akka ta'an addaan baafachuu. Himootni yaada ijoo keessa deebi'anii ibsuu danda'an warra kam akka ta'an adda baafachuun filachuu. Himoota yaada gahaa hinlaanne

addaan baafachuu.Tooftaan barreeffama keenyaa hammam akka gaarii ta'e madaaluu.Haalli qindoomina keeyyatichaa kaayyoo ka'ameef bakkaan gahuu danda'uufi dhabuusaa adda baafachuufaadha. Himni goolabaa waan jechuu barbaadame dhiyeessuufi dhiyeessuu dhiisuusaa madaaluu fa'i.

2.5.4. Tartiiba Ijaarsaa

Keeyyanni yookaan barreeffamni yeroo barreeffamu tartiiba ijaarsaa eegee barreeffamu qaba. Addunyaan (2014) "Tartiibnis, ulaagaa keeyyataa keessaa isa tokko ta'ee, haala odeeffannoo keeyyata tokko keessatti dhihaatuu kan ilaallatudha.Odeeffannoon keeyyata keessatti dhiyaatu garamii garam qaba.Kun ammoo, bakkaan, yeroodhaan, faayidaa fi waan kana fakkaatu ta'uu danda'a.Keeyyanni tokko garamii bakka bu'uureffachuun bitaadhaa gara mirgaatti, akkasumas, irraa gara jalaatti ibsuun dhiyeessuu danda'a.Garamii yeroo hordofuun keeyyanni barreeffamu immoo waan dura ta'e tokko irraa eegaluun gara isa boodaatti ibsaa deemuu danda'a. Keeyyanni tartiiba faayidaa bu'uureffatu tokkos,isa faayidaa guddaa qabu tokko dura fiduun gara isa faayidaan isaa muraasa ta'eetti ibsaa deema jechuun kaa'e.Tartiiba keeyyataa jechuun gochaawwan raawwataman yookaan yaadonni keeyyaticha keessatti dhiyaatan tartiiba yeroon, yaadaan, bakkaan, faayidaan, beekamtiiniifi kan kana fakkaataniin duraa duuba isaanii eeguun dhiyaachuu jechuudha.

Keeyyanni barreeffamu tokko akkaataa dubbistoonni yaada isaa hubachuu danda'aniin qindaa'uu qaba. Kunis keeyyata keessatti dhiyaatan walta'insa kan qabaniifi haala nama amansiisuun duraa duuba isaanii eeganii yoo qindaa'an keeyyatichis walta'insa akka qabaatu taasisa. Kanaafuu keeyyata yeroo barreessinu yaada qabnu dubbistootaaf dabarsuu waan ta'eef akkaataa dubbistootni keenya hubachuu danda'aniin yaadota keeyyaticha keessatti qindeessuu qabna. Haaluma kana walfakkaatuun Diyaaniifi Pat,(1998) akka ibsanitti, keey yanni akkaataa nama amansiisuun qindaa'ee keeyyata walta'insa qabu ta'uusaati. Keeyyanni hin qindoofne dubbiftoonni ergaa isaa haala salphaa ta'een akka hin hubanne taasisuu danda'a. kanaaf yeroo hundumaa keeyyata barreessuudhaaf yaadota yeroo qindeeffannu dubbiftoota keenya giddu galeessa godhachuu nama hubachiisa. Himoota yookaan yaadota keeyyataa qindeessuuf, tooftaan fayyadamuu qabnu: Yaada dimshaashaa irraa ka'uun gara yaada callaatti deemuun qindeessuu; yaadota callaarraa ka'uun gara yaada dimshaashaatti deemuun qindeessuu, yaada baay'ee barbaachisaa hin taane irraa ka'uun gara yaada barbaachisaa ta'eetti deemuun qindeessuu;

yeroofi iddoo irratti hundaa'uun yaadota keeyyataa qindeessuun ni danda'ama.

2.5.5. Guutummaa

Guutummaan barreeffama tokkoof baay'ee barbaachisaadha. Barreeffamni guutummaa qabaachuun isaa kan beekamu ergaan barreeffamichi dabarsu dubbisaaf sirriitti ifa yoo ta'edha. Kanuma ilaalchisee, Beekan(2006) Guutummaa barreeffamaa yoo ibsan, jechoonni, himoonniifi keeyyattoonni barbaachisoo hin taane yookiin hiikni isaanii ifa hin taane keeyyaticha yookiin barreeffamicha keessa yoo hinjiraannedha. Dhimmi keeyyata tokko keessatti ka'e rarra'ee osoo hinhafiin guutummaan guutuutti barreeffamuu qaba. Keeyyatni tokko guutummaa yoo dhabe, namni keeyyaticha dubbisu ergaa guutuurraa argachuu hindanda'u. Kanaafuu, keeyyatni tokko keeyyata gaarii ta'uuf guutummaa qabaachuu qaba.

2.5.6. Xiyyeeffannoo

Xiyyeeffannoon barreeffama tokko gaarii kan jechisiisan keessaa isa tokkodha. Keeyyanni tokko xiyyeeffannaa qaba yemmuu jedhamu himoonni callaan, hima ijoo keeyyatichaan ibsamuun yoo tarreeffamaniidha. Haaluma keeyyanni ibsameen barruun xiyyeeffannoo qabu tokko keeyyattoonni yaada barreeffamichaa walduraa duubaan barbaachisummaa ibsuuf yoo tarreeffamaniidha. Akkasumas, keeyyata barreeffama keessatti himoonni ijoofi himoonni gargaartuu dhaamsa keeyyatichi dabarsuu barbaade irratti xiyyeeffachuun yoo barreeffamaniidha. Haaluma walfakkaatuun, Geetaachoo (2009), "Keeyyata barreeffamu tokko keessatti yaada irratti xiyyeeffatamu yookiin ergaa dabarsuun barbaadame jalqaba yookiin xumura keeyyataa irratti kaa'uun xiyyeeffannoo akka argatu gochuun ni danda'ama." Kana malees, yaadota adda addaa walitti cimdeessuun tokkummaa yookiin garaagarummaa isaan qabaniinii fi yaada yaa'uun xiyyeeffannoo argamsiisuu dandeenya jechuun addeesseera.

2.6. Tooftaa Keeyyata Barreessuu Barsiisuu

Keeyyata wayita barreessinu akka adeemsaafi galmaatti ilaalu qabna. Melakneh (1992:193) yoo ibsu. Sadarkaaleen keeyyanni itti barreeffamu akka armaan gadiitti kaa'ee jira.

2.6.1. Waan Barreeffamu Adda Baasuun Beekuu

Barataan tokko akkaataa ijaarsa keeyyataa barreeffame tokko dubbisee osoo hinhubatiin keeyyata qindoomina qabu barreessuu hindanda'u. Sababnisaa keeyyata dubbisuufi hiikkaasaa

hubachuun ergasaa hubachuufi ogbarruu biroo dubbisuudhaan ergaasaa hubachuun dandeettii adda addaa gaafata. Qabxiilee kana hubannoo keessa galchuudhaan waan barreeffamuuf jedhu dursanii adda baasuun dubbisaafi barreessaan yaadaan akka walhubatan kan taasisuuf kaayyoo barreeffamichaas galmaan gaha.

2.6.2. Waan Barreeffamu Irratti Odeeffannoo Funaanuu Filachuu

Barreessaan tokko sammuusaa keessatti yaadota adda addaa hedduu qabaatuuyyuu, hunda isaanii altokkoon dhiyeessuu hindanda'u. Yohaannis, (2008;15) "Barreessaan tokko waan barreessuu barbaade murteeffachuudhaan odeeffannoo biroo yaadasaa gabbisuu qabaniin deeggaruu qaba." jechuun ibsa. Kana jechuun odeeffannoo funaanuun barreeffama tokkoof murteessaa ta'usaa hubachiisa. Kana raawwachuuf immoo yaadichi ifaafi qabatamaa ta'uu qaba. Gumees qopheefachuu, eessatti, yoom, eenyuuf, akka barreessan beekuun walumaagalatti, waan barreeffamuuf jedhu karoofachuun Odeeffannoo gahaa qabaachuuf gargaara. Fakkeenyaaf, qophii gumeetiif haal-dureen nubarbaachisan jiru.

Dura duubni qabxiilee gumees keessatti dhufuu qaban; mata duree filachuu, hima ijoo barreessuun, qabxiilee hima ijoo gabbisan tarreessuu, qabxiilee kanneen irra deebi'uun sadarkaan tarreessuu, keeyyata jalqabaa barreessuu, keeyyata dubbisuudhaan tokkummaa, walta'iinsaafi ijaarsa yaadichaa xiinxaluu, namaatti agarsiisuu, irra deebi'uun sadarkaa xumuraaf keeyyaticha barreessuudha.

2.6.3. Barreessuu Eegaluu

Sadarkaan kun akka lafeetti foon uffisanitti fudhatama. Qabxiileen lamaan armaan olii sirriitti raawwatamnaan, barreessuun nimilkaa'a. Keeyyaticha bareechuuf immoo walqabsiistotaa, sirna tuqaaleefi seer-lugaatti fayyadamuun murteessuudha.

2.7. Hanqinoota Keeyyata Barreessuu

Barattoonni yeroo dhimma adda addaaf keeyyata barreessaan hanqinoota baay'ee uumuu. Hanqinoonni kunneen ammoo ergaa keeyyata barreeffamusanaa hir'uu taasisa. Hanqinoota keeyyata barreessuu ilaalchisee, Dasseen (2006:4) irratti, "Barattoonni dhaloota qubeefi qubeen duraa yeroo dhimoota adda addaaf barreeffamaa barreessaan keeyyata isaan barreessaan hanqinoota gosa adda addaan kan guuteedha." yaada kanarraa kan hubannu

hanqinootni keeyyata barreessuu sadarkaa adda addaatti mul'achuu isaati.

Barreeffama barreeffamu keessatti hanqinni adda addaa mul'achuu danda'a. Barreeffama keessatti hanqinatu dhabama osoo hintaane hanqina sana addaan baaffachuun xiinxaluun barbaachisaadha. Yaada kana cimsu Tafarii (1998:32) yoo ibsu, “Afaan Oromoo dubbachuu beekuufi seerasaa beekanii barreessuurratti namoota afaanicha hinbeekne qofa osoo hintaane namoota afaanicha beekanii ittiin baratan, ittiin hojjetanitu dogoggora uumuun keeyyata barreessu.” jedha. Akka yaada kanaatti, afaaniin dubbachuu danda'uun sirriitti barreessuu danda'uu akka hintaane nu hubachisa. Barreeffamni barreeffamu tokko dogoggoraan yoo barreeffame dhaamsi barbaadame dubbisaa bira gahuu dhiisuu danda'a.

Fedhasaa (1999: 85) irraa, “Rakkooleen keeyyata barreessuu namootaa yeroo baay'ee sirna tuqaalee, qubeessuu caasaa afaanii yookiin seera afaanichaa eeguu dhabuudha,” jedha. Akka yaada barreessaa kanaatti, dogoggorri keeyyata keessatti yoo mul'ate, dhaamsi keeyyata sanaa akka hinhubatamne taasisa. Walumaagalatti, rakkoon kunis, itti fayyadama filannoo jechoota, caasluga sirrii fayyadamufi sirna tuqaalee sirrii fayyadamuu dhabuu, jechoota sirriittii qubeessuu dhabuufi kan kana fakkaatan yoo ta'u, yaada isaanii qindeessanii dhiheessuu irratti dandeettii laafaa akka qabataniifi shaakalli isaanii keeyyata qindeessan barreessuu irratti qaban baay'ee kan nama yaachisuu ta'uusaati. Kanneen keessaa muraasa isaanii akka armaan gaditti ilaalla.

2.7.1. Hanqinoota Qubeessuu

Hanqinni keeyyata keessatti barattoonni uumaan keessaa inni tokko qubeessuudha. Taasisaafi kanneen biroo(2011:12) "Qubeessuun quboonni afaan tokko keessa jiran haala seera afaanichaatiin walfaana hiriiruun jecha hiika qabu tokko ijaaruudha. keeyyanni tokko qubee sirriin hinbarreeffamu taanan barreeffamni dhiyaatu sun dhaamsa yaada barbaadame sana jijjiira." jedha kanarraa kan hubannuu sirriitti barreessuun yookaan qubeessuun walqunnamtii sirrii raawwachuuf kanneen olaanaadha.

Clarkfi warra biroo (1994:51)

Akka itti aanutti ibsu, “One of the keys to successful communication is correct spelling. In writing amis placed word can detract the reader from content of the message and cause misunderstanding incorrect spelling may also cause embarrassment because it lowers the writer’s image in the reader’s mind. Proper spelling, there for, is basic to effective communication,” jedhu.

Yaada kanarraa akka hubatamutti walqunnamtii barreeffaman taasifamuuf sirriitti qubeessuun iddoo olaanaa kan qabu yoo ta'u, dogoggorri kanaan uumamu ergaa barbaadame karaatti hinbisuu caalaa barreessaa kan qeeqsisu ta'uusaati. Kanaafuu, qubee sirrii fayyadamuun barreessuun walqunnamtii barreeffaman taasifamu keessatti murteessaa ta'uusaa mirkaneessa.

Dabalatanis, Marsen sky (2003:105)fi Nunan (2000:36) yoo cimsan, “The best way to improve your spelling is to read, read and read. Amore systematic method is to focus on words that you repeatedly miss per. Memorize their spelling and practice writing sentences with this words. As a writer, it is not that minor problem for writers it shows as that you are at best sloppy at worst, illiterate,” jedhu.

Akka yaada hayyota kanaatti, dandeettiin barreessuu akka dandeettiiwwan kanneen biro salphaa ta'uu baatus, namni tokko madda rakkoo isaa sana addaan baasee beekuufi irra deddeebi'ee dubbisuun jechoota barreessuuf itti ulfaatan irratti xiyyeeffachuun sammuutti qabachuufi irra deddeebi'ee barreessuu shaakaluun mala gaarii akka ta'ee ibsu. Kanaafuu, jechas ta'ee, hima ergaa guutuufi sirriita barreessuf, duraan dursanii sirna barreeffama afaanichaa eeguun barreessuu yookaan barreessuu shaakaluun barbaachisaadha.

2.7.2. Hanqina Sirna Tuqaaleetti Haalaan Fayyadamuu

Hanqinoota keeyyata barreessuu keessatti mul'atu inni biroon immoo itti fayyadama sirna tuqaleedha. Sirna tuqaalee kan fayyadamnu barreeffama keessattidha. Akaakuu sirna tuqaalee garaa garaas bakka adda addaatti barreeffama keessatti fayyadamna. Sirni tuqaalee barreeffama kamiyyuu keessatti murteessaa waan ta'eef keessaa hafuu hindanda'u. Kanaafuu, haalaan bakka barbaachisuutti itti fayyadamuun barreessuu baanaan dhaamsi darbuu barbaadame hinhubatamu. Sirna tuqaalee ilaalchisee Richard (1990:840) akkas ibsutti, “Punctuation is the act of punctuating a piece of writing; without any punctuation is difficult to understand,” jedha. Akka yaada barreessaa kanaatti, sirni tuqaalee gocha barreeffama tokko keessatti sirna tuqaalee tuqeessuun kan agarsiifamudha. Barreeffamni tokko sirna tuqaalee malee ergaa isaa hubachuun akka hindanda'amne hubachiisa. Akkasumas, Geetaachoo(2009:157) irraa, “Sirni tuqaalee mallattoolee jechaa yookiin barreeffama Afaan Oromoo keessa galanidha,” jedha. Haaluma walfakkaatuun, Addunyaa (2014:134) akkaataa armaan gadiitin ibsa.

Tuqaaleen mallattoowwan barreeffamakeessattiiddoo olaanaa qabaniidha. Yoomiifi eessatti tuqaaleettifayyadamuurrattibeekumsi qabnu ergaa barreeffamamaan dabarsuu barbaannurratti

dhiibbaa guddaa geessisa. Kana jechuunhaaluma dhimma itti baanuun dhiibbaa eeyyentaa kan agarsiisuufi ergichakan saffisiisu yoo taasisu haalaan itti fayyadamuu dhabuun garuu dhiibbaa hi'entaakan qabuufi ergaa dabarsuu feenus maqsuu danda'a. jechuun ibsee jira. Walumaagalattii, sirni tuqaalee akkaataa barreeffamni tokko itti barreeffamu kan murteessu dha. Akkasumas, barreeffama keenyaaf hiika kan kennuudha. Barreeffamni tokko sirna tuqaalee malee ergaa isaa hubachuun hin danda'amu. Kun akka hintaaneef of eeggannoonitti fayyadamuun barbaachisaadha.

2.7.3. Hanqinoota Qub-Guddeessatti Fayyadamuu

Qub-guddeessi barreeffama tokko keessatti baay'ee barbaachisaadha. Qub-guddeessa sirna barreeffama keessatti seera barreeffama guutuuf kan itti fayyadamnuudha. Kana ilaalchisee Geetachoo (2009;163) irraa, Qub-guddeessi kun jechoota qubeefi guddaa kan jedhamu irraa kan uumameedha. Qub-guddeessi barreeffama keessatti tajaajila adda addaa nikenna. Isaanis, Jalqaba himaafi bo'oon walaloo, maqaalee waamamsaa:- maqaalee namootaa, maqaalee bakkaa, biyyaa, magaalotaafi naannoo, maqaalee sabafi sablamootaa, kallattiiwwan, qoodama yeroofi tibbootaa, dhaabileefi jaar-miyaalee hawaasaa yookiin mootummaa, maqaawwan garreenii, laggeenii, haroowwanii, garbootafi galaanotaa qubee guddaadhaan eegalamuu qabu jechuun tareesseera.

2.7.4. Hanqina Hima Sirrii Barreessuu

Hanqinni barreeffama keessatti mul'atu keessa tokko hima sirrii barreessuu dhabuudha. Himni tokko hima sirrii kan jedhamu himni barreeffamu sun ergaa guutuu yoo dabarsedha. Kanaafuu, hima jechuun, jechoonni haala seera qabeessa ta'een walitti qidaa'anii ergaa guutuu tokko kan dabarsan yoo ta'ee hima jedhama. Akkasumas, himni caasaa barreeffama keessaa isa tokko ta'ee kan walsimannaa matimaa, aantimaafi gochima of keessaa qabudha. Hima ilaalchisee, *Geetaachoo (2009:80) irratti* yoo ibsu, "Matimaafi xumurtuu qabaatee yaada guutuu kan dabarsuufi sirna tuqaaleetiin kan xumuramu hima jedhamee beekama. Yookaan hima jechuun, jechoonni walitti dhufuudhaan yaada guutuu fudhatamaafi qindaa'aa ta'ee ergaa guutuu kan dabarsuufi sirna tuqaaleetiin kan xumuramu jechuudha." jechuun ibseera.

Yaada kanarraa kan hubannu himni tokko caasaa irraa ijaaramu qabachuusaati. keeyyanni ammoo walitti dhufeenya himootati yoo himni sirrii hinbarreeffamne keeyyannis haala seeraan

qindaa'ee ergaa barbaadamu dabarsuu hindanda'u.

2.7.5. Hanqina Caasaa Keeyyataa Eeganii Barreessuu

Keeyyanni tokko caasaa irraa ijaaramu qaba, caasaan keeyyata walitti qindaa'uun keeyyata ijaaruu waan ta'aaniif yoo seeraan haala barbaachisuun hinqindoofne dhamsaa barbaadamee dabarsuu hindanda'u. Dasseen (2006:23) yaada kana akka armaan gadiitti ibsa.

Keeyyanni gaariin ergaa barbaadame dabarsuu danda'u tokko caasaa gurguddoo sadii qabachuu danda'a innis, hima ijoo, hima callaafi hima goolabaati.jarri kun sadaan haalaa saayinsiisaa eegateen hinqindaa'u taanaan kaayyoo barbaadame galma eegame hanqisuu danda'a. Haata'umalee, yeroo ammaa barattoonni sadarkaa adda addaarra jiran caasaa keeyyataa qindeessanii barreessuurratti rakkoo bal'aafi xiyyeeffannoo barbaadutu mul'ata.

Yaada kanarraa kan hubatamu keeyyanni caasaa sadii qabachuufi isaanis haala gaariin hinqindaa'an taanaan rakkoo uumuu akka danda'udha. Walumagaalatti, Caasaa keeyyataa eeganii barreessuu dhabuun hanqina keeyyataa akka ta'edha.

2.7.6. Hanqina tartiiba Keeyyataa Eeganii Barreessuu

Keeyyanni gaariin kaayyoo barreeffameef galma yaadameen ga'uuf deemu tokko qindoomina qabaachuu qaba.Kanas,Beekan (2015:270-271)Keeyyanni gaariin tartiiba gochaa,tartiiba yeroo,tartiiba bakkaa,salphaa irraa gara cimaafi cimaa irraa gara salphaatti deemuu akka qabu barreessa.Keeyyanni qindoomina hinqabneef nyaanni toora barbaadamu eegatee hinijaaramne tokko.Akkuma nyaanni tokko yoo toorasaa eegatee hinhojjetamne nyaachuuf mijaataa hintaane akkasuma keeyyanni saayinsiisaa eegatee qindoominaan hinijaaramne dubbisuuf ofitti nama hinharkisu yookiin hawwaataa miti" jedha. Yaada kanarra kan hubatamu, keeyyanni tokko qindoominaan hin ijaaramu taanaan ergaa dabarsuuf yaadame dabarsu miti dubbisuuf iyyuu hawwaatummaa akka hinqabneedha.

2.8. Maddoota Dogoggoraan Keeyyata Barreessuu

Hanqinoota keeyyata barreessuu keessatti mul'atu ilaalchisee furmaata barbaaduuf madda dogoggora maalidha? kan jedhu beekuun barbaachisaadha. Madda dogoggora ilaalchisee Brown (1994:214) “The socio-linguistic context of stored language acquisition can give rise to certain dialect acquisition that may itself to be a source of error.” Jechuun ibseera.Akka yaada kanaatti,

xiinqooqni hawaasaa haala jiruu irratti hundaa'uun osoo hinbaratiin afaan beekuun mataansaa madda dogoggoratti. Kanaafuu, namoonni afaan ofumaa baran akka isa walta'etti itti fayyadamu.

Kun immoo, dogoggoraaf madda ta'uu danda'a. Akkasumas, Ferguson (1983:3) “We miss pronounce words, we fail to enunciate clearly we do not use eyes and ears to discriminate. We may add or omit syllables,” jedha. Akka yaada barreessa kanaatti, dogoggorri kan uumamu haalli namoonni itti shaakalaan laafaa ta'uu, xiyyeeffannoon fedhiin shaakalu dhabuu, waan barreessan yookiin waan barreeffame dogoggoraan sagaleessuu yookiin dubbisuu, ijaafi gurraa ofii fayyadamuun waan barreessan addaan baasaa deemuu dhabuudha. Akkasumas, qubee itti dabaluun yookiin irraa hir'isuun madda dogoggoraa akka ta'e nu hubachiisa. Maddoota dogoggora kanneen ta'an filannoo jechootaa yookiin fayyadama jechootaa; shaakala baarreessuu dhabuu; xiyyeeffannoo itti kennuu dhabuu; dadhabina mala barsiisuufi meeshaalee barnootaafi kan kana fakkaatafaa ta'uu danda'uu. Kanaafuu, maddoota dogoggoraa ergaa beekne furmaata barbaaduuf maddoota dogoggora keessa muraasa isaanii akka armaan gaditti ilaalla.

2.8.1. Shaakala Barreessuu Dhabuu

Shaakala barreessuu dhabuun madda dogoggoraa keessaa isa biraadha. Kana ilaalchisee, Beekan (2015:161) akkas jedha, “barattoonni akka hanqina dandeettii barreessuu qabaatan kan godhu afaanichaan sirriitti shaakaluu dhabuufi itti fayyadamuu dhabuudha. Kanaafuu maddi hanqina kanaa hanqina beekumsaa yookaan beekumsa sirrii hintaane qabaachuu osoo hintaane, hanqina shaakalaa yookaan afaanichaan haala barbaachisaa ta'een shaakaluu dhabuudha.” jedha. Shaakallii tokko kan kennamu waan shaakalan sana akka sirriitti dhimma itti bahaniif. Kanaafuu, namni dandeettii barreessuu hinguddifanne akka guddifatuuf shaakalii baay'ee barbaachisaadha. Akkasumsa, dandeettii barreessuu cimsachuuf shaakallii barreessuu isa dubbisuuf goonu caala dandeettii barreessuu keenya fooyyessa. Walumaagalatti, shaakala barreessuu gochuun dogoggora irraa nama oolchuurra darbee waligaltee keessattilee gahee guddaa waan qabuuf shaakaluun gaarii ta'a.

2.8.2. Meeshaalee Barnootaafi Adeemsa Baruu fi Barsiisuu

Dogoggorri tarii filannoo meeshaalee barnootaa irraa dhufuu danda'a. Barnoonni meeshaalee kanneeniin gargaaramuun yemmuu darbuutti barattoonni yaada dogoggoraa qabachuu danda'u. Kunis, kan ta'u, meeshaaleen barnootni ittiin kenname of eegannoon yoo kan hin qophoofne ta'e

barattoonni yaada dogoggoraa akka qabatan kallattii kan agarsiisu ta'a. Kitaabni barataa afaan barnoota tokkoon qophaa'e caasseffama dogoggoraan yookiin dogoggora hiika jechootaan yoo jiraate barattoonni waan dogoggoraan jiru sana akkasumatti fudhatu. Dabalataanis, haalli dhiyeessa barnootaa qabatamaa hintaaneefi hubannoo barattootaatiin ala ta'uun yoo dhiyaate barattoonni dogoggora raawwachuu danda'u. Caasseffamni meeshaalee barnootaa, ijaarsi, shaakalliifi gilgaalonni tooftaan isaanii ittiin qophaa'an yookiin bocamanis madda dogoggora carraan itti ta'uu jira Richards, (1974:190).

Malli baruufi barsiisuu barsiisonni itti fayyadaman barattoonni dogoggora akka raawwataniif carraa inni uumu bal'aadha. Bu'uura isaarrayyuu barsiisuufi barachuun wantoota adda ta'anidha. Barsiisaan wanta barsiisuuf qabatee ka'e yemmuu barattootaaf dabarsuuf carraa qutti wanta inni akka isaan baratan barbaadu osoo hintaane haala biraatiin barnooticha hubachuu danda'u. Kun immoo, dogoggora akka raawwatan isaan taasisa. Qabiyyeen barnootaaf dhiyaatan hagamiyyuu mijaawwaa ta'anillee sababa hanqina mala dhiyeessaatiifi hir'ina beekumsaa yookiin qophii malee seenuurraa kan ka'e, barattoonni carraan dogoggora itti raawwatan akka uumamu taasisa.

Fakkeenyaaf, barreessuufi dubbisuun keessatti baay'ee walitti dhufeenya kan qaban garuu, jechoota hiika adda ta'e qaban irra deddeebbiin barattoota barsiisuun turtii booddee jecha tokko bakka tokkoo jijjiiruun fayyadamuun dogoggora akka raawwatan taasisuu danda'a. Yookiin immoo, barsiisichis, murtii dogoggora yoo kennee; odeeffannoo walkeessaa dhaha yoo kenne; wanta barattoonni hinbeekne akka fakkeenyaatti yoo fayyadamee, dogoggora jechaafi seerlugaatiin cuunfaa yoo kennee barattoonni dogoggoru danda'u. Norrish, (1993:15).

2.9. Miidhaa Dogoggoraan Keeyyata Barreessuun Fiduu

Barreeffamni tokko yeroo barreeffamu dogoggora qabaannan hanqina uumuu danda'a. Kana ilaalchisee, Geetaachoo (2012: 11) yaada kana yoo ibsu, Dogoggorri barreessuu haala dubbisa tokkoo qofa kan jijjiiruu osoo hintaane haala barreeffama keessatti argamu guutuu isaa jijjiiruu danda'a." jechuun ibseera. Kanaafuu barreeffamni tokko yeroo barreeffamu hanqina yookiin dogoggora qabaannan ergaan dubbisaa bira gahuu qabu osoo hingahiin hafa jechuudha. Kanuma bu'uura godhachuudhaan Afaan Oromoo keessatti qubeen tokko bakkaafi seera malee dogoggoraan gallaan, jijjiirama waan fiduuf of eeggannoon barreessuun barbaachisaadha.

Walumaagalatti, Geetaachoo (2013:10) Brown (1994) wabeeffachuun, Dogoggorri akkuma maqaasaa dogoggora. Dogoggora kana immoo sirreessuun waan jiru. Itti fufnaan waan lama taati. Tokkoffaa salphina; lammaffaa rakkina. Kana jechuun bulee oolee Dogoggorumti waan sirrii fakkaachuu danda'a. Kun kallattiin mul'ata. Dogoggorri uumame hinsirraa'u taanaan turtii keessa akka waan sirrii ta'eetti qaama afaanichaa godhanii fudhachuutu dhufa. Fudhatamus garuu, dogoggora waan ta'eef iddoo galee tajaajilu hundaatti nama rakkisuun isaa hinoolu jechuun ibseera.

Kelly (1998:391) dhiibbaa dogoggorri qubeessuu barreeffama irratti qabu yoo ibsu, “Mis spelled words can spoil the effect of another wise excellent paper. However, avoiding these errors is no easy task,” jedha. Yaanni kun kan ibsu dogoggorri qubee jecha tokkoo, barreeffamoota hafan kan booressuu yoo ta'u, kana hojiirra oolchuun hojii salphaa akka hintaane ibsa. Kanaafuu, yaada kana irraa kan hubachuun danda'amu hanqinniyn dogoggorri qubeessuu walqunnamtii barreessaafi dubbisaa gidduu jiru waan harcaasuuf ergaan barbaadame bifa hinbarbaadamneen akka hubatamu taasisa.

2.10. Keeyyata Barreessuu Akkaataa Ittiin Cimsachuun danda'amu

Keeyyata barreessuu gabbifachuun waan salphaa miti. Akkuma dandeettii barsiisuu cimsachuuf waggaa baay'ee shaakalan, keeyyata barreessuu cimsachuufis shaakallii yeroo dheeraa kan gaafatudha. Dandeettii kanas, kan cimsaannuu kallatti tokkon qofaa miti. Tooftaawwan adda addaafi mala garagaraatti fayyadamuudhaan. Kanuma ilaalchisee, Geetoo (2012: 21) Shaw (1978) wabeeffachuu, qabxiilee barreessuu itti fooyyessuun danda'amu kanneen armaan gadii tarreesseera:-

- Jechoota haala sirrii ta'een sagaleessuu.
- Namni tokko sammuusaa keessatti waan barreessuu sana ilaaluufi dhaga'uu.
- Jechoota caasaan isaanii xiqqoo rakkisaa ta'e qomatti qabachuun yaadachuu
- Seera barreeffamni itti barra'u baruu yookiin barachuu.
- Yoo barreessuu xiyyeeffannoon yookiin of-eegannoon barreessuu.
- Jechoota yeroo baay'ee dogoggoritu addatti baasuun galmeeffachuun qo'achuun barbaachisaadha, jechuun ibseera.

2.11. Yaadiddama Qorannichaa

Xiinxala hanqinoota hojii xiinqooqaati, xiinqooqa immoo baroota addaa keessatti yaadiddamaalee garaa garaa kaa'uun hojii kana hojjechuuf yaalii taasisaa turan. (Gass and Selinker 2008) yaaliiwwan taasifaman kanneen jaarraa digdammaffaa keessa qaaccessa waldorgomsiisaa uuman. Inni biraan qaaccessa dogoggoraati (error analysis). Kun immoo hanqina qaaccessi walbira qabanii ilaaluun dogoggora qaaccessan qeequudhaan kan hanqina sana guuta jedhamee yaadame kan uumamedha.

2.12. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Qorataan kun qorannoo kana yemmuu adeemsisu qorannoowwan kanaan dura adeemsifaman kan qorannoosaa waliin wal fakkaatu sakattaa'ee jira. Haaluma kanaan, Qorannowwan mata duree qoronnichaan walitti dhiyeenya qaban muraasa yoo ilaalle:

Shimallis Laggasaa (2015) "Sakatta'a hanqinoota Afaan Oromootiin barreessuu waajjiraalee mootummaa godina Addaa Naannawaa Finfinnee Bulchiinsa Magaalaa Kolooboo keessatti mul'atan," yoo ta'uu, kaayyoon qorannoo Shimallis hanqinoota namoonni waajjiraalee mootummaa keessatti Afaan Oromootiin barreessuu irratti qaban sakatta'uudha. Kan qorataa kanaa garuu, keeyyata barreessuu barattootaa irratti wantoota miidhaa fidan xiinxaluudha. Kanaafuu, kan qorataa duraa waajjiraalee mootummaa irratti yoo xiyyeeffatu kan qorataa kanaa immoo barattoota mana barumsaa irratti xiyyeeffate.

Jaafar Odaa (2016) ammoo "Sakatta'a Hanqinoota Sirna Tuqaalee Afaan Oromootiin Barreessuu Waajjiraalee Miti Mootummaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee Bulchiinsa Magaalaa Kolooboo keessatti argaman," yoo ta'u, kaayyoon qorannoo kanaa hanqinoota Afaan Oromootiin barreessuu waajjiraalee miti mootummaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee Bulchiinsa Magaalaa Kolooboo Xiinxaluudha.

Tolosaa Sabbooqaa (2016) Shaakala Madaallii walitti fufaa Dandeettii Afaan Oromootiin Barreessuu: Haala qabatamaa Kolleejjii Barsiisota Roobee yoo ta'u, kaayyoon qorannoo kanaa shaakala madaalliin walitti fufaa dandeettii Afaan Oromootiin barreessuu haaala hojiirra itti oolaa jiru sakatta'uun mul'isuudha. Wanti qorannoo Kana adda taasisu, Tolosaa shaakala madaallii walitti fufaa sakatta'uun ibsuu irratti yoo xiyyeeffatu kan qorataa garuu, dandeettii

Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu irratti wantoota miidhaa fidan xiinxaluu irratti xiyyeeffata.

Abdusalaam Abbaa Olee(2013) Mata-duree,”Dandeettii Barruu Guutuu barreessuu barattoota Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu:Haala Yuunvarsitii Wallaggaa keessatti”jedhu yoo ta’u; kaayyoon qorannichaas rakkoowwan bu’uuraa barruu guutuu Afaan Oromootiin barreessuurratti barattoota Yuunvarsitii waggaa 1ffaa mudatan addaan baasuu ture.Kaayyoon qorataa kanaa immoo ”Xiinxala wantoota dandeettii Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa irraatti miidhaa fidan addaan baasuudha.Haalumakanaan, wanti qorannoo kana adda taasisu kaayyoon qoratichaa barruu guutuu osoo hintaane keeyyata barreessuu irratti xiyyeeffachuu isaati.

Kadir Bulloo (2012) Mata-duree” Rakkoowan keeyyata Afaan Oromootiin barreessuu irratti barattoota kutaa 9ffaa mudatan yoo ta’u, Qorannichi Mana Barumsaa Dajjaasmaach Garasuu Dhukii Sadarkaa 2ffaatti geggeeffame. Kaayyoon qorannoo Kadir rakkoowwan bu’uuraa keeyyata Afaan Oromootiin barreessuurratti barattoota kutaa 9ffaa mudatan adda baasuudha. Innis haala Oromiyaa Mana barumsaa Dajjaasmaach Garasuu Dhukiirratti xiyyeeffata.Kaayyoon qorannoo kootii immoo”Xiinxala wantoota dandeettii Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa mudatan adda baasuudha.Wanti qorannoo kana adda taasisu qorannoon Kadir haala Oromiya ilaallatu yoo ta’u kan qoratichaa garuu haala Finfinnee irratti fuulleffateeti.

Qorataan kun ammoo Xiinxala wantoota dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattoota Kutaa 10ffaa Haala Finfinnee Kutaa Magaala Gullallee Aanaa 9 Mana Barumsaa Madanaalam sadarkaa 2ffaa irratti miidhaa fidan xiinxaluudha.

Walfakkeenyi qorannoowwan armaan olii kunis, hanqinoota Afaan Oromootin barreessuu irratti ta’uu isaati. Akkasumas, kan isaan walfakkeessu kan biroo immoo hundi isaaniiyuu dandeettii barreessuu irratti xiyyeeffachuu isaanii yoo ta’u, qorannoo kana ammoo adda kan godhu Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu irratti xiyyeeffachuu isaati.

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo geggeeffamee inni guddaan xiinxala wantoota dandeettii Afaan Oromootiin

keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa baratan irratti miidhaa fidanii qaaccessuu ture. Kaayyoo qorannoo gaggeeffamee galmaan gahuuf qoratichi gosa qorannoo ibsaatti gargaameera. Faayidaa qorannoo ibsaa ilaalchisee, (Singh 2006) yoo ibsu, “A descriptive survey method was designed where questionnaire was used as a main data collecting tool” jedha. Kana jechuun, qorannoon ibsaa yeroo bargaaffiin akka mala funaansa ragaatti tajaajilu hojiirra kan oolu ta’uu isaati.

Gama biraatiin, qoratichi malleen qorannoo jiran keessaa, mala qorannoo makaa (ammamtaafi akkamtaatti) dhimma bahameera. Sababni malli kun filatameef, ragaaleen maddeen odeeffannoo irraa argaman gara lakkoofsaafi dhibbeentaatti kanneen jijjiiramuu qaban jijjiiruun, akkasumas, kanneen jijjiiramuu hindandeenye hunda qaaccessuufi ibsuudhaan xiinxaleera. Kanamalees, mala lachuu fayyadamuun hanqina mala tokkoo, malli biroo guutuu waan gargaaruufi. Kunis, deeffannoon funaaname lakkoofsaafi jechaan ibsanii hiikuuf waan mijatuufi. Akkasumas, bu’aan adeemsa kanaan argame isa odeeffannoo mala qorannoo akaakuu tokkoon argame caalaa gaarii ta’a jedhee waan amaneef, qorataan mala makaa fayyadame. Kunis, ragaalee bifa qulqulluu ta’een funaanuufi xiinxaluuf mijataa ta’eera.

Mala makaa fayyadamuun mala tokkotti fayyadamuu caalaa rakkinichi gadi fageenyaan akka hubatamuuf gargaara. Kunis, qorannoo tokko keessatti kan xiyyeeffatamuu qabu rakkoo qorannichi qabatee ka’e sana sirriitti akka hubatamu taasiseera. Kana jechuun, rakkoo sana karaa sirrii ta’een xiinxaluun furmaata kaa’uuf gama hundaan gargaara jechuudha. Yaaduma kana ilaalchisee, Dawson (2002: 20). Yoo cimsu, “Many researchers believe this is a good way of approaching research it enables you to counteract the weaknesses in both qualitative and quantitative research,” jechuun cimsa.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti, malli kun gadifageenyaan xiinxaluudhaaf humna qabaachuufi gama amansiisuutiin hubannoo bal’isuuf haala mijeessa. Haaluma walfakkaatuun, Zoltan (2007:161) yoo ibsu, “Mixed method involves the mixing of quantitative and qualitative research methods.” jedha. Kana jechuun, malli makaa mala qorannoo hammamtaafi mala qorannoo akkamtaa ofkeessatti hammata.

Qorannoon hammamtaa lakkoofsatti fayyadamuun hamma waan tokkoo safara. Odeeffannoo funaanus ta’ee qaaccessuun haala inni lakkoofsaan ibsamuu danda’uun dhiyaata jechuudha. Addunaan (2011:70) ibsu, odeeffannoon bargaaffii caaseffama lakkoofsaan, gabatee, giraafiifi

chaartii keessatti dhiyaachuu akka danda'uudha. Dabalataanis, funaansa odeeffannoo akkamtaaf malleen gargaaran afgaaffii barsoosotaafi xiinxala dokumantii akka ta'e hubachuun ni danda'am. Walumaagalatti, qorannoo geggeeffame keessatti odeeffannoo karaa bar-gaaffii daanga'aafi afgaaffii daanga'aa argamaniif malli qorannoo ammamtaa yeroo tajaajilu, odeeffannoo gaaffii hindaangeffamneefi sakatta'a dookumantiin argamaniif immoo, mala akkamtaatu hojiirra oole. Kanaafuu, xiyyeeffannoon qorannoo kanaas dandeettii Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa irratti wantoota miiddhaa fidan ta'eef, wantoota dhiibbaa fidan kanneen addaan baasuun qaaccessuu irrattiidha. Qabata kanaaf qoratichi malleen akkamtaafi ammamtaatti dhimma baheera. Haaluma kanaan, bargaaftii banaafi cufaa barattoofaaf, akkasumas afgaaffii banaa immoo barsiisotaaf qopheessun qoratichi odeeffannoo isaa funaannatee qaaccessseera.

3.2. Madda Ragaalee

3.2.1. Madda Ragaa Duraa

Qorannoon kun barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniifi barattoota kutaa 10ffaa bara 2016tti galmaa'anii barachaa turan irratti kallattiidhaan kan xiyyeeffateedha. Waan kana ta'eef, maddi ragaa duraa barsiisota Mana Barumsaa Madaalam sadarkaa 2ffaatti Afaan Oromoo barsiisaniifi barattoota kutaa 10ffaa bara 2016tti galmaa'anii barachaa turaniidha. Kana jechuun, qaamota kallattiin dhimma kana raawwatan waan ta'aniif madda ragaa tokkoffaa jedhame.

3.2.2. Madda Ragaa Lammaffaa

Qoratichi akka madda raga lammaffaatti kan gargaarame mana barumsaa Madaalam sadarkaa lammaffaatti dandeettii Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaatti miiddhaa fidan ilaalchisuun sakatta'a dookimantiitti gargaarameera. Walumaagalatti, qorannoo geggeeffame milkeessuuf maddii odeeffannoo lamaanuu (primary and secondary source) bakka barbaachisaa ta'an hundatti qoratichaan hojiirra oolaniiru. Qo'attoonni addaddaa malleen adeeffannoo madda ragaa 1faafi 2ffaa irraa funaannatan qorannoo makaa keessatti barbaachisummaan isaanii olaanaa akka ta'e ibsaniiru. Qorataan qo'annichaas, kanuma bu'uura taasifachuun lamaanitti gargaarameera.

3.3. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa magaalaa Finfinnee kutaa bulchiinsa Gullallee Mana Barumsaa Madanaalam sadarkaa lammaffaatti, barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniifi barattoota kutaa

10ffaa bara barnootaa 2016 barachaa jiran hammatee jira. Sababni barsiisonni filatamaniif, barattoota kutaa 10ffaa daree keessatti waan barsiisaa jiraniifi. Dabalataniis, sababni barattoonni filatamaniif, barsiisota mana barumsichaa irraa kallattiin baratu waan ta'eefi.

3.4. Mala Iddatteessuu

Waa'ee iddattoo adda baasanii filachuu qorataan namoota fedhii, muuxannoo, beekumsaafi kaayyoo qorannoo waliin walitti hidhata qaban addaan baasuun filachuu kan ilaallatuudha. Qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qabu irraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu qaba. Malli iddattoo tooftaa irraawwatamtoota jiran keessaa akkaataa qorannichaaf mijataa ta'een madda ragaa filachuun ittiin murteeffamuudha. Kana jechuun namoonni jamaa sana keessaa fudhataman bakka bu'oota jamaa sanaa ta'anii odeeffannoo kennuu danda'u jechuudha. Haaluma kanaan, qoratichi madda odeeffannoo filachuuf mala iddattoo fayyadameera. Malli manni barnootaa, dareen barnootaafi barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan itti filatamanis mala iddattoo miti carraa keessaa iddatteessuu akkaayyooti. Akkaayyoo kan jedhameefis , akka kaayyoo qorannichaatti deebistoota filachuu waan taa'eefi ”.

Kanaaf, dhimma qorannoo isaa ilaalchisee qoratichi odeeffannoo barbaachisu nan argadha jedhee waan amaneef mala kanatti gargaaramera. Akkasumas, barattoonni kutaa 10ffaa mala iddattoo carraa keessaa iddattoo sirnaawaatiin filatamaniiru. Sababni malli akkayyoo filatames baay'inni manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa kanneen dabaree Afaan Oromoo itti baratan Magaalaa Finfinnee kutaa bulchiinsa magaalaa Gullallee keessa jiran lakkoofsaan ja'a(6) waan tureefi. Baay'inni daree barnootaa Afaan Oromoo akka afaan tokkoffaatti baratanis lakkoofsaan sadii (3) qofa waan ta'eef mala akkayyoo kanaan kan filatameedha. Baay'inni barsiisota Afaan Oromoo akka afaan 1^{ffaa}tti barsiisanis lakkoofsaan sadii(3)waan ta'aniif iddattoo akkayyootiin filatamaniiru. Barattoonni kutaa 10ffaa Afaan Oromoo akka afaan duraa(afaan 1ffaa) baratan immoo mala iddattoo carraa keessaa iddattoo sirnaawaatiin filatamaniiru. Qabanni kanaas, barattoonni Afaan Oromoo akka afaan 1^{ffaa}tti baratan lakkoofsaan 168 waan ta'aniifi. Maddeen odeeffannoo kunneen akka itti aanutti addatti taa'anii jiru.

3.5. Meeshaalee Ragaaleen Ittiin Funaanaman

Qorannoon kamiyyuu ragaadhaan deeggaramee gaggeeffamuu qaba. Kanaaf ragaan bu'uura

qorannoo ta'uu isaati. Waan qorannoo tokkoof murteessaafi bu'uura ta'e kun meeshaalee itti funaanaman xiyyeeffannoon kan kaayyoo qorannichaaf ragaalee argamsisuu danda'an adda ba'anii beekamuu qabu. Kanaafuu, meeshaaleen qorannoo kana keessatti hojiirra oolan, qormaata, bargaaffii, afgaaffiifi sakkatta'a dookumentii caaseffameen ragaaleen argaman hundi kan lakkoobsaan safaramuu danda'aniidha. Dhimma qorannoo tokko qulqulleessanii beekuuf dursa meeshaalee ragaalee qulqulluu ta'e walitti qabuuf fayyadan addaan baafatanii beekuun murteessuudha. Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanaman hedduutu jira.

Kaayyoon qorannoo geggeeffamee inni guddaan barattoonni kutaa 10ffaa Afaan Oromootiin keeyyata barreessuuf wantoota hudhaa ta'an addaan baasuun xiinxaluu ture. Yaada kanarraa ka'uun qorataan qorannoo kanaa malleen odeeffannoon ittiin funaannamu keessaa bargaaffii, afgaaffii, sakkatta'a dookmantiifi qormaatatti fayyadamuun odeeffannoo qorannoo isaaf ta'u odeef kennitoota irraa funaannateera. Haaluma kanaan, tokkoon tokkoon malleen kanneenii armaan gaditti ibsi itti kennamee jira.

3.5.1. Sakatta'a Dookmantii

Malleen qorannichaaf odeeffannoon ittiin funaaname keessaa inni biraa ammoo sakkatta'a dookmantiiti. Qorataan sakkatta'iinsa dookmantii kana kan fayyadamu odeeffannoowwan bifa bargaaffiifi afgaaffiitiin argaman walbira qabuun wantoota Afaan Oromootiin keeyyata barreessurratti miidhaa fidan xiinxaluu ture. Haaluma kanaan, qabiyyeen dandeettii barreessuu waliin walqabatan kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessaa sakkatta'amee qaaceffameera. Akkasumas, madda hanqina barreessuu addaan baafachuuf barruuleen barattootaas sakkatta'ameera.

3.5.2. Bargaaffii

Bargaaffiin maalleen odeeffannoon ittiin funaannamu keessaa isa tokkoofi kan qorattoota baay'eedhaan filatamuudha. Sababni meeshaalee ragaan ittiin funaanamuu kun filatameef yeroo, humnaafi baasii qusata, eenyummaa odeefkennitootaa waan hin ibsineef odeeffannoo sirrii argachuuf mala gaariidha. Odeefkennitoota hundaafuu gaaffii walfakkaatu dhiheessa, bakka bu'aadhaan dalagamuu danda'a. Qoratichaaf odeefkennitoota gidduu waliin dubbiin murteessaa miti. Kanaaf odeefkennitoonni bilisa ta'anii yaada kennuu barbaadan ifaaf bilisaan barreeffamaan kennu. Kunis, odeeffannoo barreeffamaa irratti hundaa'uun gaaffilee qorataan gaafateef deebii kaafatamtoonni kallattumaan kennaniidha. Kunis, bargaaffiin ragaa barreeffamaa kan tuuta

gaaffii ofkeessaa qabu ta'ee kan deebistootaan deebi'eedha.

Walumaagalatti, malli kun qorannoo isaaf murteessaa ta'uu itti amanuun mala odeeffannoon ittiin funaanamu kana filatee jira. Kunis, odeeffannoo qabatamaa karaa bilisa ta'een argachuun kanneen biraatti ida'uun qorannicha irra caalaa qabatamaa gochuuf amanameeti. Bargaaffiin kan dhiyaate barattootaafi. Sababni isaa yeroo tokkotti odeeffannoo bilisaan barattoonni kennan argachuun waan danda'ameefi. Gaaffileen barreeffamaa tooftaa odeeffannoon qorannoo kanaa ittiin funaannamu keessaa isa tokkoodha. Gaaffilee dandeettii barreessuu barattootaarratti miidhaa fidaniin walqabate irratti barattootaa qopheessuun gaafatamaniiru. Gosti bargaaffii barattootaaf qophaa'es bargaaffii cufaafi banaa ture. Baay'inni gaaffilee qophaa'aniis 15 kan ta'aniidha. Lakkoofsi barattootaa gaafannoon barreeffamaa dhiyaateef dhiirota 37(54%) fi dubartoota 31(46%) walumatti, barattoota jaatamii saddeet (68)turan.

3.5.3. Afgaaffii

Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaaname keessaa tokko af-gaaffiidha. Odeeffannoon afgaaffiidhaan argame kun immoo amanamaadha. Sababiinsaa qoratichi kallattiidhaan gaaffiilee odeeffannoo ittiin argadha jedhee murteesse qindeeffachuun fuulaa fuulatti oddeeff-kennitootarraa fudhhate waan ta'eefi. Kanaafuu, qoratichi qorannoo isaa irratti odeeffannoo amanamaa, gad-fageenya qabuufi guutuu ta'e argachuuf meeshaalee ittiin odeeffannoo funaannate keessaa tokko afgaaffii gam-tokkeen caaseffamaa taasiseen argachuu danda'ee jira.

Af-gaaffii kan yeroo taasise qorataan namoota dhimmichi ilaallatuuf eenyummaafi kaayyoo isaa ibsuun odeeffannoo irraa funaannateera. Kanaafuu, meeshaa odeeffannoon ittiin funaaname kanatti gargaaramuun qorataan gaaffilee gam-tokkeen caaseffamaa ta'an qopheessuun barsiisota Afaan Oromoo barsiisan sadiif kan dhiyeesseedha. Baay'inni gaaffiiwwan afgaaffiidhaaf qophaa'anis kudhan(10) ture. Kanaaf, afgaaffiin barsiisota qofaaf waan qophaa'eef iddattoon qorannoo kanaas barsiisota jechuudha. Barsiisota afgaaffii irratti hirmaatanis qorataan dursa haala mijeessuun bakkaafi yeroo isaan itti argamanii yaada laachuu danda'aniin hojii isaa adeemsise. Bakki qorataan barsiisota waliin gaaffiifi deebii geggeesse mana barumsaa Madanaalam sadarkaa 2ffaa yoo ta'u, yeroo isaan itti argamuu danda'anitti haala mijeesseti. Kunis yeroo barnootaa addaan kutuun osoo hintaane wayitii yeroo isaan hinqabne adda baafachuun sagantaa kan ofiisaa qopheeffachuudhaan geggeesse.

3.5.4. Qormaata

Qorumsi meeshaa funaansa ragaa qorannoo keessaa isa tokko. Qorumsi meeshaa sadarkaa beekumsaa, dandeettii, ga'umsaafi ilaalcha nama tokko yookaan garee namootaa ittiin safaramuudha. Wantoota Afaan Oromootiin Keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaatti hudhaa ta'an xiinxalee adda baasuuf qoratichi meeshaalee ragaan ittiin funaaname keessaa qormaataatti fayyadameera. Haaluma kanaan, gaaffiileen qormaataa kan barsiisonni akka Muummeetti qopheessan gaaffiileen 6 fudhatamee xiinxalameera.

3.6. Tartiiba Odeeffannoon Ittiin Funaaname

Adeemsa funaansa odeeffannoo ilaalchisee inni jalqabaa, Waajjira Barnootaa kutaa Bulchiinsa Magaala Gullalleefi Mana Barumsaa Madanaalam Sadarkaa 2ffaa eeyyama gaafachuu ture. Itti aansuun, bargaaffiin gaaffilee banaafi gaafilee cufaa bifa filannoo (Likert Scale) tiin qophaa'uun qorannoo dursaaf haala itti raabsamuu qaban itti gaafatamaa Mana Barumsichaa waliin marii taasisuun haala sagantaa qabameetiin adeemsifameera. Bargaaffiin barattoota qorannoo dursaaf qophaa'e irraa duubdeebii argameen bargaaffilee dhiyaatan fooyyeessuun qorannoo isa xumuraaf qophaa'eera. Kana booda, bargaaffiin barattootaaf raabsameera. Booda itti gaafatamaa mana barumsichaatiin guyyoota sadii keessatti walitti qabamuun qoratichaaf deebi'eera. Xumura irratti deebiin odeeffannoo bargaaffilee barattoota irraa argaman qindeessuun ibsi itti kennameera. Qaacceesa sakatta'iinsa dookmantiif ragaaleen kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi barruuleen barattootaa haala odeeffannoon itti argamuu danda'an ilaalchisee qorataan duraan dursee barsiisotaafi itti gaafatamaa mana barumsichaa waliin marii taasiseera. Dhumarratti, ragaaleen barattoota irraa walitti qabamaniiru.

3.7. Mala Ragaaleen Ittiin Qaacceffame

Mala qorannoo kana keessattii ragaalee (odeeffannoo) gaaffii afaanii fibargaaffiin argame gara tokkotti fiduuf mata duree mata dureen qindeessuun sassaabeera. Adeemsa ragaalee funaaname tokko kaayyoo qorannichaarratti hundaa'anii yaada itti kennan, adeemsa kallattii argannootti nama qajeelchuufi adeemsa murtii tokkorraan nama ga'uudha. Ragaalee hiikuun gosoota ragaalee irratti hundaa'ee kallattii garaagaraa qabaachuu danda'a. Haaluma kanaan, malli ragaa qaaccessuufi hiikuu odeeffannoon mataduree kanarratti argame ittiin adeemsifame mala ammamtaafi akkamtaati. Malli ammamtaa ragaalee argame sana lakkoofsaan eeruudha. Kunis,

bifa gabateen kaa'uun kan geggeeffame yammuu ta'u, malli akkamtaa immoo ragaalee argaman sana jechootaan ibsuudha. Kana malees, ragaalee ammamtaan gabatee keessatti dhihaate jechootatti fayyadamuun ibsuudha. Haaluma kanaan qoratichi ragaalee gabateen dhihaatanis isa gabateen ala dhihaates jechaan ibseera. Qoratichi mala kana lamaan kan filateef, qorannicha caalmaatti ifaafi qabatamaa akka ta'uuf yaadeeti.

BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI IBSA RAGAALÉE

Kaayyoon qorannoo kanaa mata duree, Xiinxala wantoota Dandeettii Afaan Oromootiin Keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa irratti miidhaa fidan addaan baasuun ragaalee

funaanaman adeemsa jiruun qaaccessseera.Boqonnaa kana keessatti ragaaleen funaanaman xiinxala ibsaa waliin dhihaatee jira. Kunis, madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa fayyadamuun kan argameedha. Qorataaf madda ragaa tokkoffaa ta'anii ragaalee kan kennaniif barattoota mana barumsaa Madanaalam sadarkaa 2ffaatti barataniifi barsiisota Mana Barumsichaatti Afaan Oromoo barsiisaa jiraniidha. Maddi ragaa lammaffaan yaadannoo barattootaafi kitaaba barataa Barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa kan bara 2014 Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin qophaa'ee irraa barsiifamaa jiruudha.

4.1 Qaaccessa Ragaalee Bargaaffii Barattootaa

Gaaffii	Filannoo	Deebistoota lakkoofsan	Deebistoota Dhibbeentaan
1.Barsiisaan barreessuu shaakalchiisuuf qabiyyee kitaaba keessa jirtti qabiyyee addaa dabalee hammam siif qopheessa?	A.yeroo hunda	14	21%
	B. yeroo bay'ee	16	23%
	C. darbee darbe	14	21%
	D. yeroo muraasa	24	35%
Ida'ama		68	100%

Gabatee 1: Shaakala addaa qabiyyeetti dabalamee barsiifamu

Gabatee 1ffaan armaan olii kun akka agarsiisutti, barattoonni lakkoofsaan 14(21%) ta'an barsiisaan shaakalli addaa barreessuu shaakalchiisuuf qabiyyee kitaaba barataa keessa jirutti dabalani isaan qopheessan 'yeroo hunda' jechuun deebii isaanii mirkaneessan. Akkasumas, barattoonni lakkoofsaan 16(23%) ta'an barsiisonni haala 'yeroo baay'ee' qabiyyee kitaabaa keessa jirutti dabalataan shaakalli addaa akka qopheessan ibsanii jiru.Barattoonni 14(21%) immoo, barsiisonni haala 'darbee darbee' shaakala addaa kitaaba keessa jirutti dabalataan qopheessu jechuun ibsan.Dhumarratti, barattoonni 24(35%) ta'an barsiisaan shaakala qabiyyee kitaaba keessa jirutti dabalani isaan qopheessan yeroo muraasa ta'uu ragaan jiru agarsiisa.Walumaagalatti, ragaan kun akka agarsiisutti barattoonni harki caalaan yookiin 24(35%) ta'an barsiisonni haala gadaanaa ta'een shaakaloota qabiyyee kitaaba barataa keessa jirutti dabalani kan qopheessan ta'uu agarsiisani.Barattoonni muraasni 14(21%) immoo barsiisaan haala baay'ee olaanaa ta'een shaakaloota qabiyyee kitaabaatiin addatti kan qopheessan ta'uu ragaa bahu.

Gaaffii	Filannoo	Deebistoota	Deebistoota
---------	----------	-------------	-------------

		lakkoofsaan	Dhibbeentaan
2. Hanqinni barreeffama Afaan Oromoo ati barreessituu quunnamtii ati gootu irratti miidhaa qabaa?	A. Eeeyyee	26	38%
	B.Lakkii	22	32%
	C. Yeroo tokko tokko	20	30%
Ida'ama		68	100%

Gabatee 2: Miidhaa hanqinni barreeffamaa quunnamtii isaanii irratti qabu

Gabatee 2ffaan armaan olii kun akka agarsiisutti, hanqinni barreeffamaa quunnamtii barreeffaman taasifamu irratti dhiibbaa qabaachuu ilaalchisee barattoonni harki caalaan 26(38%) ta'an dhiibbaa qabaachuu isaa agarsiisani. Barattoonni 22(32%) ta'an immoo barreeffamaan quunnamtiin taasifam dhiibbaa akka hinqabaane ibsu. Dabalataanis, barattoonni lakkoofsaan 20(30%) ta'an yeroo tokko tokko hanqinni barreeffama Afaan Oromoo quunnamtii isaanii keessatti dhiibbaa akka uumuu ibsu. Walumaagalatti, barattoonni harki caalaan yookiin 26(38%) ta'an hanqinni barreeffama Afaan Oromoo quunnamtii barreeffamaan taasifamu keessatti dhiibbaa kan uumu ta'uu himani. Barattoonni 22(32%) immoo quunnamtii isaanii irratti dhiibbaa kan hinuumne ta'uu ibsani. Kanneen lakkoobsaan 20(30%) ta'an garuu, hanqinni barreeffamaa quunnamtii isaanii irratti darbee darbee dhiibbaa akka uumu agarsiisani.

Gaaffii	Filannoo	Deebistoota lakkoofsan	Deebistoota Dhibbeentaan
3. Ati dandeettii barreessuuf hagam xiyyeeffannaa laatta?	A. Baay'ee olaanaa	14	20%
	B. Olaanaa	10	15%
	C. giddu galeessa	19	28%
	D. gadaanaa	25	37%
Ida'ama		68	100%

Gabatee 3: Xiyyeeffannaa barattoonni dandeettii barreessuuf qaban

Gaaffii gabatee 3ffaa irratti faca'iinsi xiyyeeffannoo barattootaa akka agarsiisutti, barattoonni baay'inaan 25(37%) ta'an dandeettii barreessuutiif xiyyeeffannoo gadaanaa akka qaban agarsiisa. Kanneen hafan hundi garuu dandeettiwwan biroo irratti akka xiyyeeffatan hubachuun ni danda'ama.

Gaaffii	Filannoo	Deebistoota lakkoofsan	Deebistoota Dhibbeentaan
---------	----------	------------------------	--------------------------

4.Hanqinni barreeffama Afaan Oromoo barreessitu barreeffama keerratti miidhaa hagami qaba?	A. Baay'ee olaanaa	56	82%
	B. Olaanaa	6	9%
	C. giddu galeessa	4	6%
	D. gadaanaa	2	3%
Ida'ama		68	100%

Gabatee 4: Miidhaa hanqini barreessuu barattootarraan gahu

Gaaffii 4ffaa oliirraa akka hubatamutti, barattoonni 56(82%) ta'an hanqinni barreeffamaa isaan barreessan jireenya isaanii keessatti miidhaa baay'ee olaanaa akka isaan irraan qaqqabsiisu ibsan. Ragaa kanarraa akka hubatamutti, hubannoon isaan dhimma kanaaf qaban olaanaa ta'uu isaati. Barattoota 68 keessaa barattoonni 6(9%) immoo deebii yeroo kennan miidhaan qaqqabuu danda'u olaana ta'uu amanu. Kanneen baayinni isaanii 4(6%) ta'an immoo miidhaan qaqqabu giddu galeessa yaada jedhu qabu. Barattootni 2 garuu miidhaan qaqqabu gadaanaadha yaada jedhu qabu. Kun immoo barattoonni kunneen hubannoon isaan barreeffama ilaalchisee qaban gaddannaa ta'uu mul'isa. Dhugaan jiru garuu barreessuun xiyyeeffannoofi shaakala walirraa hincinne kan barbaadu waan ta'eef dhimmicha gadifageenyaan ilaaluun gaariidha.

Gaaffii	Filannoo	Deebistoota lakkoofsaan	Deebistoota Dhibbeentaan
5. Barsiisonni abbaltii baarreeffamaan galu irratti akkamiin duubdeebii siif kenna?	A. Deebii Sirreessee tokko tokkoon agarsiisa	17	25%
	B. Mallattoo X kenna	12	18%
	C. dogoggorri jiraachuu hima	34	50%
	D. homaayyuu hin jedhu	5	7%
Ida'ama		68	100%

Gabatee 5: Haala duubdeebii abbaltii itti kenname

Akka ragaa gaaffii 5ffaa irraa argameetti, barattoonni lakkoobsaan 17 (25%) ta'an haalli itti duub deebii argatan tokko tokkoon deebiin sirreeffamee akka deebi'uuf agarsiisa. Kanneen 12(18%) ta'an immoo, deebii kan argatan mallattoo X (hinarganne) jedhutu itti taasifama yaada jedhu

qabu. Barattoonni 34(50%) garuu ijumaan ilaaluun dogooggorri jiraachuun itti himamee akka sirreessuu qabnu nutti himama yaada jedhu ragaan kenname agarsiisa. Barattoonni 5(7%) tasumaa deebiin akka kennameef odeeffannoo hinqabani. Kun kana namatti agarsiisu ,haalli duubdeebiin itti kennamaa jiru laafaa ta'uu agarsiisa. Kanamalees, Dogoggora barattoonni barreessuu keessatti uuman irratti Xiyyeeffannoon akka jirremul'isa Kun immoo barattoonni dogoggora uumuun akkauma jirutti ta'ee dogoggora jiru sirreessuuf ammallee daandoiirra akka hin jirreefi barattoonni dogoggora jiru qabatanii akka itti fufan kan taasisu waan ta'eef haalli kun kallattiin jijjiiramuun furmaata ta'a.

6.Wantoota keeyyata barreessuurratti miidhaa fidan.	Filannoo	Deebistoota lakkoofsan	Deebistoota Dhibbeentaan
6.1.Hir'ina shaakalaa	Eeyyee	46	68%
	Lakkii	22	32%
	Ida'ama	68	100%
6.2.Hir'ina kaka'umsaa	Eeyyee	41	60%
	Lakkii	27	40%
	Ida'ama	68	100%
6.3.Xiyyeeffannoo kennuu dhabuu	Eeyyee	44	65%
	Lakkii	24	35%
	Ida'ama	68	100%
6.4.Kitaabni wabii mana barumsaati dhabamuu	Eeyyee	48	71%
	Lakkii	20	29%
	Ida'ama	68	100%
6.5.Barsiisoonni duubdeebii kennuu dhiisuu	Eeyyee	38	56%
	Lakkii	30	44%
	Ida'ama	68	100%
6.6.Gilgaalonni keeyyata barreessuu barsiisuuf dhihaatan kitaaba gahaa ta'uu dhiisuu	Eeyyee	36	53%
	Lakii	32	37%
		68	100%
Ida'ama		68	100%

Gabatee 6: Wantoota keeyyata bareessuurratti miidhaa fidan

Akka gabatee 6ffaa armaan olii kanarraa hubatamutti, wantoonni keeyyata barreessuu barattootaa irratti odeef-kennitoonni lakkoofsan 48(71%)ta'an kennanitt kitaabni wabii mana barumsaati dhabamuudha. Odeefkennitoonni lakkoofsaan 46(68%) ta'an hir'ina shaakalaatiin miidhaan keeyyata barreessuu kan isaan quunname ta'uu isaati. Dabalataanis, odeef-kennitoonni 38(56%) sababa barsiisoonni duubdeebii kennuu dhiisaniif keeyyata barreessuu irratti hubannoo

dhabuu himu. Akkasumas, odeef-kennitoonni 36(53%)ta'an shaakaloonni barreessuu kitaaba barataa keessaa xiqqaachuun miidhaa fiduu ragaa bahu. Dabalataanis, odeef-kennitoonni 27(40%) hir'inni kaka'umsaafi 24(35%) xiyyeeffannoo kennuu dhabuun keeyyata barreessurratti hubannoo dhabuun warren miidhaa fidaniidha. Walumaagalatti, barattoonni irra jireessi, 48(71%) ta'an keeyyata barreessurratti kitaabileen wabii dhibuun miidhaa akka qabu ragaan agarsiise. Barattoonni 24(35%) immoo xiyyeeffannoo kennuu dhabuun keeyyata barreessuu irratti wantoota miidhaa fidan keessaa isa tokko ta'uu himu. Yaada kanaan walqabatu hayyuun, Lenzarry (1991) maddi hanqina barreessuu kanneen akka dhiibbaa televiiziyinii, kitaabbilee ga'aa dhabuu, hordoffii walitti fufaa gochuu dhabuufi hanqinni yeroo gahaa ta'e fudhatanii shaakaluu dhabuu miidhaa akka fidu ibsa.

7.Rakkoolee keeyyata barreessuu	Filannoo	Deebistoota Lakkoofsan	Deebistoota Dhibbeentaan
7.1.Qubeessuu	Eeyyee	45	66%
	Lakkii	23	34%
	Ida'ama	68	100%
7.2.Sirna tuqaalee	Eeyyee	37	54%
	Lakkii	31	46%
	Ida'ama	68	10%
7.3.Qub-guddeessa	Eeyyee	42	62%
	Lakkii	26	38%
	Ida'ama	68	100%
7.4.Walta'insa yaadaa eeguu	Eeyyee	38	56%
	Lakkii	30	44%
	Ida'ama	68	100%
7.5. Filannoo jechootaa	Eeyyee	41	60%
	Lakkii	27	40%
	Ida'ama	68	100%
7.6.Qindoomina keeyyataa eeguu	Eeyyee	28	41%
	Lakii	40	59%
	Ida'ama	68	100%
Ida'ama		68	100%

Gabatee 7: Rakkolee keeyyata barreessuu biroo

Rakkoo barreessurratti mul'ate ilaalchisee barattoonni lakkoofsaan 45(66%) ta'an qubeessurratti akka rakkoon isaan quunname yaada kennaniiru. Barattoonni 25(34%) ta'an immoo akka rakkoo qubeessuu hinqabne ibsaniiru. Gama qubguddeessatiin immoo barattoonni

42(62%) ta'an rakkoo akka qabantu mul'ata. Barattoonni 26(38%) immoo rakkoo qubguddeessaa akka hinqabneedha. Barattoonni 41(60) barreeffa gaarii barreessuuf filannoon jechootaa akka isaan rakkise yaada isaanii kaa'aniiru. Barattoonni 27(40%) ta'an barreeffama isaanii keessatti filannoon jechootaa akka isaan hin rakkisne ibsaniiru. Itti aansuun, barattoonni 37(54%) sirna tuqaalee irratti, barattoonni 30(44%)walta'insa yaadaa eegurratti, barattoonni 28(41%) qindoomina keeyyataa eegurratti rakkina qabaachuu yoo ibsan, barattoonni 40(59%) qindoomina keeyyataa, barattoonni 38(56%))walta'insa yaadaa eeguu, 31(46%) sirna tuqaalee irratti rakkoo qabaachuu isaanii yaadaan ibsaniiru. Walumaagalatti, ragaa gabatee armaan olii irraa wanti hubatamu, harki caalaan,(59%) barattootaa qindoomina keeyyata eeguu irratti rakkina qabaachutu mul'ate. Akkasumas, qabiyyeewwan afaanii gabatee armaan olii keessatti tarreeffamerratti haala garaagaraatiin rakkoon jiraachuu hubatameera.

Barreessuu keessatti qaphxiilee barbaachisoo ta'an kanneen akka qubeessuun waliin walqabsiisee yaada barbaachisummaa fedhii barreeffamaa keessatti Shaw (1978) yoo ibsu, "The first and most important step in correct spelling is to have the desire to learn, really to want to become a competent speller. The second is to devote the necessary time to learning," jedha. Yaadni waraabame kun akka agarsiisutti fedhi qabaachuun baay'ee barbaachisaa akka ta'eedha. Fedhiin barachuuf, of fooyyessuuf, beekumsa caalaaf of saaxiluufi kkf murteessaa ta'uu akeeka. Yaadni kun amansiisaa fakkaata. Gama kaaniin qaphxiilee od-kennitoonni tarreessan yoo ilaalamu nama dandeettii barreessuurratti hanqina qaburraa waan mul'achuu danda'uudha. (Italo,1999). Kanaaf, yaadni odeeff kennitoonni kennan qabatamaa ta'uuf rakkoo guddaa ta'uu hubachuun nidanda'ama.

Gaaffii	Filannoo	Deebistoota dakkoofsan	Dhibbeentaan
8. Duubdeebii barsiisaan siif kenne sirreessuuf kaka'umsa hagarii qabda?	A. baay'ee olaanaa	14	21%
	B. olaanaa	17	24%
	C. gadaanaa	31	46%
	D. baay'ee gadaanaa	6	9%
Ida'ama		68	100%

Gabatee 8: Kaka'usa duubdeebii sirreeffachuu barattootaa

Odeeffannoo gabatee 8ffaa gaaffii 12ffaa irraa hubachuun akka danda'ametti, barattoonni baayinni isaanii 14(21%) ta'an duub-deebii barsiisaan isaaniif kenne sirreessuuf kaka'umsi baay'ee olaanaa akka ta'e ibsu. Barattoonni 17 (24%) immoo, duubdeebii isaaniif kenname

sirreessuuf kaka'umsi isaan qaban baay'ee olaanaa akka ta'e agarsiisa. Akkasumas, barattoonni 31(46%) ta'an, duubdeebii isaaniif kenname sirreessuuf kaka'umsi isaanii gadaanaadha. Barattoonni kanneen lakkoobsaan 6(9%) ta'an immoo, duubdeebii kennameef sirreessuuf kaka'umsi isaan qaban baay'ee gadaanaadha. Waliigalaatti, ragaan olii akka mul'isutti, barsiisaan duubdeebii barreeffamaa yoroo tokko tokko kan kennu ta'ee, isa kennameef sirreessuuf immoo kaka'umsi isaan qaban baa'ye olaanaa akka hintaane agarsiisa.

Gaaffii	Filannoo	Deebistoota lakkoofsan	Deebistoota Dhibbeentaan
9. Dogongora keeyyata barreessuu uumame hammam sirreeffatta?	A. Yeroo hunda	9	13%
	B. yeroo baay'ee	17	25%
	C. yeroo tokko tokko	13	19 %
	D. Darbee darbee	29	43%
Ida;ama		68	100%

Gabatee 9: Hammamtaa barattoonni dogoggora sirreeffatan

Gabatee: 9. Gaaffii 9ffaa irratti odeeffannoo kennameeraa hubachuun akka danda'ametti, barattoonni 9 (13%) guutummaa guutuutti dogoggora isaanii sirreeffatu. Barattoonni lakkoobsaan 17 (25%) ta'an immoo yeroo baay'ee dogoggora jedhamee kan barsiisaan sirreesse ni sirreeffatu. Kanamalees, barattoonni 13(19%) immoo yeroo tokko tokko dogoggora akka sirreeffatan ragaa ba'u. Kanneen lakkoobsaan 29 (43%) garuu darbanii darbanii dogoggora uuman akka sirreeffatan qaaccessi kun agarsiisa. Walumaagala, ragaa qaaceessaa kanarraa wanti mul'atu barattoonni hedduun sirreeffama kenname akka hin sirreeffanne argina. Kun immoo dogoggora uumuun isaanii akkuma jirutti ta'ee dogoggora sirreeffameef sirreeffachuu dhiisuun dogoggorri akka itti fufuuf karaa saaquu isaa namatti mul'isa

Gaaffii	Filannoo	Deebistoota lakkoofsan	Deebistoota Dhibbeentaan
10. Barsiisaan abbaltii barreeffamaa siif kennu hiriyootee waliin duubdeebii waliif akka kennitan hammam taasisaa?	A. yeroo baay'ee	17	25%
	B. baay'ee	13	19%
	C. muraasa	36	53%
	D. tasumaa nun ajaju	2	3%
		68	100%

Gabatee 10: Duubdeebii waliif kennisiisuu barsiisaa

Gabatee 10 Gaaffii 10ffaa irratti barattootaaf dhiyaate irraa akka hubatamutti, barattoonni baay'inni isaanii 17 (25%) ta'an barsiisaan isaanii yeroo baay'ee abbaltii barreeffamaan isaaniif kenne duub-deebii waliif kennan nitaasisa yeroo jedhan, kanneen irra caalan yookiin

36(53%)immoo, barsiisaan isaanii abbaltii barreeffamaan kennu irratti barattoonni duub-deebii akka waliif taasisaan ajajaaa akka hinjirre ragaan agarsiisa.Kunis kan agarsiisu, gama barsiisaatiitiin hanqinni jiraachuu isaati.Sababiin isaa barsiisaan abbaltii barreeffamaa barattoota isaatiif kenne irratti barattoonni akka waliif sirreessaniif hamileessuun, jajjabeessuun, akkasumas, barattootaaf haala mijeessuun gargaaruu qaba. Gama biraatiin barattoonni hojii adda addaa daree keessatti kennamuuf keessatti qooda akka fudhatan taasisuuniifi miira abbummaa akka fudhatan taasisa.

Gaaffii	Filannoo	Deebistoot a lakkoofsan	Deebistoota Dhibbeenta an
11.Dandeettii barreessuu akka hinguddifanne irra caala maaltu gufuu sitti ta'e?	A. hordoffii barsiisaa dhabuu	34	50%
	B. fedhii dhabuukoo	24	35%
	C. ulfina afaanii	10	15%
	D. sababa biroo	—	—
Ida'ama		68	100%

Gabatee 11: Dandeettii barreessuu akka hin guddifanne wantoota gufuu ta'an

Odeeffannoo gabatee 11ffaa gaaffii 11ffaa irraa akka mul'atutti, barattoonni 34(50%) ta'an dandeettii barreessuu isaanii akka hinguddifanneef sababni barsiisaan hordoffiifi deeggarsa barbaachisu gochuu dhiisuu yoo ta'u, kanneen 24 (35%) ta'an dandeettii barreessuu akka hinguddifanneef sababni barattoonni fedhii dhabuu isaanii ta'uu isaaniiti. Akkasumas, barattoonni 10(15%) ta'an dandeettii barreessuu isaanii akka hinguddifanneef ulfaatinni afaanii danqaa akka ta'e ibsan.

Kun kan agarsiisu, barattoonni harka caalaa 34(50%) ta'an sababni dandeettii barreessuu akka hinguddifanne isaan taasisa, hordoffiin barsiisaa laafaa ta'uu kan mul'isu yoo ta'u, iddattoo filatame keessaa barattoonni lakkoofsa gadaanaa 10(15%) qaban sababiin dandeettii barreessuu gabbifachuu dadhabuu isaanii ulfaatina afaanii akka ta'e ibsu. Haata'umalee, kaayyoo qabiyyee barsiifamuu galmaan ga'uuf deeggarsi barsiisaa iddoo olaanaa kan qabu yoo ta'u, hordoffiin laafaa taanaan barattoonni galma akka hinqabaanne isaan taasisa.

Gaaffii	Filannoo	Deebistoota lakkoofsan	Deebistoota Dhibbeentaan
12. Dogoggora ati barreessuu keessatti uumtuuf barsiisaan kee ilaalcha akkamii siif qaba?	A. tuffii	56	82%
	B. gaarii	8	12%
	C. jibba	4	6%
	D. hin mul'isu	—	—
Ida'ama		68	100%

Gabatee 12: Ilaalcha barsiisoonni barattoota dogoggora uumaniif qaban

Odeeffannoo gabatee 12. Gaaffii 12ffaa irraa akka mul'atutti, dogoggora nuti barreessuu keessatti uumnuuf barsiisaan keenya ilaalcha gaarii nuuf qaba kan jedhan 8(12%) yoo ta'an, barsiisaan keenya dogoggora keenyaaf ilaalcha tuffii qaba kan jedhan 56(82%) ta'u. Akkasumas, dogoggora barreeffama irratti uumneef barsiisaan keenya ilaalcha jibbaa nuuf qaba kan jedhan 4(6%) ta'u.

Walumaagalatti, odeeffannoo kana irraa akka hubatamutti, barattoonni harka caalaan 56(82%) dogoggora barattoonni barreeffama irratti uuman irratti barsiisaan miira tuffii qabaachuu ibsan. Barattoonni muraasa 4 (6%) ta'an dogoggora barreessuu irratti raawwatan irratti miirri barsiisaan barattootaaf qabu jibbiinsa ta'uu isaati. Haata'umalee, barsiisaan adeemsa barsiisuu keessatti barattoota isaa waliin hariiroo gaarii uumuun dogoggora barattoonni barreessuu keessatti raawwatan hordofee adda baasuun fuula gaarii itti agarsiisee akka isaan hanqina isaanii sirreeffataniif hirmaachisuun galma isaaniitiif bu'aa qaba.

Gaaffii	Filannoo	Deebistoota lakkoofsan	Deebistoota Dhibbeentaan
13. Barreeffamni gahumsa qabu guddina Afaan Oromoo keessatti gahee akkamii qaba?	A. baay'ee olaanaa	37	54%
	B. olaanaa	27	40%
	C. gadaanaa	2	3%
	D. baay'ee gadaanaa	2	3%
Ida'ama		68	100%

Gabatee 13. Gahee barreeffamni gahumsa qabu guddina Afaan Oromoof qabu

Gaaffii 13ffaa irraa hubachuun akka danda'amutti barattoonni baay'inni isaanii 37 (54%) ta'an barreeffamni guddina Afaan Oromootiif ga'ee baay'ee olaanaa kan qabu ta'uu agarsiisa. Barattoonni baay'inaan 27 (40%) ta'an immoo barreeffamni ga'umsa qabu guddina

afaanichaaf ga'ee olaanaa qabaachuu ibsaniiru. Kanneen baay'inni isaanii 2 (3%) garuu gahee gadaanaa kan qabu ta'uu ibsan. Yaada barattoota kanaa irraa hubachuun akka danda'amutti, barattoonni irra caalaan lakkoofsaan 37 (54%) ta'an barreeffama Afaan Oromoo ija barreeffama gaariitiin fudhatama qabu barreessuun guddina Afaan Oromootiif ga'ee baay'ee olaanaa qabaachuu isaafi qooddattoota keessaa barattoonni lakkoofsa gadaanaa qaban guddina afaan sanaaf gahee baay'ee gadaanaa kan qabu ta'uu eeran. Walumaagalatti, barreeffamni Afaan Oromoo ija barreeffama gahumsa qabuutiin barreeffame guddina afaanichaatiif baay'ee murteessaa ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Sababni isaa afaanichi afaan tajaajila addaddaaf oolu akka ta'uufi sirna barreeffamaa ergaa qabaatee seerra barreeffamaa hojiirra oolchuun egeree isaa milkeessuuf barbaachisaadha.

14. Afaan Oromootiin yemmuu keeyyata barreessitu barreeffamni kee hanqina qabaachuufi dhabuusaa hiriyaakee wajjiin waliif nigulaaltuu?	Filannoo	Deebistoota lakkoofsan	Deebistoota Dhibbeentaan
	A. Eeyyee	20	29%
	B. Lakkii	27	40%
	C. Al-tokko tokko	21	31%
Ida'ama		68	100%

Gabateen 14: Barattoonni keeyyata waliif gulaaluu

Gaaffii 14ffaa armaan olii kun akka agarsiisutti barattoonni 20(29%) barreeffama akka waliif gulaalan deebii kennanii jiru. Kanneen 21(31%) immoo barreeffama keeyyataa akka waliif hingulaalle deebii kennaniiru. Akkasumas, barattoonni lakkoofsaan 27(40%) ta'an gongumaa barreeffama akka waliif hingulaalle ragaa bahu. Walumaagalatti, ragaa kanarraa kan hubannu barattoonni lakkoofsaan caalmaa qaban yookiin 27(40%) ta'an gongumaa barreeffama isaanii akka waliif hingulaalleedha. Barattoonni lakkoofsaan 20(29%) ta'an garuu, barreeffama isaanii akka waliif gulaalantu hubatame.

Gaaffii 15ffaa. Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu keessatti hanqinni yoo mul'ate akkamiin furamuu danda'a? gaaffii jedhu kan isaan barreeffamaan deebisan.

Akka issan deebii kanneenitti, barattoonni lakkoofsan 13(19%) deebii walfakkaataa deebisaniiru. Deebiin isaanis hanqina barreeffama Afaan Oromoo hambisuuf irra deddeebiin shaakala barreeffamaa taasisuudha, jechuun deebisan. Barattoonni lakkoofsan 8(12%) ta'anis addatti deebii walfakkaataa yoo kennan, barsiisaan shaakala barreeffamaa kennuu akka qabu

ibsu. Barattoonni lakkoofsaan 15(22%) ta'anis haaluma walfakkaatun deebii walfakkaataa kennaniiru. Deebiin isaan kennanis, shaakalli dandeettii barreessuu ilaallatu kitaabilee barnootaa keessatti hammachiifamanii akka qophaa'aniidha. Barattoonni lakkoofsaan 12(18%) gahan kaka'umsi barbaachisaa ta'uu ibsaniiru. Akkasumas, barattoonni 13(19%) argamee kan jedhu eeran. Dhumarratti barattoonni 7(10%) shaakala barreeffama Afaan Oromoo cimsuuf deeggarsiifi yeroo gahaan kennamuu akka qabu deebii walfakkaataa kennaniiru. Walumaagalatti, deebii barattootaa kanneen bakka tokkotti yoo walitti fidnu, Afaan Oromootiin keeyyata barreessuuf miidhaan yoo mul'ate yaada furmaataaf ta'u kanneen akka shaakala barreessuu irra deddeebiin hojiirra oolchuu, shaakaloota keeyyata ilaallatu kitaabilee barnootaa keessatti hammachiisuu, barreessurratti kaka'umsa taasisuu, kitaabilee wabiifi barnootaa mana barumsaa keessatti guutuufi shaakala barreeffamaatiif yeroofi deeggarsi gahaan kennamuu akka qabuudha.

4.2. Qaaccessa Qormaata Barreeffamaa Barattootaa

Barattoonni mata duree “Seenaa Magaalaa Buraayyuu” jedhu irratti keeyyata afur akka barreessan ajajamaniiru. Kunis, akka barattoonni haalaan keeyyata gaarii barreessan keeyyata tokkoof yoo xiqqaate himoota kudhan yoo baay'ate himoota kudha shan akka fayyadam kan jedhu ajajni kennameefii jira. Akkasumas, qabxiileen xiyyeeffannaa barbaadan kanneen akka qaamota keeyyataa (Himaa Ijoo, Hima Callaafi hima Guduunfaa), qindoomina Keeyyataa (Tokkummaa, Waltaa'insa, Ga'umsaafi Xiyyeeffannaa) fi Seer-luga Afaan Oromoo akka eeganii barreessan qajeelfamni afaanii kennameera. Haaluma barreeffama odeeff kennitootaan barreeffamichi ilaalamuun qorataadhaan sororfameera. Barreeffamoonni barattootaan barreeffaman yoo ilaalaman rakkoolee garagaraa hedduu of keessaa qabu. Kunis, haaluma qaphxiilee ittiin qaaceffamuuf taa'een kan xiinxalameedha. Haaluma kanaan, barreeffamoonni barattootaan mata-duree kenname irratti barreeffame tokko tokkoon qaaceffamanii jiru. Barreeffamni madaalame kun sadarkaa barattota kutaa 10ffaa barataniitti kan ilaalameedha. Bakka dogoggorri haala qabatamaa sadarkaa isaaniin ilaalamuu danda'utti adda ba'ee ilaalameera.

Haala keeyyata barreessan kanaan barattoonni hima ijoo keeyyata ijaaran keessatti barraeessuu danda'an barattoota 68 (100%) keessaa barattoota 19(28%) qofa. Kana jechuun barattoonni naannoo 49(72%) ta'an hima ijoo cuunfanii barreessurratti hanqina qabaachuu kan mul'iseedha. Gama himoota callaatiin yoo ilaalamu barattoonni 22(32%) barreessuu yaalanii jiru. As keessatti

garuu kan ilaalame akka barataa yaalaa jiruu tokkoottidha malee guutummaatti sirrii hojjete jechuu miti. Gama hima goolabaatiin barattoonni 14(21%) ta'an barreessuuf yaalaniiru. Kunis, akkuma hima ijoo barattoonni harki caalu akkaataa barbaadamuun hima goolabaa kaa'uu hindandeenye. Haala ragaa kanaan barattoonni hima goolabaa kaa'urratti rakkoo akka qaban agarsiisa. Ulaagaa amala barreeffama gaarii tokkoon barreeffamni barattoota kanneenii yoo ilaalamu, barattoonni 25(37%) ulaagicha guuttachuu yaalanii jiru. Barattoonni 43(63%) harki caalu garuu hanqina akka qaban ifatti ragaa kanarraa arguun danda'ameera. Gama unkaa teessuma keeyyattootaatiin barreeffamni barattoota kanneenii kan agarsiisu barattoota 12(18%) qofatu sirnaan keewwachuuf yaale. Kana jechuun, barattoonni harki caalaan unka keeyyataafi barreeffamaa eeganii barreessuu hindandeenye. Qubeessuurratti barattoota 10(15%) ta'antu sirriin barreessuu yaale. Kun ifatti kan mul'isu qubeessuurratti barattoonni hanqina bal'aa kan qaban ta'uudha. Qubeessuurratti rakkinni jiraannaan immoo, kanneen biroorrattis rakkoon ni uumama.

Dabalees, sirna barreeffama afaanichaas akkasuma. Sirna tuqaalee ilaalchisee barattoonni 13(19%) ta'an sirnaan galfachuu yaalanii jiru. Kun kan agarsiisu barattoota muraasa qofatu sirriitti sirna tuqaalee fayyadamuu danda'e jechuudha. Barreeffamni barattootaa kun seerlugini isaa yoo ilaalamu barattoota 21(31%) ta'an qofatu seerluga fayyadamuu yaalan. Kunis akkuma qaphxiilee biroorratti hanqinni jiru kanarrattis qabatamaan waan mul'ateedha. Gabaabumatti, qaphxiilee madaalliif tarreeffamaniin barreeffamni barattoota kanneenii yommuu sadarkeeffamu barattoonni 6 (9%)) baay'ee gaarii, yoo argatan, gaarii kan argatan immoo 7(10%) ta'u. Hanqinni mul'atu kun hanqinuma jedhamee kan darbamu osoo hintaane barattoonni keenya barreessuurratti eessa akka jiran waan akeekuudha. Kanamalees, barattoonni 27(40%) ta'an gadaanaa jalatti ramadaman. Kun kan agarsiisu barattoonni shaakala keeyyata barreessuu irratti rakkoo guddaa akka qabaniidha. Ragaaleen kunniin qabatamaan shaakala keeyyata barreessuu irratti hojjetamuu dhabuu ifatti agarsiisa. Kunis, barsiisonni shaakaloota adda addaa kan dandeettii barreessuutiin walqabatan irratti xiyyeeffachuun barattoota shaakalchiisuun waan barsiisaa tokkorraa eeggamuudha.

Walumaagala, qormaata barattootaaf kennameen deebiin barattoonni keeyyata barreessanii kennan akka agarsiisutti barattoonni dandeettii barreeffama Afaan Oromoo horachuudhaaf fedhii kan qaban ta'uyyuu, barreeffamni isaanii seera barreeffama Afaan Oromoo eeganii kan hinbarreeffamne ta'uun hubatameera. Hanqinoonni mul'atanis, ijaarsa keeyyataa keessatti

tokkummaa keeyyataa eeguu, haalli ibsa hima ijoo, hariiroo inni hima gargaartuu waliin qabuufi itti fayyadamni sirna tuqaalee hanqina guddaa qaba. Walumaagalatti, ragaa qormaataa barattootaaf kenname irraa akka hubatametti barreeffamni barattoota hanqina qabaachuu isaatu hubatame. Kanamalees, barattoonni kunneen himoota waljala fuudhamanii jiran qindeessanii keeyyata tokko akka ijaaran ajajamanii jiru.

4.3. Himoonni armaan gadii yoo qindaa'an keeyyata tokko ta'u. Qubee isaan irra jiran fayyadamii qindeessii keeyyata tokko taasisi.

- A. Kanuma keessaa immoo nyaataafi dhugaatii ayyaanichaaf taf taf jechaa asiif achi fiigu.
- B. Boosettiin garuu najala bu'e jetti.
- C. Fakkeenyaaf, lukkuu bituun ulaagaa isa jalqabaati.
- D. Walumaagalatti, haati manaa waan mana keessaa guutuuf, abbaan manaa immoo dhimmoota alaa isa ilaallatan guutuun waanuma ayyaanichi lammaffaa hindeebine fakkeessanii jiru.
- E. Ayyaanni waggaa, wagga waggaan naanna'a.
- F. Kanamalees, foon galmaa'uuf gamanaa gamasitti dhaamsa dhaamu.

DEEBII GAAFFII QORMAATAA:

1.E 2. B 3.A 4.C 5. F 6. D

Qormaata olitti mul'atu kana kan qoraman ibbattoowwan 68 jiran keessa barattoota 60 yoo ta'an isaanis dhiirota jiran keessaa 33 yoo ta'u dubartoota keessaa immoo 27 tu qormaata qorame. Haalumakanaan dhiirota 33 qoramanii fi dubartoota 27 qoraman keessaa dhiironni 19 fi dubartoonni 16 waliigala barattoonni 35 hima ijoorraa jalqabuu hin dandeenye.

Sababiinsaa, deebiin qormaata kanaa kan jalqabu qubee'' E'' irraa waan ta'eef isaan kunneen garuu deebii kan eegalan barattoonni 13 ''B'', irraa jalqaban. Barattoonni 9 immoo himni ijoo'' C'' ta'a jechuun ''C'' irraa jalqaban. Barattoonni ''8'' filannoo isaanii kan taasisan ''F'' ta'uu deebiin jiru agarsiisa. Kanamalees, barattoonni ''5'' immoo qubee ''A'' irraa jalqaba jechhuun ''A'' filatanii jiru. Walumaagala, barattoota 60 qoraman keessaa 35 keeyyata ijaaruu kan jalqaban deebiin isaanii deebii dogoggoraati. Kun immoo kan agarsiisu barattoonni kunneen hima ijoo adda baafachuu dadhabuu isaaniiti. Kana malees, himoota deeggaroo jiran qindeessanii keeyyata ijaaruu ilaalchisee barattoota 60 jiran keessaa 32 deebii dogoggoraaa filannoo taasifatanii jiru. Dhumarratti hima giolabaa ilaalchisee deebii dogoggoraa kan deebisan barattoota 60 qoraman keessaa 24 yaada cuunfaa adda baafachuu akka hin dandeenye ragaan

jiru agarsiisa.

Haaluma kanaan,,barattoonni kunneen hima ijoo adda baasanii akka hin hubanne qormootni qaacceffame kun namatti agarsiisa.Sababiinsaa haalli jalqabbii isaanii himoota callaa irraa waan ta'eef.Kanamalees, barattoonni hedduun immoo himootni callaan eessa akka galan irratti hubannoon jiru dogoggora bal'aa qabaachuu isaati.Dhumarratti,himni goolabaa yaada cuunfaa keeyyataa qabaachuurratti illee hubannoon barattoonni qaban barnoota sadarkaa 2ffaa isaan baratan waliin kan walmadaalu miti.

4.4. Xiinxala Ragaalee Afgaaffiidhaan Barsiisota Irraa Funaanaman

Qorannoo kanaan xiinxala barreeffama keeyyata barattootaa gaggeeffame keessatti odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisan mala addaddaatiin qaama garaagaraa irraa funaanamanii argannoo qorannichaaf tumsaniiru. Haaluma kanaan armaan gaditti gaaffileen murtaa'an mala af-gaaffiitiin barsiisota Afaan Oromootiif dhiyaachuun xiinxalamaniiru.

Gaaffiin 1ffaa:Dogoggora barattoonni barreessuu irratti uuman haala kamiin keessummeessita? Barsiisaa 1ffaan barattoonni yeroo baay'ee shaakala barreessuu isaaniif kennamu xiyyeeffannaan waan hinhojjenneef nuffisiisaa ta'uu ibsan. Barsiistuu 2ffaanis haaluma walfakkaatuun, shaakala barreeffamaa keessatti dogoggora batattootaa karaa gaariin fudhachuun ulfaataa ta'uu ibsite. Sababnisaa barattoonni hojii shaakala barreessuu keessa osoo hinseeniin miira nuffii agarsiisu.Kanaanis fedhii deeggaruu barsiisaa keessatti miidhu.Barsiistuu 3ffaan hamma danda'ametti haala gaariidhaan barattootatti siquun deeggaruu ibsite.

Kanarraa ka'uun yaanni barsiisota kanaa kan agarsiisu, dandeettii barreessuu barattoota gonfachiisuuf tooftaan addaa gahee isaanii bahuuf yaalan kan hinjirre ta'uu isaati. Haata'umalee, barsiisonni qabiyyee barsiisan keessatti keessattuu barreessuun guyyaafi torbee tokkotti kan gonfatamu osoo hintaane amaluma isaatiin shaakala irra deddeebii waan barbaaduuf barattoota isaanii jajjabeessanii fedhii keessatti uumuun fuulduree isaaniif murteessaadha.Dabalataanis, bar-gaaffii barattootaa gaaffii 11ffaa irratti dhiyaate dhimma kanaan walqabaterra odeeffannoo dabalataa xiinxaluun danda'amee jira. Haaluma kanaan, barsiisonni dogoggora barattoonni barreessuu keessatti uumaniif ilaalcha sirrii otoo hintaane gadaantummaan hubachuu isaaniitu mul'ata. Ilaalcha barsiisaa kanarraa ka'uun barattoonni shaakala barreessuu kennamuuf keessatti hirmaachuuf fedhii kan hinqabne ta'uutu hubatama.Walumaagalatti, shaakala barreessuu keessatti dogoggora barattoonni uumaniif ilaalchi sirrii ta'e waan hinjirreef barattoonni fedhii

guutuudhaan hojii kana keessatti akka hinhirmaanne taasisuutu mul'ata. Haata'umalee, hojii barnootaa keessatti dogoggorri kan uumamaafi hafuu hindandeenye ta'uun hubatamee dogoggorarraa akka barataniif jajjabeessuun gaariidha.

Gaaffii 2ffaan: Hanqinni barreeffama barattootaa keessatti mul'atu milkaa'ina isaaniirratti dhiibbaa qabaa? gaaffii jedhuuf barsiisaan 1ffaan akka ibsetti, hanqinoonni barreeffama barattootaa keessatti mul'atan boruu isaanii irratti dhiibbaa guddaa akka qabu kan ibsan yoo ta'u, barsiistuu 2ffaanis hanqinoonni barreeffama barattootaa irratti mul'atu egeree isaanii karaa addaddaa miidhuu akka danda'u yaada kenname irraa ni ifooma. Yaadni barsiistuu 3ffaa kanarraa waan adda ta'ee miti. Guutummaatti, yaanni barsiisonni kennan akka agarsiisutti, hanqinni barreeffama barattootaa keessatti mul'atu egeree isaanii haala adda addaatiin miidha. Kunis, barattoonni yaada qaban barreeffamaan ibsachuurratti hanqina qabu taanaan abdii isaan milkaa'ina gama kanaan eegan jalaa gufata. Kanarraa kan ka'e, barattoonni ofitti amanamummaafi mul'anni milkaa'inaa gama barnootaan eegamu jalaa gufata. Dabalataanis, bar-gaaffii gaaffiii 6ffaa irratti dhimma kanaan walqabatee barattootaaf dhiyaate xiinxaluun dhiyeessuun danda'ameera. Haaluma kanaan, hanqinni barreeffama Afaan Oromoo irratti barattoonni qaban milkaa'ina isaanii irratti dhiibbaa kan qabu ta'uu barattoonni baay'een kan walii galan ta'uu huba tameera. Kunis, kan agarsiisu, barattoonni barreeffama Afaan Oromoo irratti yaaddoo akka qaban agarsiisa. Walumaagalatti, yaada barsiisonniifi barattoonni kennan irraa hubachuun akka danda'ametti, hanqinni barreeffama Afaan Oromoo barattoonni uuman kaayyoo isaan milkaa'ina irratti qabaniif gufuu ta'uu mul'isa.

Gaaffii 3ffaa: Abbaltii barreeffamaa barattootaaf kennitu keessatti barattoonni akka duub-deebii waliif laatan ni jajjabeessitaa? Kan jedhuuf barsiisaa 1ffaan akka ibsetti, barattoonni yeroo tokko tokko duub-deebii akka waliif kennan akka deeggaran ibsu. Sababiin isaa barattoonni yaad-deebii yeroo mara akka waliif kennan taasisuun caalmaatti akka waldogoggorsiisan waan taasisuufi kan jedhan yoo ta'u, barsiistuu 2ffaan immoo barattoonni yaad-deebii akka walii kennaniif guutummaatti itti hin amanu yaada jedhu kennan. Barsiistuu 3ffaan immoo yaada isaanii yoo kennan darbee darbee carraa akka kennan ibsaa garuu barattootni hundi haala walqixa ta'een akka waliif hin laanne eerani. Kanaafis sababa isaa yoo himan barattoonni baay'een waan ajajamaniin ala waan biraa akka dalaganiif walqixa xiyyeeffannoo akka hin taasifne shakkii qaban ibsan. Gaaffii dhiyaate kanaaf yaadni barsiisonni kennan kan agarsiisu, barattoonni abbaltiifi gilgaala kennameef irratti duub-deebii walii kennuuf carraa bal'aa kan

hinarganne ta'uu isaati. Haalli kun immoo barattoonni shaakala barreessuu irratti sodaa malee walirraa barachuuf carraa isaan qaban kan jalaa cufu ta'uu isaa mul'isa. Haata'umalee, adeemsa baruu barsiisuu keessatti yaad-deebiin barattoonni waliif kennan qabiyyicha hirmaachisaa taasisuun barattoonni dhimma tokko irratti itti gaafatamummaa akka fudhatanii murtii kennuu keessatti akka qooda fudhatan taasisa. Haata'umalee, akkaataa yaada barsiistuu 3ffaa kanaan adeemsi baruufi barsiisuu hamma tokko gufachuu danda'a. Qabanni kanaan, akkaataan barreessuu barsiisnuufi shaakalchiisnu keessaa tokko waliin barachuu yookin barattoonni waan barachuu barbaadan sana waliin hojjechiistu barnoota afaanii keessatti milkaa'ina argata. Dabalataanis, bar-gaaffii yaada kanaan walqabatee gaaffii 14ffaa irratti barattootaaf dhiyaate irraa xiinxaluun dhiyeessuun danda'ameera. Haaluma kanaan, gaaffii kana irratti yaanni barattoonni harka caalaan kennan shaakala barreessuu isaaniif kennamu keessatti barattoonni duub-deebii akka walii kennan haalli mijataa kan hinjirre ta'uun ni mul'ata.

Walumaagalatti, gaaffii dhiyaateef yaanni kenname akka agarsiisutti, barattoonni shaakala barreeffamaa isaaniif kennamerratti duub-deebii walii isaaniif akka kennaniif haalli mijataan kan hinjirre akka ta'e hubachuun danda'ameera. Haalli kun immoo shaakala hojii kanaa keessatti gahee barattoonni qaban xiqqeessuufi akka isaan shaakala murtii kennuu keessatti carraa dhaban taasisa. Adeemsa baruu barsiisuu keessatti malli ittiin barattoota iyyaafachaa deeman keessaa tokko akka isaan hojii barreeffamaa waliif sororsan taasisuudha. Haata'umnalee, malli kun barsiisotaan hojiirra hin oolle.

Gaaffii 4ffaa: Barreeffamni keeyyataa Afaan Oromoo irraan dhiibbaa geessisu qaba? Gaaffii kana barsiisaan jalqabaa, hanqinni barreeffama Afaan Oromoo irratti mul'atu afaanicha irraan dhiibbaa guddaa kan geessisu ta'uu ibsa. Afaan kana afaan hojiifi qorannoo taasisuuf seera barreeffama isaa beekuun hojiirra oolchuun barbaachisaa akka ta'e ibse. Barsiistuu 2ffaanis gaaffii dhiyaaterratti yaadni barsiisaatiin jalqaba ibsame sirrii ta'uu deeggerani. Barsiistuu 3ffaan yaada ishee yoo kennitu, barreeffamni keeyyata Afaan Oromoo haala gaariin hinbarreeffamne taanan barattoota keessatti burjaajii akka uumu himani. Kanaafuu, barataas ta'ee barsiisaan shaakala barreessuu taasisuun keeyyata gaarii barreessuu qaba jechuuudhan yaada ishee ibsiti. Haaluma kanaan, sadarkaa afaan tokkoo olguddisuuf seera barreeffama isaa hojiirra oolchuun barbaachisaadha. Kunis, guddina afaan tokkootiif bu'uurri sirna barreeffamaa qabaachuudha. Afaan dubbattoota qofa qabaachuun guddina isaaf murteessaa miti. Isaaf agarsiiftuun, afaanicha afaan barreeffamaa gochuudha. Afaanichi afaan waliigaltee bira darbee

kan mana hojii mootummaafi ogbarruu dubbattoota isaa taasisuufi seenaan hawaasichaa barreeffamaan dhalootaa dhalootatti akka darbuuf barreeffama keeyyataa fudhatama qabu barreessuun barbaachisaadha. Bakka kana hintaanetti afaan jira jechuun hindanda'amu. Sababiinsaa guddinni afaanichaa sirna barreeffama isaa irratti hundaa'a waan ta'eef. Kanaafuu, barataas ta'ee barsiisaan shaakala barreessuu taasisuun keeyyata gaarii barreessuu qaba jechuuudhan yaada ishee ibsiti.

Dabalaataan bar-gaaffii yaada kana fakkaatu qabu gaaffii 16ffaa irratti dhiyaates walqabsiisuun xiinxaluun danda'ameera. Haaluma kanaan, dhimma kana ilaalchisee yaada barattoonni harka caalaan laatan irraa hubachuun akka danda'ametti, barreeffamni keeyyataa Afaan Oromoo barreeffama fudhatama qabu afaanichi afaan barnootaafi afaan saayinsii akkasumas, qorannoofi mana hojii mootummaafi mit-mootummaa taasisuu keessatti murteessaa ta'uu isaatu hubatama. Yaadni barsiisotaa kun bakka tokkotti yoo cuunfaamu, barreeffamni keeyyataa gaarii hintaane afaanicharratti dhiibbaa guddaa kan fidu ta'uu isaati.

Gaaffii 5ffaa: Dandeettiwwan afaanii afran keessaa dandeettiin barreessuu maaliif itti ulfaata jettanii yaaddu? Gaaffii jedhuuf barsiisaa 1ffaan yoo yaada kennu, kunis barattoonni yeroo baay'ee keeyyata barreessuu ulfeessanii waan ilaalaniifidha. Akkasumas, shaakallii dhabuun barattootaallee dandeettii kana ulfaataa taasiseera. Barsiistuu 2ffaanis yaada ishii yommuu ibsattu, dandeettiin barreeffamaa yeroo hundumaa shaakala waan barbaaduuf barattoota keenyatti cimuu danda'a jechuun ibsiteerti. Barsiistuu 3ffaanis, ulfaatina dandeettii barreessuu xiyyeeffannoon walqabsiistee ibsite. Kunis, barattoota qofa osoo hintaane, barsiisonnillee xiyyeeffannoo itti kennuun sammuu barattootaa bilisa taasisanii akkaataa barreessuun barsiifamuu danda'uun barsiisuu dhiisuudha.'jetti. Egaa, deebii bargaaaffii barattootaa irrattis wanti bira gahame barattoonni dandeettiwwan afaanii gurguddoo keessaa dandeettin barreessuu akka isaanitti cimeedha. Kunis, ka'umsi isaa haala barbaadamuun dandeettii barreessuu xiyyeeffannoon shaakalchiisuu dhabuudha

Gaaffii 6ffaa: Ati akka barsiisaa/tuu tokkootti yemmuu qormaata, battalleefi hojii manaa kennitu barreeffama barattoonni barreessan sirrii ta'uufi ta'uu dhabuusaa hordoofuun yaada sirreeffamaa ni kennituu? Eeyyee yoo jettan haala kamiin kennitan? Kan jedhuuf barsiisaa 1ffaan battallee yommuun kennu haala barattoonni hubachuu danda'aniin iddoo dogongoraa mallattoo adda addaa fayyadamuun itti agarsiisun duubdeebii kennuun boodarra hordofaa deemuu isaa ibsa. Barsiistuu 2ffaan immoo haala barreeffamni sirriin barraa'uu danda'urratti barattootaaf

hubannoo uumuufi akkaataa yookiin adeemsa barreeffamni keessa darbuu qabu hunda barattootaaf erga hubannoon kennamee booda shaakaloota qopheessun akka isaan hojjetan taasisuudha. Kanaan booda, hordoffii taasisuudha jechuun yaada ishee keesse. Barsiistuu 3ffaan immoo yeroo battallee, shaakala barreessuu hammachiisuun battalicha keessatti duubdeebii kennuun akka hordofuu qabdu ibsite. Ta'us, barruulee barataa/ttuu tokkoo sororsuuf yeroo bal'aa akka fudhatuufi nuffisiisaa ta'uu eeran. Egaa, afgaaffii barsiisotaa kanarraa kan hubatamu, haala quubsaa ta'een shaakala barattootaaf kenname irratti duubdeebii gahaan akka hinkennamne, hordoffiifi too'annaa quubsaa kan hinqabnee ta'eetu hubatama. Gahee barsiisaa keessaa inni guddaan shaakaloota karaa addaddaatiin qopheessee barattoota shaakalchiisuu ture. Kana qofa osoo hintaane, hordoffiifi too'annoo cimaa taasisuu qaba. Kanaaf, barsiisonni mana barumsaa Madaanaalam Sadarkaa 2ffaa Afaan Oromoo barsiisanis barattoota dandeettii barreessuu gonfachiisuun keeyyata gaarii akka barreessan taasisuu barbaachisa.

Gaaffii 7ffaa: Keeyyata barreessuu shaakachiisuuf gilgaalonni gahaan kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti hammam dhiyaatanii jiru? Gaaffii jedhuuf barsiisaa 1ffaan qabiyyeen shaakala barreessuu kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti darbee darbee jiraachuu ibsan. Barsiistuu 2ffaan immoo hamma tokko jiraachuu isaa ragaa baati. Barsiistuu 3ffaanis, haaluma walfakkaatuun gilgaalonni hamma tokko jiraachuu ibsite. Waliigalatti, ragaa afgaaffii barsiisotaa kanarraa wanti hubatamu, qabiyyeen keeyyata barreessuu shaakalchiisu hamma tokko kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessa jiraachuu isaati. Haaluma kanaan, sakatta'iinsa kitaaba barataa kutaa 10ffaa taasifameen Golgaalota 79 kitaabicha keessa jiran keessaa 12 (15.18%) kan ta'e kitaabicha keessatti hammatamuun isaas bira ga'amee jira. Kun immoo dandeettiiwwan biroo waliin yoo madaalamu xiyyeeffannoo akka barbaadu agarsiisa.

Gaaffii 8ffaa: Gaaffii maddi dogoggoraan keeyyata barreessuu barattootaa maali? Jedhuuf barsiisaa 1ffaan xiyyeeffannoo dhabuu ibsa. Barsiistuu 2ffaan immoo shaakala walitti fufinsa qabu dhabuudha jechuun ibsite. Barsiistuu 3ffaan sababa xiyyeeffannoon duubdeebii hojii barreeffamaa irratti kennuu dhiisuuti jechuun ibsite. Raagaan afgaaffii kanaatis, sababoonni barattoonni keeyyata dogongoraa barreessaniif xiyyeeffannoo dhabuufi barsiisaan hojii barreeffamaa irratti barattootaaf duubdeebii quubsaa waan hinkennineef ta'uu isaati.

Gaaffii 9ffaa: Shaakala keeyyata barreessuu haala kamiin qabiyyee kitaabatiin walsimsiiftanii dabalataan qopheessuun barattoota shaakalchiistu? Gaaffii jedhuuf iddattoo barsiisotaa sadan filataman keessaa barsiisaa 1ffaan yaada yommuu kennu, gilgaalota jiran nan

haakalchiisa. Garuu, gilgaala dabalataa hin qopheessu. Xiyyeeffannoo addaas itti kennee hin shaakalchiisu jechuun ibsu. Barsiistuu 2ffaan immoo, "Kitaabicharra qabiyyeewwan jiran hunda barsiisee fixuu waanan qabnuuf yeroo baay'ee isarrattan xiyyeeffadha malee kan biroo hin qopheessu" yaada jedhu kennan. Barsiistuu 3ffaanis yaaduma walfakkaataa kennuun, qabiyyee jiran qofarratti xiyyeeffachuun akka barsiisaniifi xiyyeeffannaa addaa akka hin kennine ibsan. Walumaagalatti, yaadota kennaman keessatti barsiisonni gilgalota jiran muraasa akkka shaakalchiisaniifi kan dabalataa kan hinpheessine ta'uu isaati. Kanamalees, qabiyyee kitaaba keessa jiru qofa haguuguurratti akka xiyyeeffatanis ragaan mul'isu jira. Haalli barreessuu shaakalchiisuu garuu tooftaa garagaraan ta'uu akka malu barreessitoonni kaa'u. Fakkeenyaaf, yeroo barreessuu barattoota shaakalchiisan toofaalee garagaraa fayyadamuun daree keessaafi daree alatti ta'uu akka danda'u ni ibsama (Raimes, 1983). Ragaaleen barattootaafi barsiisotaan kenname kunniin yoo walbiratti ilaalamu ragaa barattoonni kennan qabatamaa ta'uu mul'isa. Gama biraatiin, barsiisonni hanga ta'e barreessuu shaakalchiisaa akka jiran hubachuun danda'amus dabalataan qabiyyee kitaabaa dabalame akka hinjirre argina.

Yaada kana hayyoonnis karaa adda addaa ibsu. Fakkeenyaaf, dandeettiin barreessuu barattoota afaan lammaffaa qofaaf osoo hintaane barattootuma afaan dhalootaafuu ni ulfaata (Norrish 1983). Yaadni kun kallattiimaan rakkoo ragaa kanaan ifa ba'e waliin walfakkaata. Hayyoonni biroo immoo dandeettiin barreessuu shaakala cimaa taasisan malee salphaatti gabbifachuun akka hindanda'amne himu (Elbow, 2000). Kunis kan agarsiisu dandeettii barreessuu kana gabbifachuun cimaa ta'uufi hojii cimaa akka barbaachisu mul'isa. Cimnaan shaakallaan garuu, dandeettii kana gabbifachuun akka danda'amu mul'isa.

Gaaffii 10ffaa: Furmaanni hanqina barreeffama keeyyataa Afaan Oromoo dhabuu maali? jedhuuf yaanni barsiisaa jalqabaa hanqina barreeffamni Afaan Oromoo gahumsa qabu furuuf barattootaafi barsiisota irraa gahee guddaatu eegama. Innis, barsiisaan dhimma kana irratti jijjiirama fiduuf kaayyeffatee hojjechuu qaba. Kana irraa ka'uun barattoota isaaf qophii taasisuu akka qabu, xiyyeeffannoo kennee tokkoo tokkoo gilgaalaa sakatta'uun ga'umsa barattoonni gonfachuu qaban akka goonfachiisu itti yaaduu qaba. Barsiisaan haala gaariin qophaa'ee hojjennaan barattoota qajeelchuun ni salphata yaada jedhutu ka'e.

Barsiistuu 2ffaan immoo barattoonni qajeelfama barsiisaa isaanii irraa fudhachuun hojiitti hiikuun isaan irraa eegama. Barattoonnis gahee isaanii haala gaariidhaan ba'uutu irraa eegama.

Dabalataanis, barattoonni hamilee guutuudhaan kaayyoo isaanii galmaan gahuuf dhimmanii hojjechuu qabu. Gama biraan, barattoonni dandeettii yeroon wayiitii barnootaa Afaan Oromoof kennameefi hojii barreessuu barattoota shaakalchiisuun duub-deebii laachuuf gargaaru kan walhinsimne ta'uun rakkoo guddaa ta'uu isaa ibsu. Haata'umalee, barsiisaafi barattoota irraa walhordoffii cimaatu eegama. Kanamalees, wayitiin dandeettii barreessuu barsiisuuf barbaachisuufi tooftaan dhiyeenya barnootichaa kan walhinsimne waan ta'eef wayitiin barnoota Afaan Oromootiif kennamu kana ilaalcha keessa galchuun kan ramadamu osoo ta'ee gaarii ta'uu ibsu. Barsiistuu 3ffaan immoo hanqina kana hambisuuf barsiisonni shaakala keeyyata barreessuu dabalataa qopheessuun barattoota hojjechiisuun fala akka ta'e ibsan.

Yaada barsiisaan jalqaba kaase irraa hubachuun akka danda'amutti, dhimma gaafatame milkeessuuf gaheen barsiisaa laafaa ta'uu isaatu mul'ata. Kunis, barsiisaan qaama qabiyyee isaa irratti haala ittiin barattoota isaarratti jijjiirama fidu yaadee itti gaafatamummaa isaa bahuu qaba.

Yaadni barsiistuu 2ffaas akka agarsiisutti barattoonni qajeelfama barsiisaan kenne fudhachuuf dirqama akka qabaniidha. Kanaaf, barattoonni mana barumsaa dhufan ajajaafi qajeelfama barsiisaa isaanii irraa isaaniif darbu haala gaariin fudhachuun dandeettii isaanii gahoomsuu irratti hojjechuu qabu. Walumaagalatti, hojiin barreessuu hojii guyyaa yookiin wayiitii tokkoo miti. Hojii nuffii malee walitti fufiinsaan raawwatamuudha. Kun immoo barsiisaas ta'ee, barattoota keessatti nuffii uumuu mala. Haata'umalee, kun amaluma hojii isaati. Kanaafuu, barsiisonniifi barattoonni walhubannaafi obsa akkasumas, ajajamuun kaayyoo kana milkeessuuf hojjechuu qabu. Qorannoo xiinxala keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa irratti miidhaa fidan jedhu kana galma yaadameen ga'uuf odeeffannoowwan adda addaa iddattoowwan adda addaarraa qormaataan, dokumentii xiinxaluun, bargaaffiifi afgaaffiin funaanamanii xiinxalamaniiru. Isaan keessaa qormaanni barattootaaf dhiyaatee xiinxalameera. Haaluma kanaan, qormaata barattootaaf kennameen deebiin barattoonni kennan akka agarsiisutti barattoonni dandeettii barreeffama Afaan Oromoo horachuudhaaf fedhii kan qaban ta'uyyuu, barreeffamni isaanii seera barreeffama Afaan Oromoo eeganii kan hinbarreeffamne ta'uun hubatameera. Hanqinoonni mul'atanis, ijaarsa keeyyataa keessatti itti fayyadamni sirna tuqaalee, tokkummaa keeyyataa eeguu, haalli ibsa hima ijoofi hariiroo inni hima gargaartuu waliin qabu hanqina guddaa qaba. Walumaagalatti, ragaa qormaataa barattootaaf kenname irra akka hubatametti barreeffamni barattoota hanqina qabaachuu isaatu hubatame. Hanqinoota kana furuuf immoo gaheen barsiisotaa laayyoo akka hin taane, Beekan (2015:151) yoo ibsu, "Barsiisaan dhiyaannaa

adeemsaan dandeettii barreessuu barsiisuu keessatti shoora guddaa qaba. Barattootni adeemsa kana keessatti akka milkaa'an gargaaruuf barsiisaan sadarkaalee hunda keessatti hojii hojjetamuu qaban hunda hojjechuu qaba." jedha.

Barreeffama kanarraa wanti hubatamu, dandeettii barreessuu barsiisuu keessatti barsiisaan adeemsa hunda keessatti gaheen isaa guddaa akka ta'eefi hordoffii taasisuu akka qabu agarsiisa.

4.5. Qaaccessa Ragaa Sakatta'a dokmantiin Argame

4. 5.1. Sakatta'iinsa kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10ffaa

Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffate Xiinxala wantoota Keeyyata Barreessuu Barattoota kutaa 10ffaa irratti miidhaa fidan jedhurratti. Hanqinoota keeyyata barreessuu barattootaa xiinxaluuf kitaaba barattoonni irraa baratan sakatta'uun murteessaadha. Kanaaf, qorataanis kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10ffaa barattoota Afaan Oromoo akka afaan tokkooffaatti barataniif qophaa'e sakatta'eera. Kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa haaraan fooyya'ee yeroo jalqabaaf bara 2014 Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin kan maxxanfameedha. Kitaabni kun Boqonnaa 9 fi baay'ina fuulaa qabiyyee jibsoo dhumarratti galu dabalatee 103 qaba. Baruu fi barsiisuu afaanii keessatti barattoonni dandeettii arfan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuutti dabalataan fayyadama jechootaa, caaslugaafi afoola akka gonfatan kan godhuudha. Kanaafuu, dandeettii keeyyata barreessuu barattoonni akka cimsataniif gochonniifi shaakaloonni adda addaa kitaaba barataa keessatti akka galu sirni barnootaa afaanii ni akeeka. Kanaafuu, gochoonniifi gilgaalonni aadaa, umrii, fedhii, haala jiruufi jireenya barattootaa wajjin deemuusaa kaayyoo ifaa qabaachuu, qabiyyeen duraa duuba eegee dhufuusaa madaaluuf tajaajila.

Haaluma kanaan, akkaataa qorataan kitaabicha sakatta'een boqonnaa sagaliifi (9) baay'ina fuulaa qabiyyee jibsoo dabalatee 103 qaba. Boqonnaaleen hundi isaaniyyuu jalqabaa kaasee hanga dhumaatti (1-9) qabiyyee shaakala barreessuutiin walqabate qofarratti xiyyeeffachuun sakatta'ameera. Boqonnaa 1ffaa jalatti fuula 2ffaa gilgaala 4ffaa jalatti barattoonni barruu keeyyata lama qabu akka barreessan shaakalli kennameefii jira. Boqonnaa 3ffaa fuula 31 gilgaala 6ffaa ajaja 6B jalatti mata duree "Kunuunsa Qabeenya Uumamaa" jedhu irratti barattoonni himoota waljala fuudhaman kan keeyyata lamaaf qophaa'an qindeessanii akka keeyyata 2 ijaaran taasifameera. Boqonnaa 4ffaa fuula 40 gilgaala 8ffaa jalatti barattoonni caattoo irratti hundaa'uudhan barruu keeyyata 5 qabu akka barreessan ajajamaniiru. Boqonnaa 8ffaa

fuula 88 gilgaala 7ffaa jalatti tartiiba loojikaalawaa ta’e eeganii akka barruu tokko qopheessan shaakalli barattootaaf kennameera.

Dabalataanis, shaakaloonni addaddaa barreeffamaan walqabatan garuu keeyyata hin ilaallannes kitaabicha keessatti kennamaniiru. Haaluma kanaan boqonnaa 1ffaa fuula 5ffaa gilgaala 7A jalatti barattoonni dubbisa kenname irratti hundaa’uudhaan hiika jechotaa barreeffamaan akka deebisaniif shaakalli barreeffamaa kennamee jira. Dabalataan, boqonnaa 3ffaa barannoo 4ffaa jalatti shaakalli barreeffamaan deebii kennan ajaju kennamee jira. Haaluma walfakkaatun boqonnaa 5ffaa barannoo 4ffaa jalattis barattoonni akka xaalayaa barreessaniif shaakalli kennameefii jira. Dhumarratti, Boqonnaa 9ffaa gilgaala 7ffaa jalatti immoo shaakalli barreeffamaan deebii deebisuu barattootaaf kennameera.

Gabaabumatti, ragaan sakatta’insaa kitaabichaa kan agarsiisu, boqonnaalee muraasa keessatti gilgaalonni keeyyata barreessuu shaakalchiisuuf barattootaaf kennamuu isaati. Akkasumas, barattoonni barreeffamaan deebiiwwan addaddaa akka deebisaniif shaakalli barreeffamaa kitaabicha keessatti baay’inaan kennamee jira. Haata’umalee, xiyyeeffannoon isaa shaakala keeyyataa barreessuu wajjin kan wal-qabatu akka hin taaneedha. Akka hanqinaatti yommuu ilaalamu, boqannaalee kitaabichaa baay’ee keessatti shaakaloonni keeyyata barreessuu waliin walqabatan hin kennamne. Shaakaloonni hedduun barattoonni deebii gabaabaa barreeffamaan akka kennan ajaja. Walumaagalatti, qaaccessa kitaaba barataa kutaa 10ffaa kanarraa wanti hubatamu, boqonnaalee olitti maqaa dhahaman muraasa keessatti akka keeyyata barreessan gilgaalonni kennamaniiru. Haata’umalee, boqonnaalee biroo keessatti shaakaloonni barattootaaf kennaman akka isaan deebii gabaabaa barreeffamaan dhiyeessan kan ajaju malee kallattiin dhimma ijaarsa keeyyataa waliin kan walqabatu miti.

Dandeettiiwwan afaanii gurguddoo arfaniifi kanneen biroo								
Dandeettii Dhaggeeffa.		Dandeettii Dubbachuu	Dandeettii Dubbisuu	Dandeettii Barreessuu	Fayyidama Jechootaa	Seer-luga	Afoola	Ida’
Baayina	15	14	14	12	12	6	6	79
Dhi %	18.98	17.72	17.72	15.18	15.18	7.6	7.6	99.99

Gabatee:15 Facaatii Dandeettiiwwan Afaanii Gilgaalota keessaa

Haaluma gabatee armaan oliirraa hubatamuun, qabiyyeen kitaaba barattootaa sakatta’amee dandeettiin barreessuu dandeettiiwwan biroo waliin yeroo madaalamu sadarkaa giddugaleessaarra jirachuu agarsiisa. Sababiinsaa fakkeenyaaf Dandeettiin dhageeffachuu

baayina gilgaalota 79 jiran keessa 15(18.98%) dhibba keessaa yeroo ilaalamu dandeettiiwwan birorra xiyyeeffannoo akka argate ragaan jiru mul'isa. Qabiyyeewwan akka fayyadama jechootaafi afoolaa yoo ilaalle sadarkaa gadaanaarra jiru. Innis, bbaayina gilgaalotaa 79 jiran keessaa 6 (7.6%) qabiyyee fayyadama jechootaa qabatee jira. Akkasumagilgaalotni 6(7.6) immoo afoolaan dandeettii barreessuu barsiisuu osoo hin taane afoola barsiisuu irratti xiyyeeffatee jira. Kun immoo dandeettiiwwan biroo waliin yoroo ilaalamu xiyyeeffannoon kenname laafaa ta'uu agarsiisa.

Walumaagalatti, sakatta'a kitaabaa kanarraa wanti hubatamu dandeettii barreessuu barsiisuuf qabiyyeen kitaaba barataa keessatti hammatamee jiru gahaa akka hin taaneefi barsiisonniifi ogeeyyiin barnootaa xiyyeeffannoo addaa kennuu akka qaban ragaan argame kun mul'isa.

4.5.2. Sakatta'a Barruulee Barattootaa

Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffate Xiinxala wantoota Keeyyata Barreessuu Barattoota kutaa 10ffaa irratti miidhaa fidan jedhurratti. Hanqinoota keeyyata barreessuu barattootaa xiinxaluuf barruu barattootaa sakatta'uun murteessaadha. Kanaaf, qorataanis barruu barattootaa yommuu bargaaffii raabsachuu daree barnootaa deemetti sakatta'eera.

Sakatta'a barruu taasifameenis. barattoonni barreessuu irratti hanqina guddaa qabaachuu isaaniti. Akka ragaa yaadannoo barattootaa irraa argameetti, barreeffamni barattootaa fayyadama qub-guddeessaa irraa kaasee hanga hima ijoofi gargaartuu hanqinni jiraachuun hubatameera. Gama biraatiin, ragaan bargaaffii barattootaaf dhiyaate akka mul'isutti, barreeffamni barattootaa yoo ilaalamu, hanqina hedduu qabaachuu isaatu hubatame. Kanaafis akka sababaatti yaanni barattoonni kaasan barsiisaan isaanii yeroo fudhatee shaakala barreessuurratti deeggarsa gochuu dhiisuufi shaakala gareefi dhuunfaan taasimurratti barsiisaan akka barattoonni duub-deebii waliif kennaniif carraa kan hinlaanne waanta'eef, barattoonnis haala kana keessatti hojii shaakala barreessuu taasisuu keessatti hirmaachuuf haala mijataa dhabuu isaaniitu mul'ata. Walumaagalatti, sakatta'insa barruu barattootaa irraa wanti hubatamu, barattoonni rakkoo qubeessuu garmalee kan qabaniidha. Sakatta'insa barruu barattootaa kanaan bu'aa argame qofa osoo hintaane, odeeffannoon karaa bargaaffii, bargaaffiifi qormaataa irraa argame akka mul'isutti, barattoonni rakkoo qubeessuu akka qabantu ilaallame.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

Qorannicha ilaalchisee, boqonnaa kana jalatti guduunfaafi kallattii yaanni furmaataa itti kennamu walduraa duubaan dhihaatanii jiru. Ragaaleen xiinxalamaniifi qabxiileen ijoo qorannicha keessatti argaman guduunfaa jalatti dhiyaatanii jiru. Akkasumas, dhimma qorannichi irratti geggeeffame ilaalchisee, ragaan odeef-kennitootarraa argame xiinxalamee hanqinoota keessatti mul'ataniif yaanni furmaataa eeramee jira.

5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Mana Barumsaa Madanaalam sadarkaa 2ffaa kutaa 10^{ffaa} irratti yoo xiyyeeffatu; kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan Wantoota Dandeettii Afaan Oromootiin Keeyyata Barreessuu Barattoota Kutaa 10ffaa Irratti Miidhaa Fidan' xiinxaluun yaada furmaataa kaa'uudha. Maddoota oddeeffannoo qorannoo kanaa godhachuun qorataan kan fayyadame madda ragaa tokkoffaa Barattoota Mana Barumsaa Madanaalam Sadarkaa 2ffaa kutaa 10^{ffaa} barataniifi barsiisota Afaan Oromoo Kutaa 10^{ffaa} mana barumsaa kana barsiisan yoo ta'an, irraawwatamni qorannoo kanaas kallattiin barattoota kutaa 10^{ffaa} mana barumsaa kanatti baratan dhiira 90 dhalaa 78 ida'ama 168 keessaa mala carraa saayinsaawaatti gargaaramuun [40%] kan ta'an barattoota dhira 37 durba 31 ida'ama 68 ta'aniidha. Inni biraa akka madda ragaa tokkoffaatti kan fudhataman barsiisota barumsaa Madanaalam sad.2ffaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} barsiisan, dhirra 1(tokoo)fi dubaroota 2 (lama) waliigalaatti barsiisota 3(sadii) mala miti-carraa akkayyootiin filamanii ragaaleen irraa sassaabameera. Qorataanis kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf meeshaalee funaansa ragaa qormaata, bargaaffii barattootaa, af-gaaffii barsiisotaa, akkasumas kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} fi barruu barattootaa akka madda ragaa lammaffaatti sakatta'a dookumantii fayyadamuun odeeffannoon walitti qabame xiinxalamee jira.

Akka waliigalaatti, ragaaleen walitti qabaman kunniin dhimmoonni isaan irratti xiyyeeffatan:- akaakuu hanqinoota keeyyata barreessuu irratti barattoonni qaban, madda hanqinoota keeyyata barreessuu barattootaa, gilgaalota shaakala keeyyata barreessuu barattootaa barsiisuuf qophaa'aniifi shaakala barattoonni adeemsa baruu-barsiisuu keessatti keeyyata barreessuu isaanii gabbisuuf godhameefi gaheen barsiisonni keeyyata barreessuu barattootaa barsiisuu irratti qaban yoo ta'uu; ragaaleen kunniin mala makaa gargaaramuun gadi fageenyaan xiinxalamaniiru. Xiinxala ragaalee mala adda addaatiin madda garaagaraa

kanneen armaan olitti ibsaman irraa funaanamanii qaacceffaman kanneen irraa wanti hubatamu hanqinoonni keeyyata barreessuu barattoota, keessaayyuu irraawwaatama qorannoo kanaa kan ta'an Barattoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee kutaa Magaala Gullallee Mana Barumsaa Madanaalam Sad.2ffaa kutaa 10^{ffaa} baratan ilaalchisee hanqinoota hedduu kan qaban ta'uu isaati.

Akka ragaan qormaata, bargaaffii, afgaaffii, sakatta'insa barruu barattootaafi xiinxalli kitaaba barataa kutaa 10^{ffaa} agarsiisutti hanqinoonni kunneen adda bahaniiru.

- Hanqina qubeessuu ilaalchisee xiinxala raawwatame irraa akka hubatametti barattoonni irra caalaan yeroo keeyyata barreessan seera barreeffama Afaan Oromoo addaan baasanii kan hin beekne ta'uun qubeessuurratti baay'een isaanii hanqina akka qaban qaacceffamni ragaa qormaata barattootaarraa argameen hubatameera.
- Barattoonni mana barumsaa kanatti kutaa 10ffaa barachaa jiran yeroo keeyyata barreessan sirna tuqaalee bakka barbaachisutti fayyadamanii barreessuu dhabuu ragaan barattoota irraa argame ni mul'sa.
- Hanqina itti fayyadama qub-guddeessaan keeyyata barreessuu barattoota kana irraa kan hubatamu barattoonni qubee guddaa haalaan fayyadamuurratti hanqina bal'aa akka qaban ragaa barattoota irraa hubachuun danda'ameera.
- Keeyyata sirrii barreessuu dhabuu,hima ijoofi gargaartuu, walta'insaafi tokkummaa keeyyataa eeganii sirriitti barreessuu dhabuu ragaan barattootarraa argame ni agarsiisa.
- Barsiisonni barattoota isaanii barreessuu shaakalsiisuu dhiisuu, barreeffama isaanii soroorsuu dhabuu, duub-deebii kennuurratti deeggarsi taasisan laafaa ta'uun qaaccessa ragaa barattootaafi barsiisotarraa argamerraa hubachuun danda'ameera.
- Keeyyata qindaawaa ta'e barreessuu dhabuu ilaalchisee ragaa sassaabamerraa sababootni mul'atan hir'ina shaakalaa, hanqina xiyyeeffannaa, kaka'umsaa dhabuufi gilgaalotni kitaaba keessaa muraasa ta'uun sababoota gurguddoo turani.
- Qabiyyee Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessa keeyyata barsiisuuf shaakaloota jiran ilaalchisee ragaan qorannoo gilgaalotni gahaa ta'an akka hinjirre agarsiisa.
- Yaada maddisiisuu, qindessuu,ijaaruufi unka keeyyataa qabsiisuurratti laafinni cimaan akka jiru sakatta 'a barruulee barattoota irraa qaorataan hubateera.

5.2. Argannoo

1.Xiinxala raawwatame irraa akka hubatametti barattoonni irra caalaan keeyyata yeroo barreessan hanqinaaleen:- qindoominaa yookoon artiiba yaadaa,dogoggora qubee,sirna tuqaaleefi itti-fayyadamni qub-guddeessaa hedduun jiraachuun seera barreeffama Afaan Oromoo addaan baasuu dhabuun akka jiru qaacceffamni ragaa qormaata barattootaarraa argameen hubatameera.

2.Maddeen hanqina Afaan Orommootiin keeyyata barreessuu dhabuu hedduun mul’ataniiru.Isaaniis:- Shaakalaa gahaa taasisuu dhabuu, xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu, hir’ina fedhii, rakkoo kaka’umsaa, ‘nan beeka’ jedhanii yaaduu, kitaaba wabii dhabuufi ,duubdeebii argachuu dhabuun akka jiran ragaan jiru agarsiisa.

3.Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti gilgaalota dandeettii barreessuu barsiisuuf dhihaatan ilaalchisee ragaan afgaaffii barsiisotaafi bargaaffii barattootaa akkasumas sakatta’a kitaaba barattootaafi barruulee barattotaaraa argame akka mul’isutti dandeettiin barreessuu haalaan xiyyeeffannoo hin arganne.Sababiinsaa gilgaalotuma jiran keessaa kallattiin keeyyata shaakalchiisuuf kan dhihaatan lakkoobsaan xiqqaadha.Kunis gilgaalonni jiran shaakalooota jechoota barreessuun deebii deebisuu, barreessanii deebii gabaabaa kennuurratti akka xiyyeeffatan ragaan kitaabarraa argame mul’isa.

4.Haala barsiisonni barattoota barreessuu shaakalsiisaa turan ilaalchisee hanqinoonni hedduun mul’atannii jiru.Isaanis: Barreeffama barattootaa yeroo fudhatanii soroorsuu dhabuu,duub-deebii kennuurratti deeggarsi laafuu, ilaalchi barsiisonni dogoggora barataaf qaban yaraa ta’uu,shaakala dabalataa qopheessuurratti laafinni jiraachuun qaaccessa ragaa barattootaafi barsiisotaarraa hubatameera.

5.Hanqinoota gama hundaan mul’ataniif furmaatni jiran: Barsiisoonni dandeettii barreessuurratti xiyyeeffachuu akka qaban agarsisa.Kanamalees,duubdeebii kennuu irratti hanqina jiru furuu qabu.Shaakala dabalataa qopheessuufi fedhii barattoota keessatti uumuu barbaachisa.Barattoonnis gama isaaniitiin kaka’umsaan osoo walirraa hinkutin shaakaluu barbaachisa.

5.3. Yaada Furmaataa

Yaanni furmaataa cuunfaa taasifamerratti hundaa'uudhaan armaan gaditti dhihaatee jira.

- ✓ Barattoonni ilaalcha afaanicha nibeekna.' jedhuun of gowoomsuurra, dandeettii barreessuu xiyyeeffannoon osoo shaakalanii gaarii ta'a.
- ✓ Barsiisonni yero yerootti barreeffama barattootaa ilaalanii duubdeebii osoo kennanii hanqinichi ni furama.
- ✓ Barsiisonni osoo hintursin barreeffama barattoonni barreessan ilaaluun duubdeebii osoo kennanii.
- ✓ Barattoonni dhuunfaanis ta'e gareedhaan shaakala kennamuuf osoo duubdeebii argataa deemanii filatamaadha.
- ✓ Barsiisonni barattoota sirriitti keeyyata hinijaarre kophaatti irra deddeebiin osoo shaakalchiisanii ni filatama.
- ✓ Barsiisoonni saayinsii keeyyata barsiisuu qofa osoo hintaane keeyyata barreessuu osoo shaakalchiisanii.
- ✓ Maatiin barattootaas akka barattoonni dandeettii keeyyata barreessuu gabbifataniif mana barumsaa waliin hordoffii osoo taasisanii ba'eessa.
- ✓ Hanqinni keeyyata barreessuu rakkoo bal'aa waan ta'eef, ogeeyyiin barnootaafi qaamni dhimmi ilaalu gadi fageenyaa osoo qorantanii gaariidha.
- ✓ Bulchiinsi mana barumsaa hordoffii taasisuun qabiyyeen barnootaa barattoota bira ga'uu osoo mirkaneffataa deemanii gaariidha.
- ✓ Qaamni meeshaalee barnootaa qopheessu dandeettii barreessuu irratti osoo xiyyeeffannoo kennanii gaarii ta'a.

Walumaagalatti, xiyyeeffannoon guddaan kan itti kennamuu qabu ilaalcha barattoonni keeyyata barreessuurratti qabaniifis ta'e, barsiisonni itti shaakala keeyyataa barreessuu taasisan xiyyeeffannoo argachuu barbaachisa. Kanamalees, ogeeyyiin afaanii hundi barattoota bifa addaatiin barbaachisummaa barreessuu shaakaluufi faayidaa ogummaa keeyyata barreessuu gad-fageenyaan akka hubatan akkasumas fedhiifi kaka'uumsa akka qabaatan gochuun murteessaadha.

Wabiilee

- Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo:Yaadrimeecaasluga Afaan Oromoo*.Finfinnee:Mega
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). Akkamtaa.*Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Far East trading press.
- Addunyaa Barkeessaa.(2014).Semmoo: *Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee: Mega. Printing Press.
- Addunyaa Barkeessaa_____ Sanyii: *Jechaafi caasaa Isaa*. Finfinnee. Mega. Printing Press.
- Atkins, J. et al. (1998). Skills Development Methodology. Part II Addis Ababaa: Addis
- Balaay Shifarrraa.(2007). "Dandeettii Barreessuu Gabbifachuu Keessatti Rakkoowwan Barattoota 11ffaa Mudatan. Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaafi Qophaa'ina Shaambo Irratti."*(MA) Thesis. Finfinnee: Kan hinmaxxanfamne.
- Beekan Gulummaa. (2015). Tuujuba: *Saayinsii Dandeettiiwwan Afaanii*.Finfinnee Oromiyaa.
- Berg B. (2001). Qualitative Research Methods Staff For The Social Sciences California State University.
- Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaala Finfinnee.(2014).Kitaaba Baraataa Barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa.
- Brown H. D, (2004) Language assessment principles and classroom practices, New York: Longman.
- Brown, L and spad N .(1994). *How language are learned, Oxforbeks for language teachers*, Oxford; oxford university press.
- Byrne D. (1988).*Teaching writing skills*.London: Long man.
- ClarkR.E.Media will never influence learning.Educational Technology Research and Development:42 (2),21-29,Retrieved Febrary 15, 2006,from
- Dastaa Dassaalanyi.(2013).Bu'uura Qorannoo:Maxxansa 2ffaa. Printed by Far East trading.
- Dassee Bantii. (2006).*Daawwitii Dhalootaa*. Mega printing Entrprise.
- Dawnsen C.(2002).Practical Research Methods: A user friendlyGuide to mastering Research.UK How To Books Ltd.
- Diyanni R.(1998). *The scribner Hand book for writers (2nd ed)*. Allyn and Bacon: Aviacom company.
- Fedhaasaa Taaddasaa,(2013). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*:Finfinnee:Mega printing press.
- Fedhasaa Taaddasaa.____Subii: *Og-barruu Oromoo*: Finfinnee: Subii printing press.
- Ferguson, Charles A. (1983). National Profile Formula: the Proceeding of the Sociolinguistic Conference. In Fishman, J. (ed). Reading in Sociology of Language. The Hague: Mouton, 309-324.

- Gass, M.S. and Senlinker, L. (2008). Second Language Acquisition (3rd edition): New York. London. Materials for Language Learning. Cambridge: Cambridge university press.
- Geetaachoo Rabbirraa.(2015).Furtuu.Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9 fi 10.Gulaallii 4ffaa. Dhaabbata Maxxansa Kurraaz Internaashinaal.Finfinnee.
- Geetaachoo Rabbirraa. (2009). Furtuu.*Seer luga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Kuraz International Publishing Enterprise.
- Geettoo Dhufeeraa.(2012).”RakkooDogoggora qubeessuu Afaan Oromoo”Haala Hojjeetoota Waajjiraalee Mootummaa Aanaa Baalee Gaasaraa).AAU.MA Thesis (unpublished)
- Jaafar Odaa .(2016). “*Sakatta'a Rakkoolee Sirna Tuqaalee Afaan Oromootiin Barreessuu Waajjiraalee Miti Mootummaa*”*Waraqaa qorannoo digirii 2ffaa(MA)*.kan hinmaxxanfamne.
- Klley. M.J.(1998). Odyssey: A guide To Better Writing Allyn Boston:Aviacoian Company.
- Leki.(1989). Academic Writing: Technique And Tasks. New York St.Martin's Press.
- Misgaanuu Gulummaa. (2011). Kattaa: *Ogummaa Barreessuu*. Finfinnee:Efficient Printing press.
- Norrish. J. (1993). Language Learning and their Errors. Modern English Publication.
- Norrish.J.(1983)Language learners and Their errors.London:Macmillan Publishers Ltd.
- Nunan,D.(2000).Research Methods. In M.Byran (Ed).Routledge encyclopedia of language teaching and learning (pp -501-505) Lodon. Routledge .
- printingpress.
- printingpress.
- Rabbirraa Tarrafaa,(2012) Gadaa: Caasluga Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10 maxxansa 3ffaa Finfinnee Itoophiyaa
- Raimes, A. (1983). *Techinques in Teachin Writing*. Oxford:Oxford University Press.
- Richards.(1990) .Reading and Research 2nd Edition.Printed in USA.
- Solomoonifi kaawwan.(2005). Barnnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisaa Kutaa 9. Kampala: MK Publishers.
- Sarantakos, S. (2005). Social Science Research 3rd ed. Palgrase: Macmillan.
- Shaw. H.(1978). Handbook Of English. New York: Mcgraw-Hill, Inc.
- Sisaay Siyyum.(2016). *Xiinxala wantoota Dandeettii Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo Kutaa 1ffaa*. (M.A).thesis.Finfinnee. kan hinmaxxanfamne.
- Tafarii Ayyaanaa.(1998).New Systematic Book Series. Finfinnee: Aster Nega Puplished Entrs.
- Tolosaa Sabboooqaa.(2016).”Shaakala madaallii walitti fufaa Afaan Oromootii barreessuu”. Waraqaa qorannoo digirii 2ffaa (MA).thesis Finfinnee.kan hinmaxxanfamin.
- Trochim William M.K.2006.Sampling.From

<http://www.socialresearchmethods.net/kb/sampling.php>

Yaadasaa Tolosaa.(2001) *Bu'uuraa Qorannoo waliigalaa*. Finfinnee: Efficient printing press.

YaadasaaTolosaa.(2018).Malleen Qorannoo Bu'uuraa.printed by Far East PLC

Yohannis Mallasaa.(2016).”*QaaccessaDandeettii Keeyyata Barreessuu Barattootaa kutaa 9ffaa*”

Waraqaa qorannoo digirii 2ffaa gamisaan guutaachuuf qophaa'e.kan hinmaxxanfami.

Zoltan. (2007).Research Method in Applied Linguistic.Quantitative,qualitative and Mixed Methodolog.

Toora Interneetii

<http://www.usq.edu.au/material/unit/resource/Clark/media.htm>

**YUUNIVERSIITII FINFINNEE KOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO
AFAANOTAA, JOORNAALISIMIIFI QUUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLORII**

Dabalee A

Bargaaffii Barattootaaf Qophaa'e

Kabajamoo barataa/ttuu barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa ; gaaffilee qorannoo kunniin naaf deebisuuf eeyyamamuu keetiif guddiseen si galateeffadha. Kaayyoon bargaa'ffii kanaa "Xiinxala Wantoota Dandeettii Afaan Oromootiin Keeyyata Barreessuu Barattoota Kutaa 10ffaa Irratti Miidhaa Fidan" mata duree jedhu irratti qorannoo gaggeeffamuuf odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuufi. Kanaaf ati barnoota Afaan Oromoo keessatti kallattiin hirmaatta waan ta'eef odeeffannoo ati naaf kennitu galma ga'insa qorannoo kanaatiif ga'ee guddaa qaba. Gaaffilee dhiyaataniif deebii dhugaa ta'e deebisuun odeeffannoo akka naaf kennitu kabajaan si gaafadha.

Odeeffannoo Waliigalaa

Maqaa mana barumsaa _____ Bara _____ Kutaa _____ Saala _____

Umurii: waggaa 17fi isaa gad _____ waggaa 17-22 _____ waggaa 22 fi isaa ol _____

Hub: Maqaa barreessuun hinbarbaachisu.

I.Gaaffilee Qorannoo Kan Barattootaaf Dhiyaatan

1. Barsiisaan barreessuu barsiisuuf gilgaala kitaaba barataa keessa jirutti dabalataan hammam qopheessee shaakalchiisa ? A.yeroo hunda B. yeroo baay'ee C.darbee darbee D.yeroo muraasa

2. Hanqinni barreeffama Afaan Oromoo ati barreessitu quunnamtii gootu irratti dhiibbaa qabaa?

1.Eeyyee 2.Lakki

3. Ati dandeettiiwwan afaanii keessaa isa kamiif caala xiyyeeffannaa kennita?

1. Dubbisuu 2. Barreessuu 3.Dubbachuu 4.Dhaggeeffachuu

4. Afaan Oromoon barachuu keetiif maatiinkee ilaalcha akkamii qabu?

1. Baay'ee olaanaa 2.Olaanaa 3.giddu galeessa 4.gadaanaa

5. Barsiisaan kee abbaltii baarreeffamaan gulaalamu hammam siif kennu?

1.yeroo mara 2. yeroo baay'ee 3. yeroo tokko tokko 4.hinkennu

6. Keeyyata barreessiturratti kanneen gabatee armaan gadii keessatti tarreeffaman miidhaa fiduufi dhiisuu eeyyee yookin lakkii jechuun deebisi. .

Madda keeyyata barreessuurratti miidhaa fidan	Filannoo	
	Eeyyee	Lakkii
Hir'ina shaakalaa		
Hir'ina kaka'umsaa		
Xiyyeeffannoo kennuu dhabuu		
Keeyyata barreessuu beekna jechuu		
Kitaabni wabii mana barumsaati dhibuu		
Barsiisoonni duubdeebii kennuu dhiisuu		
Gilgaalonni keeyyata barreessuu tumsan kitaaba keessaa dhibuu		
Barsiisoonni duubdeebii kennuu dhiisuu		

7.Rakkoolee keeyyata barreessurratti qabdu ilaalchisee kanneen gabatee armaan gadii keessatti tarreeffaman eeyyee yookiin lakkii jechuun deebii dhugoomsi.

Rakkoolee keeyyata barreessuu	Deebistoota lakkoofsan	Deebistoota Dhibbeentaan
Qubeessuu		
Sirna tuqaalee		
Qub-guddeessa		
Walta'insa yaadaa eeguu		
Walta'insa yaadaa eeguu		
Qindoomina keeyyataa eeguu		
Filannoo jechootaa		

8. Keeyyata barreessiturratti kanneen gabatee armaan gadii keessatti tarreeffaman miidhaa fiduufi dhiisuu eeyyee yookin miti jechuun deebisi.

9.Duub-deebiin barreeffamaan siif kennamu hammam kaka'umsa siif kenna?

1.olaanaa 2.giddu-galeessa 3.hamma tokko 4.hinkennu

10. Dogoggora Afaan Oromoon barreessuu irratti si quunnamu sirreeffachuuf fedhii akkamii qabda? 1.baay'ee olaanaa 2.olaanaa 3.gadaanaa 4.baay'ee gadaanaa

11. Barsiisaankee abbaltii barreeffamaan siif kennu irratti hiriyootee waliin duub-deebii akka walii kennitan nitaasisaa? 1.Eeyyee 2.Lakki

- 1.hordoffii barsiisaa 2.fedhii dhabuukoo 3.ulfina afaanii 4.sababa biroo
12. Dogoggora ati barreessuu keessatti uumtuuf barsiisaan kee ilaalcha akkamii siif qaba?
1.tuffii 2.gaarii 3.jibba 4. Hinmul'isu
13. Barreeffamni gahumsa qabu guddina Afaan Oromoo keessatti gahee akkamii qaba?
1. Baay'ee Olaanaa 2.Olaanaa 3.Giddu- galeessa 4. Gahee hinqabu
- 14.Afaan Oromootiin yommuu keeyyata barreessitu barreeffanikee hanqina qabaachuufi dhabuu isaa hiriyaakee wajjin waliif ni gulaaltuu?
- 15.Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu keessatti hanqinoonni mul'atan akkamiin furamuu danda'u?

II.Gaaffii armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni.

Mataduree ‘**Seenaa Magaalaa Buraayyuu**’ jedhu irratti keeyyata afur barreessi.

Hub: Keeyyata tokkoof yoo xiqqaate himoota kudhan yoo baay'ate himoota kudha shan fayyadami.

Qabxii Xiyyeeffannaan Itti Kennamuu qabu.

- A. Qaamota Keeyyataa (Hima Ijoo, Hima Callaafi hima Guduunfaa)
- B.QindoominaKeeyyataa(Tokkummaa,Waltaa'insaafi Guutummaa keeyyataa haaeegamu.)
- C. Seer-lugni Afaan Oromoo eegamuu qaba.

- Deebii quubsaa naaf kennuu keetiif galatoomi.
- Qopheessaan : Taammanaa Fufaa: Hagayya,2016

**YUUNIVERSIITHI FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO
AFAANOTAA, JOORNAALISIMIIFI QUUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLORII**

DABALEE B

**Afgaaffii Barsiisota Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa barsiisaniif
dhiyaate.**

Kabajamaa/tuu barsiisaa/tuu odeeffannoo barbaachisaa kennuuf yeroo keessan waan naa kennuuf eeyyamamaawaan taateef sin galateeffadha. Kaayyoon bargaaftii kanaa “Xiinxala wantoota dandeettii Afaan Oromootiin keeyyeta barreessuu barattoota kutaa 10ffaa irratti miidhaa fidan” jedhu irratti qorannoo gaggeeffamuuf odeeffannoo barbaachisaa ta’e argachuufi. Kanaaf ati barnoota Afaan Oromoo keessatti kallattiin hirmaatta waan ta’eef odeeffannoo ati naaf kennitu galma ga’insa qorannoo kanaatiif ga’ee guddaa qaba. Gaaffilee dhiyaataniif deebii dhugaa ta’e deebisuun odeeffannoo akka naaf kennitu kabajaan si gaafadha.

Kutaa I. Qajeelfama Waliigalaa.

Mana Barumsaa itti barsiiftan. _____

Saala. _____

Umurii. _____

Akaakuu barnoota ittiin leenjitan. _____

Muuxannoo barsiisummaa waggaadhaan. _____

Kutaa II. Gaaffilee af-gaaffiif qophaa'e.

Odeeffannoo Walii Galaa

Maqaa Mana Barumsaa _____

Gosa barnootaa barsiistu _____

1. Dogoggora barattoonni barreessuu irratti uuman haala kamiin keessummeessita?

2. Hanqinni barreeffama barattootaa keessatti mul’atu milkaa’ina isaaniirratti dhiibbaa fidu

qabaa?

3. Abbaltii barreeffamaa barattootaaf kennitu keessatti barattoonni akka duub-deebii waliif kennan ni jajjabeessitaa?

4.Barreeffamni keeyyataa Afaan Oromoo afaanicha irraan dhiibbaa geessisu qabaa?

5.Dandeettiwwan afaanii afran keessaa dandeettiin barreessuu maaliif barattootatti ulfaata jettanii yaaddu?

6.Ati akka barsiisaa/tuu tokkootti yemmuu qormaata, battalleefi hojii manaa laattu barreeffama barattoonni barreessan sirrii ta'uufi ta'uu dhabuusaa hordoofuun yaada sirreeffamaa ni kennitaa? Eeyyee yoo jette haala kamiin kennitan?

7.Gilgaalonni gahaan Keeyyata barreessuu shaakalsiisuuf kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti dhiyaataniiruu?

8.Maddi dogoggoraan keeyyata barreessuu barattootaa maali?

9.Shaakala keeyyata barreessuu haala kamiin qabiyyee kitaabatiin walsimsiistanii qopheessuun barattoota shaakalchiistu?

10.Furmaanni hanqina Afaan Oromoo keeyyata barreessuu dadhabuu maali?

- Deebii quubsaa naaf kennuu keetiif galatoomi.
- Qopheessaan : Taammanee Fufaa: Hagayya,2016

YUUNIVERSIITII FINFINNEE KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALISIMIIFI QUUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLORII

DABALEE C

Cheekliistii Haala Barruulee Barattoota Kutaa 10ffaa Itti Qaaccessuuf Qophaa'e.

Kaayyoon cheekliistii kanaa mata-duree qorannoo, 'Xiinxala wantoota dandeettii Afaan Oromootiin keeyyeta barreessuu barattoota kutaa 10ffaa irratti miidhaa fidan' Haala Finfinnee kutaa magaala gullallee Mana barumsaa madaanaalam sadarkaa 2ffaa. jedhu irratti qorannoo gaggeeffamuuf odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuufi. Kanaafuu, barruuleen barattoota kutaa 10ffaa bara 2016 barnoota Afaan Oromoo akka afaan 1ffaatti barachaa jiran kallattiin sakatta'ama waan ta'eef odeeffannoon barruu kanarraa argamu galma ga'insa qorannoo kanaatiif ga'ee guddaa qaba. Haaluma kanaan qorataan gaaffilee qophaa'aniif deebii dhugaa ta'e barruulee kanarraa funaannachuuf gaaffiilee kanatti aananii jiran qopheessee jira.

Gabatee Cheekliistii Barruulee barattootaa Sakatta'uuf Qopheeffame.

Gaaffiilee Cheekliistii barruulee barattootaa ittiin sakatta'uuf qophaa'e.				
Lakk	Gaaffiilee	Eeyyee/ Jira	Lakkii/ Hinjiru	Deebii biro bal'inaan jiru.
1	Barattootni hundi gilgaala kenname hojjetaa turanii?			
2	Haalli barsiisonni barruulee itti sororsaa turan maal fakkaata?			
3	Barattoonni barruulee waliif sororsaa turanii?			
4	Barruuleen barattootaa sororame shaakala keeyyata barreessuu waliin hidhata qabaa?			
5	Haalli barattoonni gilgaalota			

	keeyyata barreessuu itti shaakalaa turan maal fakkaata?			
--	---	--	--	--

YUUNIVERSIITII FINFINNEE KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALISIMIIFI QUUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLORII

DABALEE D

Cheekliistii Kitaaba Barattoota Kutaa 10ffaa Itti Qaaccessuuf Qophaa'e.

Kaayyoon cheekliistii kanaa mata-duree qorannoo, "Xiinxala wantoota dandeettii Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa irratti miidhaa fidan" Haala Finfinnee kutaa magaala gullallee Mana barumsaa madaanaalam sadarkaa 2ffaa. jedhu irratti qorannoo gaggeeffamuuf odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuufi. Kanaafuu, barruuleen barattoota kutaa 10ffaa bara 2016 barnoota Afaan Oromoo akka afaan 1^{ffaa}tti barachaa jiran kallattiin sakatta'ama waan ta'eef odeeffannoon barruu kanarraa argamu galma qorannoo kanaatiif ga'ee guddaa qaba. Haaluma kanaan qorataan gaaffilee qophaa'aniif deebii dhugaa ta'e barruulee kanarraa funaannachuuf gaaffilee kanatti aananii jiran qopheessee jira.

Gaaffii Cheekliistii Kitaaba barattootaa Ittiin Sakatta'uuf Qopheeffame.

Lakk	Gaaffiilee cheekliistii Kitaabni barattootaa kutaa 10ffaa ittiin sakatta'ame	
1	Dandeettiin barreessuu dandeettiwwan biroo waliin carraa walqixaa argachuurratti maal fakkaata?	
2	Gilgaalonni keeyyata barreessuu barsiisuuf dhihaatan kallattiin keeyyata barreessuu shaakalchiisuun ilaalchisee haalli jiru akkami?	
3	Haalli dhiheenya gilgaalotaa barreessuu shaakalchiisuuf mijaawooshaa?	
4	Mata dureewwan keeyyata barreessuu shaakalchiisuuf dhihaatan fedhii, aadaa, umuriifi haala qabatamaa naannoo barattootaarratti maal fakkaata?	
5	Qabiyyeen kitaaba barattootaa keessatti dandeettii keeyyata barreessuu shaakalchiisuuf dhihaatan dandeettii barattootaa ilaalchisee maal fakkaata?	

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani maqaafi mallattoon koo armaan gaditti ibsame qorannoon kun hojii koo ta'uufi kanaan dura Yuunivarsiitii kam keessattuu waraqaa eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uu akkasumas kitaabileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een wabii keessatti ibsuukoo nan mirkaneessa.

Maqaa qorataa: _____

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Waraqaan qorannoo kun qorumsaaf akka dhiyaatu kanaan mirkaneesse ta'uu koo nan beeksisa.

Maqaa Gorsaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____